# Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

## Federeeshinii Itoophiyaa Keessatti Aangoo Bulchiinsa Dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii: Xiinxala Seeraafi Qabatama Naannoo Oromiyaa


**Qorattoonni:**

**Nimoonaa Kumsaa**
**Habtaamuu Bultii**
**Faqqadaa Amaanuu**

**Gulaaltonni:**

1. **Obbo Sulxaan Abdoo**
2. **Obbo Abdii Gurmeessaa**
3. **Obbo Mokonnin Bayyanaa**



**Caamsaa, 2015**
**ILQSO, Adaamaa**

## TARREE GABAAJEEWWANII

### Gabaajeewwan Afaan Ingiliffaa

| | |
|---|---|
| ARIPO | African Regional Intellectual Property Organization |
| GIO | Geographical Indication of Origin |
| INSA | Information Network Security Administration |
| OAPI | African Intellectual Property Organization |
| OBN | Oromia Braodcasting Network |
| TRIPS | Trade-related aspects of Intellectual Property Rights |
| UDHR | Universal Declaration of Human Rights |
| WIPO | World Intellectual Property Organization |
| WTO | World Trade Organization |

### Gabaajeewwan Afaan Oromoo

| | |
|---|---|
| A.L.A | Akka Lakkoofsa Awurooppaa |
| A.L.I | Akka Lakkoofsa Itoophiyaa |
| ATSTO | Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa |
| ATQSI | Abbaa Taayitaa Qabeenya Sammuu Itoophiyaa |
| BAAWO | Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa |
| MinT | Ministeera Innooveeshiniifi Teknolojii |
| MMBBU | Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa |
| MMF | Mana Maree Federeeshinii |
| MMOF | Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa |
| MMWO | Mana Murtii Waliigala Oromiyaa |
| MNO | Mootummaa Naannoo Oromiyaa |
| MNSSUK | Mootummaa Naannoo Saba, Sab-lammootaafi Ummattoota Kibbaa |
| MRDFI | Mootummaa Rippaablika Dimookiraatawa Federaalawa Itoophiyaa |
| QS | Qabeenya Sammuu |
| S & T | Saayinsiifi Teknolojii |
| TQO | Teknolojii Qunnamtii Odeeffannoo |

**Jechoota Ijoo:** Aangoo Bulchiinsaa, Dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii, Qabeenya Sammuu, Sirna Federaalizimii

# GALATA

Duraan dursa warreen qorannoon kun akka firii horatu jalqabaa hanga dhumaatti gulaaluun deeggarsa taasisan Obbo Sulxaan Abdoo (Daayireektara Ol'aaanaa Itti-aanaa ILQSO), Obbo Abdii Gurmeessaa (Kaadhimamaa PhD) fi Obbo Mokonnin Bayyanaa (Daayireektara Ol'aanaa ATSTO) galata guddaa qabnaaf. Akkasumas gama loojistiksii gaggeessa qorannichaa mijeessutiin hoggansa ILQSO fi ATSTO ni galateeffanna.

Itti-aansuun, hirmaattota qorannoo kana keessatti bifa gara garaatiin akka madda odeeffannootti deeggarsa taasisan, hooggansaafi hawaasa ATSTO daataan irraa walitti qabameefi milkaa'ina gaggeessa qorannoo kanaatiif tumsa taasisan hundumaa galateeffachuu barbaadna.

## BAAFATA


**BOQONNAA TOKKO** ........ **1**
**GUMEE QORANNICHAA** ........ **1**
1.1. DUG-DUUBEE QORANNICHAA ........ 1
1.2. HIMA RAKKOO QORANNICHAA ........ 5
1.3. GAAFFILEE QORANNICHAA ........ 6
1.4. KAAYYOO QORANNICHAA ........ 7
*1.4.1. Kaayyoo Gooroo* ........ *7*
*1.4.2. Kaayyoolee Gooree* ........ *7*
1.5. MALA QORANNICHAA ........ 7
*1.5.1. Madda Daataafi Maloota Daataan Ittiin Sassaabame* ........ *8*
*1.5.2. Iddattoo yookiin Saamuda Qorannichaa* ........ *8*
*1.5.3. Baay'ina Namoota Hirmaatanii* ........ *9*
*1.5.4. Mala Xiinxala Daataa Qorannichaa* ........ *9*
1.6. FAAYIDAA QORANNICHAA ........ 9
1.7. DAANGAA QORANNICHAA ........ 10
1.8. CAASEFFAMA QORANNICHAA ........ 10
**BOQONNAA LAMA** ........ **11**
**SAKATTA'A HOG-BARRUU** ........ **11**
2.1. YAAD-RIMEEWWAN WALIIGALAA DHIMMOOTA SAAYINSIIFI TEKNOLOJII ........ 11
2.2. ULAAGAALEE WALIIGALAA AANGOON SIRNA FEDERAALIZIMII KEESSATTI ITTIIN QOODAMU ........ 20
2.3. BULCHIINSA SAAYINSIIFI TEKNOLOJII, FI QABEENYA SAMMUU: MUUXANNOO BIYYOOTAA ........ 21
*2.3.1. Aangoo Bulchiinsa Dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii* ........ *22*
*2.3.2. Aangoo Bulchiinsa Dhimmoota Qabeenya Sammuu* ........ *22*
2.4. BULCHIINSA DHIMMOOTA SAAYINSIIFI TEKNOLOJII SADARKAA ITOOPHIYAA ........ 25
2.5. AANGOO BULCHIINSA DHIMMOOTA QABEENYA SAMMUU SADARKAA ITOOPHIYAA ........ 28
2.6. CAASAA BULCHIINSA DHIMMOOTA SAAYINSIIFI TEKNOLOJII SADARKAA BIYYAAFI NAANNICHAA ........ 29
**BOQONNAA SADI** ........ **32**
**XIINXALA DAATAA** ........ **32**
3.1. SEENSA ........ 32
3.2. XIINXALA SEERAAFI QABATAMA AANGOO BULCHIINSA WALIIGALA DHIMMOOTA SAAYINSIIFI TEKNOLOJII ........ 33
3.3. XIINXALA SEERAAFI QABATAMA AANGOO BULCHIINSA DHIMMOOTA SAAYINSIIFI TEKNOLOJII KANNEEN BIROO ........ 39
*3.3.1. Aangoo Bulchiinsa Qorannoofi Qo'annoo, Kalaqaafi Ce'umsa Teknolojii* ........ *39*
*3.3.2. Aangoo Bulchiinsaafi Misooma Wiirtuu Daataafi Bu'uuraalee Teknolojii Qunnamtii Odeeffannoo* ........ *41*
*3.3.3. Aangoo Bulchiinsa Bu'uuraalee Qulqullinaa* ........ *46*
*3.3.4. Aangoo Bulchiinsa Teknolojii Balaqqee* ........ *52*
*3.3.5. Xiinxala Seeraafi Qabatama Bulchiinsa Dhimmoota Qabeenya Sammuu* ........ *55*
3.4. HUDHAALEE KEESSAAFI ALAA GALMA GAHIINSA AANGOO BULCHIINSA DHIMMOOTA SAAYINSIIFI TEKNOLOJII NAANNICHAA IRRATTI DHIIBBAA GEESSISAN ........ 64
*3.4.1. Hanqinaalee Keessoo* ........ *64*
*3.4.2. Rakkoolee Alaa* ........ *65*
**BOQONNAA AFUR** ........ **67**
**GUDUUNFAAFI YAADOTA FURMAATAA** ........ **67**
4.1. GUDUUNFAA ........ 67
4.2. YAADOTA FURMAATAA ........ 69
*4.2.1. Yaadota Furmaataa Aangoo Bulchiinsa Waliigala Dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii ilaallatan* ........ *69*
*4.2.2. Yaadota Furmaataa Aangoo Bulchiinsa Dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii Kanneen Biroo ilaallatan* ........ *70*
*4.2.3. Yaadota Furmaataa Aangoo Bulchiinsa Dhimmoota Qabeenya Sammuu ilaallatan* ........ *73*
**MADDOOTA WABII** ........ **I**
**MIILTOO 1FFAA** ........ **I**
**MIILTOO 2FFAA** ........ **III**

## BOQONNAA TOKKO

## GUMEE QORANNICHAA

### 1.1.Dug-duubee Qorannichaa

Dhalli namaa saayinsiifi teknolojii (kana booda S & T) kalaquun faayidaa ol'aanaa irraa argachuu erga jalqabee bubbulee jira. Ta'us saffisni guddinaafi tatamsa'inni S & T sirnaan yoo hin hogganamne miidhaan inni dhaqqabsiisu ol'aanaadha. Biyyoota sirna federaaliizimii hordofan keessatti aangoon mootummaa federaalaafi naannolee gidduutti kan qoqqooddamu ta'uun beekkamaadha. Ijoo ta'uu dhabullee dhimmi S & T bulchuu dhimma qoodinsa aangoo keessatti haammatamu yoo ta'u akkuma mootummaa federaalaa naannoleenis shoora mataa isaanii akka qabaatan ni beekkama. Innis tumaawwan seeraatiin murtaa'a.

Qabatama biyya keenyaatiin sadarkaa federaalaatti S & T bulchuuf seeronni bahan hedduun kan jiran yoo ta'u, caasaaleen seerota kana hojii irra oolchan garuu sadarkaa federaalaafi naannootti gurmaa'anii jiru. Dhimmoota S & T bulchuun wal-qabatee aangoon mootummaa federaalaaf qofa osoo hin taane naannoleedhaafis kan kennameef ta'uu tumaawwan seerota dhimmichaaf rogummaa qaban irraa kan hubatamuudha. Kallattii Imaammataafi Tarsiimoo Saayinsii, Teknolojiifi Innooveeshinii Itoophiyaan baafatte irratti akka ibsametti hojiin guddaan Ministeera S & T (yeroo ammaa Ministeera Innooveeshiniifi Teknolojii) walitti dhufeenya cimaa hojiilee saayinsii, teknolojiifi innoveeshinii federaalaafi naannolee gidduutti mirkaneessuu akka ta'e ibsamee jira.[1]

Heera Mootummaa Rippaablika Dimookiraatawa Federaalawa Itoophiyaa (kana booda Heera MRDFI)[2] keewwata 51 (3) jalatti Mootummaan federaalaa dhimma S & T'n wal-qabatee aangoo istaandardii waliigalaa baasuu (framework formulation) qofa akka qabu tuma. Naannoleen ammoo bu'uura istaandardii waliigalaa kanaan wal-simuufi istaandardicha raawwachiisuu danda'uun seeraafi hojimaata gad-fageenyaafi iftoomina qabu baafachuu ni danda'u jechuudha.[3]

---

[1] The Federal Democratic Republic of Ethiopia, National Science, Technology and Innovation Policy: Building Competitiveness through Innovation, fuula 4

[2] Heera Mootummaa Mootummaa Rippaablika Dimookiraatawa Federaalawa Itoophiyaa (kana booda Heera MRDFI), Labsi Lakkoofsa 1/1987

[3] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwata 51 (3) cum 52 (1)

Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa (kana booda Heera MNO)[4] keewwata 47 jalatti mootummaan naannichaa heeraafi seerota biroo tumuufi hojii irra oolchuu akka danda'u tuma.

Labsiin Tarree Aangoofi Gahee Hojii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaaa Labsiin Lakkoofsa 1263/2013[5] bahe waliigalaan akka ibsutti gaheen Ministeerri Innooveeshiniifi Teknolojii Itoophiyaa (kana booda MinT) naannolee keessatti raawwatu dhaabbilee innooveeshiniifi teknolojii naannoleetiif deeggarsa ogummaafi teeknikaa kennuu, akkasumas hojiiwwan misooma innooveeshiniifi teknolojii kanneen naannoleedhaan raawwatamuu qaban adda baasuudhaan wal-hubannoon waloo akka uummamu taasisuudhaan sadarkaa sadarkaan akka hojitti hiikkaman kan taasisuufi hojitti hiikkamuu isaanis kan hordofuudha.[6] Kunis dhimmoota S & T irratti naannoleen qooda akka qabaniifi MinT immoo hojiilee naannoleen hojjataman irratti deeggarsa godhuu akka qabu tumaan seeraa kun ni ibsa.

Yaa ta'u malee, MNO dhimma S & T irratti aangoo bulchiinsaa akkamii qabaachuu akka qabu seeronni kunneen wanti ifaan kaa'an hin jiru. Kana malees dhimmoonni S & T bal'aafi dhimmoota hedduu kan haammatu akka ta'e beekkamaadha. Kanneen keessaa muraasni dhimma QS, dhimma balaqqee (radiation), dhimma tajaajila daataa kuusuu, dhimma teknolojii neetworkii cimdaawaa fi.k.k.fa'adha. Heera MRDFI keewwata 55 (2 (g)) jalatti Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa, dhimmoota kanneen biroo dabalatee, paatentii (uumee) fi mirga waraabbiitiif aangoo qofaatti seera tumuu akka qabu ibsa.[7] Heerichuma keewwata 77 (5) jalatti Manni Maree Ministeerotaa paatentiifi mirga waraabbiitiif eegumsa gochuu akka qabu tuma.[8] Bu'uuruma kanaan sadarkaa federaalaatti, Waajjirri Qabeenya Sammuu (Intellectual Property Office) jedhamuufi QS irratti hojjatu hundeeffamee jira.[9] Innis waajjira muummee Magaalaa Finfinnee keessaa kan qabuufi barbaachisaa yoo ta'e Magaalaa Dirree Dawaafi naannolee keessatti damee isaa banatee hojjachuu akka danda'u seeraan aangeffamee jira.[10]

---

[4] Heera MNO Fooyya'ee bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994

[5] Tarree Aangoofi Gahee Hojii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaa Labsii Lakkoofsa 1263/2013

[6] Akkuma olii, Labsii Lakkoofsa 1263/2013 keewwata 29 (n)

[7] Olitti yaadannoo 2[ffaa], Heera MRDFI keewwata 55 (2(G)) under the title powers and functions of the House of Peoples' Representatives states that 'Consistent with the provision of sub-article 1 of this article, the house of peoples' representatives shall enact specific laws on, among others, patents and copyrights.'

[8] Olitti yaadannoo 2[ffaa], Heera MRDFI keewwata 77 (5) under the title powers and functions of the council of ministers states that 'among others, it shall protect patents and copyrights'

[9] Labsii Waajjira Hojii Qabeenya Sammuu Hundeessuuf bahe Lakkoofsa 320/1995, keewwata 6

[10] Akkuma olii, Labsii Lakkoofsa 320/1995 keewwata 4

Labsiin Lakkoofsa 1263/2013 waa'ee QS kallattiin kan tume ta'uu baatus, dhimmi QS sadarkaa federaalaatti labsiilee garaagaraatiin akka bulu kan beekkamuudha.[11]

Sadarkaa MNO-tti qaamni abbummaan dhimmoota S & T irratti hojjetu Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa (kana booda ATSTO) yoo ta'u dhimmi QS naannicha keessatti gaggeeffamu sarbamni mirgaa irratti akka hin geenye too'achuu akka danda'uufi hubannoon hawaasaa akka cimuuf qaamolee dhimmi isaan ilaallatu waliin hojjachuu akka danda'u aangeffamee jira.[12] Tumaa seeraa kana irraa akka hubatamutti sarbama mirga hojii qabeenyummaa sammuu naannicha keessatti gaggeeffamu ittisuuf naannichi (ATSTO) gahee akka qabu kan hubatamuudha. Kana irraa kaanee Naannoon Oromiyaa dhimma hojii QS irratti seera akkamii (labsii, dambii yookiin qajeelfama) baasuu danda'uu yookiin kan hin dandeenye ta'uufi sirni kanuma ibsu jiraachuu yookiin jiraachuu dhabuun dhimma iftoomina barbaaduudha. Dhimma kanaan wal-qabatee hubannoo hawaasaa cimsuuf sirna akkamii diriirsutu irra caalaatti bu'a qabeessa ta'a wanti jedhus iftoomina kan qabuu miti. Kana malees daangaan aangoo caasawwan dhimmoota S & T Federaalaafi Naannoo (ATSTO) maal ta'uu qaba kan jedhu ijoo iftoomina barbaaduudha.

Dabalataan dhimma balaqqeetiin wal-qabatee Labsiin Lakkoofsa 1263/2013 akka tumetti, MinT balaqqeefi wantoota madda balaqqee ta'an itti-fayyadamuufi dhabamsiisuu, hordofuufi too'achuu, akkasumas kunumti hojitti hiikkamuu isaa kan hordofu akka ta'e tuma.[13] Dhimmi balaqqeefi niwukuulaarii sadarkaa federaalaatti Labsii Eegumsa Balaqqeefi Niwukulaarii Lakkoofsa 1025/2009'n kan hoogganamuudha. Labsichis dhimmoota balaqqee, niwuukulaariifi wantoota kanneeniin hidhata qaban too'achuufi hordofuu irratti kan xiyyeeffatedha. Qaamni akka dhaabbataatti dhimmoota kanneen irratti akka hojjatuuf sadarkaa federaalaatti hundaa'e ammoo Abbaa Taayitaa Eegumsa Balaqqee yoo ta'u itti waamamni isaa MinT-tiifidha.[14] Abbaan taayitaa kun hojiiwwan balaqqee maddisiisan kan akka albuuda baasuu,[15] oomishaalee gosa nyaataafi oomishaalee gosa nyaataa hin taane,[16] meeshaalee al-ergiifi alaa galchii (export and

[11] Labsii Lakkoofsa 410/1996 fi labsii kana kan fooyyesse Labsii lakkoofsa 872/2006, Labsiilee Lakkoofsa 123/1995, 501/1998, 320/1995, 1025/2009 fi labsiiwwan kanneen hojii irra oolchuuf dambiiwwan bahan dabalata

[12] Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 242/2014, keewwata 44 (8)

[13] Olitti yaadannoo 5[ffaa], Labsii Lakkoofsa 1263/2014, keewwata 29 (1) (M)

[14] Labsii Eegumsa Balaqqeefi Niwukilaarii Lakkoofsa 1025/2009 keewwata 2 (4)

[15] Akkuma olii, Labsii Lakkoofsa 1025/2009 keewwata 9

[16] Olitti yaadannoo 14[ffaa], Labsii lakkoofsa 1025/2009 keewwata 10

import) kanneen maddoota balaqqeefi niwuukilarii of-keessaa qaban irratti too'annoo taasisuu,[17] akkasumas qaamota hojii balaqqee irratti hirmaataniif waraqaa ragaafi hayyama hojii kennuu kan raawwatuudha.[18]

Yaa ta'u malee yeroo ammaa bu'uura Labsii lakkoofsa 1263/2013 keewwata 106 (36)-tiin mirgaafi dirqamni Abbaa Taayitaa Eegumsa Balaqqee Itoophiyaa guutumaan guutuutti gara Abbaa Taayitaa Teknolojii Itoophiyaatti darbee jira. Itti-waamamni Abbaan Taayitaa Teknolojii Itoophiyaa MinT-ti.[19] Aangoon Abbaa Taayitaa Teknolojii Itoophiyaatiif kenname haala guutuu ta'een akka hojii irra ooluuf Dambiin lakkoofsa 507/2014[20] bahee jira.

Sadarkaa MNO-ttis Labsiin Lakkoofsa 242/2014 keewwata 44 (9) jalatti ATSTO hojiiwwan dhimmoota balaqqee (radiation) naannicha keessatti gaggeeffamu ol'aantummaadhaan akka too'atuufi hojii irra oolmaa isaas akka hordofu tumee jira.[21] Dhimma kanaan wal-qabatee haalli qoodinsaafi daangaa aangoo naannoof (ATSTO) fi federaalaaf haala kamiin wal-simuu qaba kan jedhu iftoomina kan hin qabne waan ta'eef, qorannoo kanaan dhimmota adda bahuu qabudha. Neetworkii cimdaawaafi daataa kuusuu, akkasumas nageenyummaa isaa tiksuun wal-qabatee aangoofi gaheen Mootummaan Naannoo Oromiyaa (ATSTO) qabu iftoomina kan hin qabne waan ta'eef, dhimmoota qorannoo kanaan xiyyeeffannoo argachuu qabaniidha.

Kana malees sirni atoominaa qaama keessaafi alaafi gurmaa'insi caasaa qixa barbaadamuun diriiruu dhabuu dabalatee hudhaaleen bu'a qabeessummaa aangoofi gahee hojii ATSTO irratti dhiibbaa geessisan kan biroo jiraachuun dhimmoonni S & T qixa barbaadamuun hogganamaa kan hin jirre ta'uu agarsiisa.

Sababa kanaan hawaasni naannichaa bu'aawwan S & T irraa hanga barbaadamu faayidaa argachaa kan hin jirre, inumaayyuu miidhaan inni geessisaa jiru yeroodhaa gara yerootti hammaachaa kan dhufe waan ta'eef hanqinaalee seeraafi caasaa, akkasumas hudhaalee gama kanaan jiran adda baasuufi yaada furmaataa akeekuun qaama dhimmi ilaallatuuf dhiyeessuun akka furamu gochuun barbaachisaadha.

Kanaan wal-qabatee bifa waliigalaatiin dhimmoota S & T fi sirna federaalizimii keessatti haalli qoodinsa aangoo maal akka fakkaatu irratti barruulee hedduun barraa'anii jiru. Yaa ta'u malee aangoo naannoleen dhimmoota S & T irratti qaban hangam akka ta'eefi seera gosa kam baasuu

[17] Olitti yaadannoo 14ffaa, Labsii lakkoofsa 1025/2009 keewwata 11
[18] Olitti yaadannoo 14ffaa, Labsii lakkoofsa 1025/2009 keewwata 12
[19] Olitti yaadannoo 5ffaa, Labsii Lakkoofsa 1263/2013 keewwata 90 (2)
[20] Dambii Hiika Gurmaa'insa, Aangoofi Dirqama Abbaa Taayitaa Teknolojii Itoophiyaa Lakkoofsa 507/2014
[21] Olitti yaadannoo 12ffaa, Labsii Lakkoofsa 242/2014 keewwata 44 (9)

akka danda’an irratti qorannaan kallattiin hojjetame hin jiru. Qorannoon kunis kana raawwachuuf kan saxaxamedha.

**1.2.Hima Rakkoo Qorannichaa**

Sirni federaalizimii biyyi keenya hordoftu kan tumsaafi galma waloo irratti bu’uureffate akkuma ta’e qoodinsi aangoo mootummaa Federaalaafi Naannoolee jidduutti bifa iftoomina qabuun taa’uu akka qabu qajeeltoon sirna federaalizimii ni ibsa. Kunis heera biyyattiifi seerota biroo rogummaa qabaniin ta’uu qaba. Akkuma ka’umsa qorannoo kanaa jalatti ibsame, dhimmoota S & T-tiin wal-qabatee mootummaan federaalaafi naannolee aangoofi gahee hojii kan qooddatan akka ta’e imaammata saayinsii, teknolojiifi innoveeshinii biyyattii, seerota federaalaafi naannolee irraa kan hubatamuudha. Yaa ta’u malee Heera MRDFI dhimmicha irratti daangaan aangoo bulchiinsaa mootummaa Federaalaafi Naannolee hangam akka ta’e bifa iftoomina qabuun waan hin teessifneef MNO aangoo kana hojitti hiikuun rakkisaa ta’uufi miidhaan gama kanaan hawaasa naannichaa irra gahaa jiru guddaa akka ta’e ni beekama.

Dabalataanis Heera MRDFI keewwata 55 (2 (g)) jalatti Manni Maree Bakka Bu’oota Ummataa, dhimmoota kanneen biroo dabalatee, paatentiifi mirga waraabbii irratti qofaatti aangoo seera tumuu akka qabu tumee jira. Kana malees, Manni Maree Ministeerotaa paatentiifi mirga waraabbiif eegumsa gochuu akka qabu tumamee jira.[22] Sadarkaa federaalaatti Waajjirri Hojii Qabeenya Sammuu (Intellectual Property Office) jedhamuufi hojii QS irratti akka hojjatuufi naannolee keessattis damee isaa banatee hojjachuu akka danda’u seeraan kan aangeffame yoo ta’u, qaamni MNO keessatti dhimma kana irratti hojjatu ATSTO gaheen isaa maal ta’uu qaba, yookiin immoo daangaan aangoo isaan lamaan jidduu jiru hanga eessatti kan jedhu waan iftoomina hin qabneef, hireen walitti bu’iinsa fedhiifi aangoo uummamuu ol’aanaa akka ta’e ifadha. Akkasumas, hojii qabeenyummaa sammuutiin wal-qabatee sadarkaa MNO-tti haalli itti misoomu, beekamtiin kennamuufi eegumsi taasifamu iftoomina akka hin qabne ni hubatama.

Too’annaafi itti-fayyadama balaqqeetiin wal-qabatee Naannoon Oromiyaa jiddu-gala biyyaafi mijaa’ina hunda-galeessaa qabduun hojiiwwan invastimantii bal’aan keessatti kan gaggeeffamu waan ta’eef, teknolojiiwwan balaqqee maddisiisan hedduun hojii irra oolaa jiru. Yaa ta’u malee naannicha keessatti balaqqee too’achuun aangoo Mootummaa Federaalaati moo kan Naannoo Oromiyaati kan jedhu iftoomina hin qabu. Tumaalen gama kanaan Heera MRDFI irratti ibsaman

[22] Olitti yaadannoo 2$^{ffaa}$, Heera MRDFI keewwata 77 (5)

ifa waan hin taaneef, gama tokkoon eeggattummaa, gama birootiin ammoo jiddu-lixummaa uumaa kan jiru waan ta'eef qaawwa hoggansaa jiru kana irraa kan ka'e hawaasni naannichaa rakkoo balaqqeen uumuun miidhaa adda addaatiif saaxilamaa kan jiru ta'uu qorannoowwan gama kanaan gaggeeffaman ni agarsiisu.[23]

Dabalataanis, haalli bulchiinsa teknolojii neetwoorkii cimdaawaa biyya alaa irraas ta'ee sadarkaa Federaalaatii gara Naannoo Oromiyaa dhufuun hojii irra ooluufi sirni tajaajila daataa kuusuu, akkasumas nageenyummaa isaa tiksuu iftoomina waan hin qabneef, tajaajilli gama kanaan kennamu sodaa manca'uu, balaaf saaxilamuu, iccitii biyyaafi naannichaa balaa irra akka hin buune ittisuu irratti hanga hojjetamuu qabu raawwatamaa kan hin jirre ta'uun ni beekama.

Kana malees, hudhaalen keessaafi alaa galma gahiinsa aangoofi gahee hojii ATSTO irratti dhiibbaa qaban kanneen akka laafina qindoomina qaamolee dhimmi kallattiin ilaallatuu, hanqina gurmaa'insa caasaa, xiyyeeffannoon mootummaan hojii kanaaf kenne gahaa ta'uu dhabuu, fi bajetaafi loojistiksii gahaan ramadamaa kan hin jirre ta'uudha.

Kunis lammii fayya-qabeessa ta'ee biyya itti-fufsiisu horachuun; bu'aa S & T'n guddina diinagdeefi haawasummaa keessatti qabu akka hin mancaaneefi balaaf hin saaxilamne eegumsaafi too'annoo barbaachisaa gochuufi akka waliigalaatti aangoo bulchiinsaa dhimmoota S & T irratti MNO qabu sirna haala hawaas-diinagdee naannichaa jiddu-galeessa godhate, iftoomina qabuufi guutuu ta'e diriirsuufi seerota federaalaafi naannichaa roga-qabeessa ta'an qixa barbaadamuun hojii irra oolchuuf seerota dandeessisan diriirsuuf, akkasumas gurmaa'insa caasaa barbaachisoo ta'an diriirsuun murteessaa waan ta'eef qorannoo kana gaggeessuun barbaachisaadha.

### 1.3.Gaaffilee Qorannichaa

Qorannoon kun gaaffilee gurguddaa armaan gadii deebisuu irratti kan xiyyeeffateedha. Isaanis:-

- Mootummaan Naannoo Oromiyaa dhimmoota saayinsiifi teknolojii irratti aangoo bulchuufi hogganuu (taaliguu) akkamii qaba?
- Hudhaaleen galma gahiinsa aangoo bulchiinsa dhimmoota saayinsiifi teknolojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa irratti dhiibbaa geessisan maal fa'adha?

[23] ATSTO-tti Daayirektooreetii Too'annoo fi Itti-fayyadama Teknolojii Balaqqee, 'Sakatta'iinsa Haala Walii-galaa Too'annoo fi Itti-fayyadama Balaqqee akka Naannoo Oromiyaatti (2010-2014)'

## 1.4.Kaayyoo Qorannichaa

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa aangoo MNO bulchiinsa dhimmoota S & T irratti qabu maal akka fakkaatu adda baasudha. Akkasumas hudhaaleen galma gahiinsa aangoofi gahee hojii kanneen irratti dhiibbaa geessisan maal fa’a akka ta’an adda baasun yaada furmaataa akeekudha.

### 1.4.2. Kaayyoolee Gooree

Kaayyoolee gooreen qorannoo kanaan adda baasuuf barbaadamu:-

- Mootummaan Naannoo Oromiyaa akka waliigalaatti dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii irratti aangoo bulchiinsaa akkamii akka qabu adda baasuu;
- Aangoofi gahee hojii Mootummaan Naannoo Oromiyaa (ATSTO) dhimmoota Qorannoofi Qo’annoo, Kalaqaafi Ce’umsa Teknolojii irratti qabu adda baasuu;
- Mootummaan Naannoo Oromiyaa (ATSTO) dhimma bulchiinsaafi misooma wiirtuu daataafi bu’uuraalee teknolojii qunnamtii odeeffannoo (TQO)-tiin wal-qabatee aangoo akkamii akka qabu adda baasuu;
- Mootummaan Naannoo Oromiyaa (ATSTO) dhimma bu’uuraalee qulqullinaa irratti aangoo akkamii akka qabu adda baasuu;
- Mootummaan Naannoo Oromiyaa (ATSTO) dhimma teknolojii balaqqee naannichaa irratti aangoo akkamii akka qabu adda baasuu;
- Aangoofi gahee Mootummaan Naannoo Oromiyaa (ATSTO) dhimmoota qabeenya sammuu irratti qabu maal akka ta’e adda baasuu;
- Hudhaalee keessaafi alaa galma gahiinsa aangoo bulchiinsaafi hoggansa dhimmoota Saaayinsiifi Teknolojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa (ATSTO) irratti dhiibbaa geessisan maal fa’a akka ta’an adda baasuufi yaada furmaataa akeekudha.

## 1.5.Mala Qorannichaa

Uumama qorannichaa irraa kan ka’e malli qorannoo akkamtaa hojii irra oolee jira. Dabalataanis muuxannoon haala hojiifi caaseffama qaama mootummaa sadarkaa federaalaafi Naannoo Saba, Sab-lammootaafi Ummattoota Kibbaa dhimmoota S & T bulchanii ilaalamee jira. Maddi daataa, maloonni daataan ittiin sassaabamu, sirni iddattoofi malli xiinxala daataa qorannichaa haala itti aanuun ibsamee jira.

### 1.5.1. Madda Daataafi Maloota Daataan Ittiin Sassaabame

Qorannoo kanaaf akka madda daataa sadarkaa jalqabaatti kan hirmaachifaman: caasaa bulchiinsa dhimmoota S & T sadarkaa Federaalaa kanneen akka Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Abbaa Taayitaa Teknolojii Itoophiyaa, Abbaa Taayitaa Balaqqeefi ATQSI irraa hoggansi yookiin itti-aantonni yookiin ogeessonni hirmaatanii jiru. Kana malees muuxannoon haala hojiifi caaseffama qaama mootummaa sadarkaa federaalaafi MNSSUK dhimmoota S & T bulchanii ilaalamee jira.

Sadarkaa MNO-tti Waajjira Caffee, Waajjira Pirezedaantii, BAAWO, Biiroo Fayyaa, ATSTO, Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Abbaa Taayitaa Konistiraakshiniifi Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa, akkasumas Godina Jimmaafi Godina Arsii Lixaatti Waajjira Barnootaafi Carraa Hojii Uumuu irraa hoggansa yookiin itti-aantota yookiin ogeessota dhimmoota S & T irratti roga qabeessa ta'an irraa daataan walitti qabamee jira.

Maddootni daataa sadarkaa lammaffaa qorannoo kanaa: kitaabota, joornaaliiwwaniifi sanadoota garagaraa ta'u. Maddootni daataa sadarkaa sadaffaa kanneen akka odeeffannoo waliigalaa bifa salphaa ta'een kennanii, guuboo jechootaafi indeeksiiwwan gara garaa faayidaa irra oolanii jiru.

Daataan qorannoo kana gaggeessuuf oolu maloota garagaraa fayyadamuun kan walitti qabame yoo ta'u af-gaaffiin mala adda dureen daataa qorannichaa sassaabuuf hojiirra oolee jira. Maloonni garagaraa wal-faana hojii irra kan oolanis amanamummaa qorannichaa dabaluufidha. Malawwan daataan qorannichaa ittiin funaanamu:

- Af-gaaffiiwwan gariin caaseffame /Semi-structured interviews/;
- Marii garee xiyyeeffatame (FGD)
- Daataa muuxannoo haala hojiifi caaseffama bulchiinsa dhimmoota S & T sadarkaa federaalaafi Naannoo Saba, Sab-lammootaafi Ummattoota Kibbaa fi
- Ragaaleen barreeffamaa (qorannoowwan armaan dura gaggeeffamaniifi sanadoonni biroo) qorannichaaf galtee ta'anii jiru.

### 1.5.2. Iddattoo yookiin Saamuda Qorannichaa

Caasaa bulchiinsa S & T sadarkaa Federaalaafi Naannoo Oromiyaa kanneen roga-qabeessa ta'aniifi saamuda kaayyeffataa (purposive sampling) ulaagaa beekumsa waliigalaa, hubannoo, dandeettiifi muuxannoo kallattii akeekuu isaanii irratti hundaa'uun kan filataman yoo ta'u hoggansa, ogeessotaafi gorsitoota kallattiin dhimmi kun ilaallatutu filatame.

### 1.5.3. Baay'ina Namoota Hirmaatanii

Namoonni daataa mala adda addaatiin funaanamu kennan kan filataman saamuda kaayyeffataa irratti hundaa'uun yoo ta'u baay'inni isaanii haala armaan gadiitiin kaa'amee jira.

| Daataa Marii Garee (FGD) | | | |
|---|---|---|---|
| **T.L** | **Qaama daataan irraa argamu** | **Karoora** | **Ibsa** |
| 1. | ATSTO | 6 | Daayireetoreetii ijoo ta'an 6 irraa daayireektaraafi ogeessota lama; 6x3=18 |
| **Daataa Af-gaaffii** | | | |
| **Seektaroota Sadarkaa Federaalaa** | | | |
| 2. | Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo | 3 | Hogganaa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessota lama |
| 3. | A/Taayitaa Teknolojii Itoophiyaa | 3 | Hogganaa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessota lama |
| 4. | A/Taayitaa Hojii Qabeenya Sammuu | 3 | I/A/Hogganaa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessa lama |
| **Seekatara Sadarkaa Naannoo** | | | |
| 5. | Waajjira prizedaantii | 1 | Hogganaa yookiin ogeessa bakka bu'e |
| 6. | Waajjira Caffee | 2 | I/G/K Dhaabbii Seeraa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessa |
| 7. | Biiroo A/A Waliigala Oromiyaa | 3 | Daayireektara Wixinee Seeraafi Ogeessota lama |
| 8. | Biiroo Fayyaa | 3 | Hoogganaa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessota lama |
| 9. | ATSTO | 5 | I/A/Hogganaa yookiin nama bakka bu'eefi Ogeessota Daayireetoreetii |
| 10. | Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo | 3 | I/A/Hogganaa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessota lama |
| 11. | Abbaa Taayitaa Konistiraakshinii | 3 | I/A/Hogganaa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessota lama |
| 12. | A/Taayitaa Misooma Albuudaa | 3 | I/A/Hogganaa yookiin nama bakka bu'ee Ogeessota lama |
| 13. | Godinaalee 2 | 8 | Ogeessota/Namoota S & T irratti hojjetan dubbisuu |
| **Ida'amni 68** | | | |
| **Daataa Muuxannoo** | | | |
| 1. | Abbaa Taayitaa Balaqqee Itoophiyaa | | Daataa haala aangoofi gahee hojii dhimmoota S & T irratti Caasaan Federaalaa kan Naannolee waliin qoodatuufi qabatama jiru hubachuuf. |
| 2. | Waajjira QS Itoophiyaa | | |
| 3. | Naannoo Saba, Sab-lammootaafi Ummattoota Kibbaa | | |
| **Ida'amni= 3** | | | |

***Gabatee 1:*** **Gabatee facaatii haala hirmaattota daataa qorannoo kanaaf oole agarsiisu**

### 1.5.4. Mala Xiinxala Daataa Qorannichaa

Daataan mala qorannoo akkamtaan: af-gaaffi, marii garee xiyyeeffatame, muuxannoo Federaalaafi Naannolee biroo ilaaluufi sanadoota walitti qabuu, sakatta'a sanadaaleefi kan birootiin walitti qabamu maloota xiinxala qorannoo akkamtaa rogummaa qaban gargaaramuun xiinxalamanii jiru.

## 1.6.Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun aangoo Mootummaan Naannoo Oromiyaa dhimmoota bulchiinsaafi itti-fayyadama S & T irratti rakkoofi hanqinaalee seeraafi hojimaataa, akkasumas hudhaalee galma

gahiinsa aangoofi gahee hojii ATSTO irratti dhiibbaa geessisan qorannoon adda ni bahu. Kana bu'uura godhachuudhaan kallattiin furmaataa akeekamu Mootummaa Naannoo Oromiyaafi abbootii hirtaa kan biroof faayidaa ol'aanaa ni qabaata. Keessattuu ATSTO hanqinaalee gama seeraafi hojimaataa qorannoo kanaan adda bahan irratti qaamota dhimmi ilaallatu waliin atoomuun hundee irraa furuufi aangoo hojii qabu uwwisa seeraa barbaachisoo ta'an itti baasuun qixa barbaadamuun galmaan gahuuf, akkasumas hawaasni naannichaa S & T irraa fayyadamoo akka ta'an taasisuuf galtee akka argatu kan dandeessisudha.

Dabalataan, qorannichi hudhaalee aangoofi gahee hojii Abbaa Taayitichaa qixa barbaadamuun akka galma hin geenye ka'umsa ta'an kan adda baasu waan ta'eef hoggansi manichaas ta'ee mootummaan naannichaa dhimmoota duursa argachuu qaban duursa akka kennaniif kallattii kan agarsiisudha. Kana malees, hanqina barruu toora mata-duree qorannichaatiin jiru duuchuuf kan oolu ta'uufi, qorannoofi qo'annoo gara fuulduraatti, kallattiinis ta'ee al-kallattiin, mata durichaan wal-qabatan irratti adeemsifamuuf ka'umsa yookiin galtee ta'uun kan fayyadu ta'a.

## 1.7.Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun MNO akka waliigalaatti dhimmoota S & T irratti aangoo akkamii akka qabuufi raawwiin isaa maal akka fakkaatu adda baasuudha. Kana malees dhimmoota S & T kanneen akka hojii QS, teknolojii balaqqee, bu'uuraalee qulqullinaa, bu'uuraalee TQO fi wiirtuu daataa hundeessuufi bulchuu, akkasumas nageenyummaa isaa tiksuun wal-qabatee MNO (ATSTO) aangoo akkamii akka qabuufi hudhaalee aangoofi gahee hojii isaa qixa barbaadamuun akka galmaan hin geenye dhiibbaa geessisan adda baasuun yaada furmaataa akeekuu irratti kan xiyyeeffatedha.

## 1.8.Caaseffama Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa afuritti kan qoodamu yemmuu ta'u, boqonnaa tokkoffaa keessatti gumeen qorannichaa dhiyaatee jira. Boqonnaa lammaffaa keessatti yaad-rimeewwan waliigalaafi muuxannoowwan aangoo bulchiinsa S & T-tiin wal-qabatanii jiran ilaalamanii jiru. Boqonnaa sadaffaa keessatti daataan maloota gara garaatiin funaanaman qindeeffamanii xiinxalamanii jiru. Boqonnaa afraffaafi isa dhumaa jalatti guduunfaafi yaadni furmaataa, akkasumas maddootni wabii dhiyaatanii jiru.

## BOQONNAA LAMA

## SAKATTA'A HOG-BARRUU

### 2.1.Yaad-rimeewwan Waliigalaa Dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii

#### 2.1.1. Maalummaa Saayinsiifi Teknolojii

Aangoo bulchiinsa dhimmoota S & T ilaaluun dura yaad-rimeewwan akka saayinsiifi teknolojii, aangoofi bulchiinsa jedhaman, akkasumas hariiroo isaan waliin qabaniifi dhimmoota isaanin haammatan ilaaluun barbaachisaadha.

Tattaaffii qindaa'aan dhalli namaa naannoo isaa keessa itti-fufiinsaan jiraachuufi fedhii bu'uuraa guutachuuf godhu galtee guddina beekumsaafi dandeettii bu'uuraa ta'ee jira. Guddinni baroota adda addaa keessatti mul'ate kunis gara saayinsiifi teknolojiitti guddatee jira. Innis fedhii bu'uuraaafi sochii dhala namaa bal'aa ta'e guutuu bira darbee ijoo qorannoo cimaa ta'uu danda'ee jira. Yaad-rimeefi amala jechoota lakkuu (S & T) kana hubachuuf ibsamoonniifi hiikoowwan garaagaraa kan jiraatanis hiikni wal-tawaan hin kennamneef.

Hiikowwan kennaman bifa gabaabaa ta'een yoo ibsamu:

> *"Science encompasses the systematic study of the structure and behaviour of the physical and natural world through observation and experiment, and technology is the application of scientific knowledge for practical purposes."*[24]

Hiikni kun Afaan Oromootiin yoo hiikamu saayinsii jechuun sirna caasaafi amala addunyaa fiizikaalaafi uumamaa mala xiinxalaafi yaaliitiin qorachuu kan haammatu yoo ta'u, teeknolojii jechuun immoo beekumsa saayinsii kana faayidaa qabatamaaf hojii irra oolchuu jechuudha. Akka hiika kana irraa hubatamutti saayinsiin beekumsa barbaadudha malee beekumsa mataa isaa akka hin taane, garuu qaama beekumsaafi adeemsaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Saayinsiin muuxannoowwan qorachuufi daataa qorannichaa karaa amanamaa (logical) ta'een ibsuudha. Innis waan uumama hunda keessa jiruufi wantootni sun har'a akkamitti akka hojjetan, yeroo darbe akkamitti akka hojjechaa turan, akkasumas gara fuulduraatti akkamitti hojjechuu akka danda'an kan ittiin adda baasnudha.[25] Kanaaf saayinsiin gonkumaa kan hin xumuramne

[24] Science and Technology - Oxford Reference irraa gaafa 12/08/2015 sa'aatii 9:02-tti ilaalame
[25] What is science? - Understanding Science (berkeley.edu) irraa gaafa 12/08/2015 sa'aatii 8:58-tti ilaalame

waan ta'eef beekumsa waa'ee uumamaa irratti qabnu itti-fufiinsaan kan fooyyessuufi babal'isu, akkasumas gaaffiiwwan haaraa galtee qorannoo fuulduraatiif fayyadu adda baasa. Beekumsi saayinsiin maddisiisu humna guddaafi amanamaa waan ta'eef teeknolojii haaraa hojjechuuf, dhukkuboota yaaluuf, akkasumas rakkoolee gosa biroo hedduu furuuf ni fayyada.[26]

Akka biyya keenyaattis jechi teknolojii jedhu Dambii lakkoofsa 507/2014 keewwata 2 (14) jalatti "*Technology means Radiation and Nuclear, chemical, electronics and electric appliance, plant and machinery, material technology, Emerging technology, aerospace and space technologies"* jechuun hiikamee jira. Hiikni kun jecha teknolojii jedhu kallattiin kan hike osoo hin taane dhimoonni teknolojii jedhamuu danda'an balaqqeefi niwukilara, keemikaala, elektirooniksiifi meeshaalee elektirikii, warshaafi maashinarii, teknolojii meeshaa, teeknolojii haaraa uumaman, teknolojiiwwan aerospacefi hawaa fa'a akka ta'an tarreessuun kan ibsedha. Yaa ta'u malee uumamaafi amala saffisaan jijjiirramuufi haaraan bakka wal-bu'amuu isaan qaban irraa kan ka'e dhimmoota saayinsiifi teknolojii (scope) guutummaan tarreessanii xumuruun hin danda'amu.

Saayinsiifi teeknolojiin hariiroo kallattii qabaachuu agarsiisa. Akkuma hiikoo armaan olitti kenname irraa hubatamu saayinsiifi teeknolojiin gosa hojiiwwanii bal'aa wal-duraa duubaan hojjetaman ta'anii kanneen baay'ee wal-irratti hirkatan; garuu adda adda ta'an bakka bu'u. Saayinsiin maddaafi bu'uura kallattii yaadaa, beekumsa haaraa, ogummaafi dandeettii; malawwaniifi tooftaalee guddina, misoomaafi fooyya'iinsa teknolojiiti. [27] Akkasuma teeknolojiin madda misoomawaa gaaffilee saayinsii ta'uun dhimmi saayinsii akka itti-fufu gochuufi gaaffilee kana dabalatee dhimmoota rakkisoofi wal-xaxaa ta'an yeroo gabaabaafi haala gahumsa qabuun deebisuuf madda tooftaaleefi meeshaalee ta'uun qorannoo saayinsii keessatti galtee guddaa ta'uun kan gargaarudha.[28]

[26] Olitti yaadannoo 25ffaa
[27] Harvey Brooks, The relationship between science and technology, John F. Kennedy School of Government, Harvard Universily, 79 J.F.K. Street, Cambridge, MA 02138, USA, fuula 477
[28] Harvey Brooks, akkuma olii

### 2.1.2. Maalummaa Aangoofi Bulchiinsaa (Jurisdiction and Administration)

Jechi aangoo jedhu afaan Ingilizii '*jurisdiction'* jedhu irraa kan dhufedha. Insaayikiloopiidiyaa Britaanikaa jecha 'jurisdiction' jedhu yeroo hiiku "*Jurisdiction refers to the power of a state to affect persons, property, and circumstances within its territory. It may be exercised through legislative, executive, or judicial actions.*"[29]

Hiikoon armaan olii kan ibsu dandeettii biyyi tokko namoota, qabeenyaafi taateewwan daangaa isaa keessatti raawwatamu irratti murteessuu dandeessu kan agarsiisudha. Aangoon kunis tarkaanfii karaa seera baastuu, seera hiiktuufi seera raawwachiistuutiin fudhatamuun ibsama.

Dabalataan aangoon agarsiiftuu daangaa bulchiinsaa mootummaa tokko jalatti aguugamu akka ta'e barruuleen ni ibsu.[30] Akka Gbenga hiiketti *"jurisdiction is the power of a sovereign to affect the rights of persons whether by legislation, by executive decree, or by judgement of a Court."*[31] Akka hiikowwan kanaatti aangoo jechuun birmadummaa mootummaan dhimma mirga irraa qabu irratti seera baasuu, raawwachiisuufi murtii kennuu danda'uu kan agarsiisudha.

Yaad-rimeen hiikoowwan armaan olii kan agarsiisan abbaan aangoo mootummaa ta'uu; aangoon kunis qaama mootummaa sadeen: seera baastuu, seera hiiktuufi seera raawwachiistuu jidduutti kan qoodamu ta'uu; agarsiiftuun aangoo kanaas seera baasuu, hiikuufi raawwachiisuu akka ta'e; innis nama, qabeenyaafi taateewwan daangaa biyyichaa irratti ta'uu; fi aangoowwan kanneen irrattis birmadummaa kan qabu ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Gama biraatiin jechi bulchiinsa jedhu jecha Laatinii ***"Administer'*** jedhu irra kan dhufe yoo ta'u innis namoota tajaajiluu, qajeelchuu, too'achuu, kunuunsuu yookiin hordofuu jechuudha.[32] Kanaaf jechi "bulchiinsa" jedhu bulchiinsa dhimma mootummaa yookiin dhuunfaa hordofuufi tajaajila kennuu jechuudha. Yaad-rimeen jecha bulchiinsa jedhuu damee dhuunfaa caala kan mootummaa keessatti kan argamuufi tajaajilaan kan wal-qabatuudha.[33] Kana malees qorannichi bulchiinsa dhimma ummataa/mootummaa irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef jechi roga qabeessi bulchiinsa ummataa/mootummaati. Kanaaf bulchiinsa jechuun bu'urarraa gurmaa'insa

---

[29] Malcolm Shaw, "International Law," in Enc (Encyclopædia Britannica, inc., December 4, 2019), https://www.britannica.com/topic/international-law irraa gaafa 12/08/2015 sa'aatii 8:44-tti ilaalame

[30] Ralf Michaels, "Jurisdiction, Foundations," January 2016, fuula 1

[31] Gbenga Oduntan, Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space, Routledge Research in International Law, 2012, fuula 32

[32] Public Administration Campus, Tribhuvan University, Nepal An Article "Public Administration: Meaning, Scope and Its Nature" fuula 2

[33] Quoted in Adebayo Festus principles of public administration, new dimension press Ibadan 1999

imaammataafi sagantaalee, akkasumas hojii irra oolmaa isaaniifi amala qondaaltota mootummaa gocha isaaniif sirnaan itti-gaafatamummaa qaban kan ilaallatuudha.[34] Innis hojii seera baasuu, hiikuufi hojii irra oolchuu bifa haammateen kan hiikame ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Aangoofi bulchiinsi hariiroo kallattii kan qaban yoo ta'u sirna diimokiraasii keessatti qaamni yookiin mootummaan dhimma tokko irratti aangoo hin qabne dhimmicha bulchuu hin danda'u jechuudha. Gama biraatiin yoo qaamni bulchu hin jiru ta'e aangoon jiraachuun qofti bu'aa hin qabaatu jechuudha. Kanaaf aangoo jechuun yaadama taayitaa dhimma tokko irratti ajajuu danda'uu qabaachuu yoo ta'u bulchuun ammoo aangoo qaban qabatamaan hojii irra oolchuun mirkanaa'a.

Yaad-rimee aangoofi bulchiinsa, akkasumas qabiyyee (scope) isaanii irratti hubannoo wal-tawaan jiraachuu dhabus hiikowwan armaan olii irraa bal'inniifi qabiyyeen aangoofi bulchiinsa mootummaa akkuma tajaajila mootummaa bal'ina qaba. Tajaajilli mootummaan kennamus hunda-galeessaafi kutaalee hawaasaa hunda bira qaqqabuu qaba. Kana milkeessuuf, sirna federaalizimii keessatti qoodinsi aangoo oleetiin (vertically) mootummaa federaalaafi naannoo jidduutti, akkasumas qoodinsa aangoo dalgeetiin (horizontally) qaama seera baastuu, seera hiiktuufi raawwachiiftuutti qooduun ni danda'ama.

### 2.1.3. Maalummaa Qabeenya Sammuu (IP)

Yaad-rimee qabbeenya sammuu (kana booda QS) jedhu bifa guutuu ta'een hubachuuf jecha 'qabeenya' jedhuufi 'kalaqa sammuu' jedhu adda addatti ilaaluun barbaachisaadha. Qabeenyi gosa adda addaatti kan qoodamu yoo ta'u isaan keessaa muraasni qabeenya qabatamaafi qabatamaa hin taane (tangiable and intangiable); kan socho'aniifi hin sochoone fa'a ta'uu danda'u. Bu'aa warraaqsa industirii (industrial revolution) fi guddina S & T kan ta'e gosti qabeenya qabatamaa hin taane qabeenyi kalaqa sammuu jedhamu dabalamee jira. Guddina S & T fi amala addaa qabu waliin bal'inniifi qabiyyeen isaa yeroo yeroon waan jijjiiramuuf jecha 'qabeenya sammuu' jedhuuf hiikoo wal-tawaa kennuun rakkisaadha. Gabaabinaan ibsuuf, qabeenya sammuu jechuun kalaqa sammuu namaa akka ta'e agarsiisa. Innis bu'aa hojii sammuu dhala namaa waan ta'eef qabeenyicha horachuuf dadhabbii humnaa osoo hin ta'in dadhabbii sammuutu barbaachisa yaadama jedhu of-keessaa qaba.

[34] Public Administration Campus, olitti yaadannoo 32ffaa, fuula 2-3

Akka waliigalaatti, QS jechuun bu'aa hojiilee kalaqa industirii, saayinsii, aartiifi barreeffamaa jechuun ni danda'ama. Kallattii mirgaatiin mirga QS jechuun gurmuu mirgootaa hojiilee kalaqa industirii, saayinsii, aartiifi barreeffama irratti abbaan mirgaa qabuudha. Akka biyya keenyaattis Labsii Lakkoofsa 320/1995 QS jechuun hojii kalaqa sammuu namaa irratti mirga seera qabeessa ta'e yoo ta'u, innis paatentii, mallattoo daldalaa, ragaa galmeefi mirga waraabbii of-keessatti qabata jechuun hiikee jira.

Biyyaa biyyatti, akkasumas yeroodhaa gara yerootti garaagarummaa qabaatus, mirgi QS mirga waraabbii, paatentii (uumee), mallattoo daldalaa, akeektuu bakka maddaa (Geographical Indication of Origin), dizaayinii industirii, iccitii daldalaa, seera eegumsa kuusaa daataa, seera mirga beeksisaa, seera eegumsa akaakuu biqiltootaa fa'a of-keessatti haammata.

Kana malees, QS qabeenya industiriifi mirga waraabbii jedhamuun ramaduun ni danda'ama. Qabeenyi industirii kalaqa (patentii), dantaa qabeenya kalaqa xixiqqaa (Utility model certificate) fi dantaa daldalaa (mallattoo daldalaa, maqaa daldalaa, agarsiiftuu bakka maddaa, fi dizaayinii industirii), mirga horsiisa biqiltootaa, heddummina lubbu qabeeyyii (biodiversity) fi kkf of-keessatti qabata. Mirgi waraabbiifi mirgoonni hidhata qaban hojiiwwan og-barruu, aartiifi saayinsii, agarsiisaafi tamsaasa kan hammatudha.

Akka waliigalaatti, QS armaan olitti ibsaman gosa kalaqaafi uumama sammuu namaa, hojii irra oolmaafi hidhata isaan waliin qaban bu'uura godhachuun iddoowwan gurguddoo sadi: - mirga waraabbiifi mirgoota hidhata qaban (copyright and neighboring rights), paatentiifi mallattoolee daldalaatti qooduun ni danda'ama. Bifuma wal-fakkaatuun qabeenyi kalaqa sammuu dhimmoota gurguddoo sadi kanneen akka paatentii, mallattoo daldalaa, fi mirga waraabbiifi mirgoota hidhata qaban irratti kan xiyyeeffatu akka ta'e Labsii Lakkoofsa 320/1995 keewwata 2 (2-5) jalatti hiikoo tokkoon tokkoo isaanitiif kenname irraa hubachuun ni danda'ama.

Itti-aansuun maalummaafi qabiyyee dhimmoota QS ta'an kanneen akka paatentii, mirga waraabbiifi mirgoota hidhata qabaniifi mallattoolee daldalaa tokko tokkoon kan ilaallu ta'a.

**a) Maalummaafi Qabiyyee Uumee**

Akkuma armaan olitti ka'e aangoofi gaheen hojii Komishinii Saayinsiifi Teknolojii Itoophiyaatiif bu'uura Labsii Lakkoofsa 91/1986 keewwata 5 (17) fi kan kana haqe Labsii Lakkoofsa 7/1987 keewwata 5 (6)-tiin kenname keessaa tokko paatentii irratti seerri akka bahu

hojjechuudha. Kana bu’uura godhachuun hojiiwwan kalaqaa biyya keessaa jajjabeessuun dandeettii teknolojii biyyaalessaa ijaaruu, ce’umsaafi madaksa teknolojii biyya alaatiif haala mijataa uumuun akka barbaachisu, akkasumas guddina S & T biyyaa faayidaa ummataaf oolchuu bu’a qabeessa taasisuuf uwwisni seeraa sirriin waan barbaachisuuf Labsiin lakkoofsa 123/1987 sadarkaa federaalaatti bahee hanga ammaatti hojii irra oolaa jira.[35]

Labsicha keewwata 2 (5) jalatti jecha paatentii jedhuuf hiikoon kan kenname yoo ta’u paatentii jechuun ragaa abbaa qabeenyummaa mirga uumee eeguuf kennamuudha; uumeen kunis oomisha yookiin adeemsa isaa ta’uu danda’a.[36] Yaad-rimee paatentii jedhu bifa guutuu ta’een hubachuuf labsicha keewwata 2 (5), 7 fi 16 bakka tokkotti yoo dubbifnu paatentii jechuun ragaa abbaa qabeenyummaa yeroo murtaa’eef abbaan argannoo dhuunfummaan uumee isaa qopheessuu, baay’isuufi haala barbaade kamiiniyyuu itti-fayyadamuu yookiin dabarsuu isa dandeessisuudha; uumeen kun oomisha yookiin adeemsa ta’uu danda’a.[37] Kunis kan agarsiisu paatentiin waliigaltee mootummaafi nama argannoo haaraa argate gidduutti taasifamu ta’ee, mootummaan dirqama mirga dhuunfummaa murtaa’e nama uumee haaraa argateef kennuu ta’a.

Dhimmoonni mirga uumee argachuu qabaniifi labsichaan aguuggii argatanis uumee (invention),[38] modeela yuutiliitii (utility model),[39] fi dizzaayinii indutirii (industrial design)[40] yoo ta’an adeemsa dhimmoonni kunneen itti-galmeeffaman, beekamtii argatan, mirgaafi dirqama argamuu danda’u, daangaafi dabarsa mirga kanneenii, fi eegumsa taasifamuufii qabu irratti bal’inaan tumee jira. Akkuma armaan olitti ka’e aangoofi gaheen hojii dhimma paatentii ilaallatu kan Abbaa Taayitaa Qabeenya Sammuu Itoophiyaa (kana booda ATQSI) -ti. Innis teessoo muummee Magaalaa Finfinneetti qabaachuun akka barbaachisummaa isaatti Magaalaa Dirree Dawaafi Naannolee keessaa qabaachuu akka danda’u tumamaee jira.[41] Kana malees Abbaan Taayitichaa gurmaa’insa Koree Qabeenya Sammuu Biyyaalessaa, Daayireekatara Ol’aanaafi hojjettoota barbaachisoo biroo ni qabaata.[42]

[35] Inventions, Minor Inventions and Industrial Design Proclamation Number 123/1987, preamble paragraphs 1-3
[36] Akkuma olii, Labsii lakkoofsa 123/1987 keewwata 2 (5), Patent means the title granted to protect inventions; the inventions may relate to a product or a process.
[37] Patent is a legal title that confers on its holder the exclusive rights to make, use or other wise exploit in a manner he/she wishes over a limited period of time. It may relate to a product or a process.
[38] Olitti yaadannoo 35ffaa, Labsii Lakkoofsa 123/1987 keewwata 2 (3)
[39] Akkuma olii, Labsii Lakkoofsa 123/1987 keewwata 2 (8) & 38-45
[40] Akkuma olii, Labsii Lakkoofsa 123/1987 keewwata 2 (2) & 46-51
[41] Olitti yaadannoo 9ffaa, Labsii Lakkoofsa 320/1995 keewwata 6 & 4
[42] Akkuma olii, Labsii lakkoofsa 320/1995 keewwata 7

**b) Maalummaafi Qabiyyee Mirga Waraabbiifi Mirgoota Hidhata Qabanii**

Akkuma armaan olitti yaad-rimeefi daangaa (scope) isaa irraa hubatamu dhimmoonni QS jalatti haammataman keessaa tokko mirga waraabbiifi mirgoota hidhata qabanidha. Mirga waraabbii jechuun akka waliigalaatti hojiilee aartii, barreeffamaafi saayinsii kalaqa sammuutiin hojjetaman irratti mirga abbaa qabeenyummaa abbaan kalaqichaa yookiin abbaan hojichaa qabuudha.[43] Gama birootiin guuboon jechootaa kan "*Oxford English Dictionary"* jedhamu *"copy right is the exclusive legal right, given to an originator or an assignee, to print, publish, perform, film, or record literary, artistic, or musical material, and to authorize others to do the same"* jechuun hiikee jira. Afaan Oromootiin "Mirga waraabbii jechuun mirga seeraan dhuunfummaan abbaa kalaqichaatiif yookiin abbaa qabeenyaa mirgichi darbeef hojiilee barruu, aartii yookiin muuziqaa maxxansuu, uummataaf agarsiisuu, fiilmii ittiin hojjechuu yookiin waraabuuf qabu" jechuudha.

Kana malees Labsiin Lakkoofsa 410/1996[44] keewwata 2 (8) jalatti *"Copyright" means an economic right subsisting in a work and where appropriate includes moral right of an author"* jechuun hiikee jira. Gama biraatiin Labsiin lakkoofsa 320/1987 mirga waraabbiifi mirgoota hidhata qabaniif hiikoo kennee jira. Labsicha keewwata 2 (4) jalatti *"Copyright means a right over a creative work such as literary and artistic works and includes neighbouring rights"* jechuun hiikee jira. Afaan Oromootiin "mirga waraabbii" jechuun "hojii kalaqaa kanneen akka og-barruufi aartii irratti mirga qabaachuufi mirgoota hidhata qaban kan hammatu" jechuudha.

Akka hiikoowwan kanaatti mirga waraabbii jechuun mirgoota hidhata qaban kan haammatu ta'ee mirga dhuunfadhaan (exclusive rights) abbaa waraabbitiif kennaman lama: mirga diinagdeefi mirga haamilee hojii kalaqaatiif kennamudha. Mirgoonni diingadee mirga waraabbicha baay'isuu, miidiyaadhaan tamasaasuu, kallattiinis ta'ee al-kallattiin ummataaf agarsiisuu, gara hojii biraatti jijjiiruufi mirgoota diinagdee kan biroo hojicha irraa argamu ni dabalata.[45] Mirgoonni haamilee ammoo mirga abbaan waraabbii hojicha irratti beekamtii argachuu, ittiin waamamuufi hojiilee birootiin akka hin jijjiiramne yookiin hin burjaajofne eegumsa argachuuti.[46]

---

[43] Abdii Gurmeessaa, Baacaa Taayyeefi Aangessaa Itichaa, Eegumsa Qabeenya Kalaqa Sammuu: Seeraa fi Hojimaata, Moojulii Leenjii, 2009, fuula 20

[44] Labsii Lakkoofsa 410/1996 fooyyessuuf bahe Labsii Lakkoofsa 872/2007 keewwata 39 (10) (1)

[45] Balew Mersha and G/Hiwot Hadush Intellectual property law Teaching Material, fuula 57

[46] Abdii, olitti yaadannoo 43[ffaa], fuula 21

Mirgoota hidhata qaban (neighbouring rights) Labsiin lakkoofsa 410/1996 keewwata 2 (14) jalatti kan hiikame yoo ta'u *"Neighboring rights means the rights of performers, producers of sound recordings, broadcasting organizations over their works"* jechuu akka ta'e hiika. Maqeeffamuma isaa gaalee '…neighbouring…' yookiin '….mirgoota hidhata qaban…' jedhu irraa akka hubatamutti mirgoota sadarkaa 2^ffaa ta'uun mirga sadarkaa duraa abbaa kalaqaatti (waraabbii) aanun mirgoota argamanidha. Isaanis hojiiwwan mirga waraabbii irratti hirkatan kanneen akka mirga taatotaa (performers), pirodiyuusaroota sagalee (producers of sound recordings) fi mirga dhaabbileen miidiyaa hojii hojjetan irratti qabaniidha. Kana malees Labsiin lakkoofsa 320/1987 keewwata 2 (5) jalatti ammoo mirgoota hidhata qaban jechuun mirga taatotaa, maxxansiistoota fonogiraamiifi pirodiyuusaroota suur-sagalee, fi dhaabbilee tamsaasaafi raabsa keebilii hojii isaanii irratti qaban jechuun hiikee jira. Labsicha keewwata 2 (30) jalatti "hojii" jechuun hojiilee barruu, saayinsiifi aartii keessatti hojjetamaniifi kanneen biroo akka dabalatu hiikee jira.

Labsiin lakkoofsa 872/2007 keewwattoota muraasa Labsii lakkoofsa 410/1996 kan fooyyesse yoo ta'u mirgoota waraabbii haaraas dabalee jira. Ta'us akka waliigalaatti labsiiwwan kunneen adeemsa mirgi waraabbiifi mirgoonni hidhatan qaban itti galmaa'an, beekamtii argatan, eegumsa, mirgaafi dirqama jiraniifi daangaa mirgoota kanneenii kan haammatedha.

Akkuma armaan olitti mata duree paatentii jalatti ilaalle qaamni abbummaan dhimmoota mirga waraabbiifi mirgoota hidhata qaban irratti aangoo qabu ATQSI-ti.

**c) Maalumaafi Qabiyyee Mallattoolee Daldalaa**

Mallattooleen daldalaa dhimmoota daangaa QS keessatti haammataman keessaa tokkodha. Galmeessiifi eegumsi mallattoolee daldalaa Labsii lakkoofsa 501/1998'n uwwisa seeraa argatee jira. Labsicha keewwata 2 (12) fi Labsii lakkoofsa 320/1995 keewwata 2 (3) jalatti *"trademark means any visible sign capable of distinguishing goods or services of one person from those of other persons; it includes words, designs, letters, numerals, or colors or the shape of goods or their packaging or the combinations thereof* " jechuun haala wal-fakkaatuun hiikanii jiru.
Akka hiika kanaatti mallattoo daldalaa jechuun meeshaalee yookiin tajaajiloota nama tokkoo kan namoota biroo irraa adda baasuu kan danda'u mallattoo mul'atu kamiyyuu jechuudha; jechoota, dizaayinoota, qubeewwan, lakkoofsa, haalluu yookiin boca meeshaalee yookiin uwwistuu isaanii yookiin walitti dabalamiinsa isaanii of-keessatti qabata. Kunis kan agarsiisu meeshaalee yookiin

tajaajila nama tokkoo wal-fakkaatan kan nama biroo irraa kan adda baasuu dandeenyu yoo mallattoon daldalaa ijaan mul'atu jiraatedha. Mallattoon oomishaa mallattoo meeshaa yookiin oomisha tokko irratti fayyadamnudha. Mallattoon tajaajilaa mallattoo oomishaa wajjin kan wal-fakkaatu ta'us mallattoo tajaajila akka bakka bu'uuf fayyadamnudha.

Faayidaan galmeessaafi eegumsa mallattoolee daldalaa isaan ijoo sadi akka ta'an seensa (preamble)[47] Labsii lakkoofsa 501/1998 irraa hubachuun ni danda'ama. Isaanis: -

- daldaltoota hojii oomishaafi raabsa oomishaa, akkasumas kenniinsa tajaajilaa keessatti hirmaatan haala kabajniifi maqaa gaariin isaan qaban eegamuu danda'uun eegumsa mallattoolee daldalaa taasisuun dogoggorsaafi burjaaja'iinsa hambisuu;
- adeemsa daldala yookiin gabaa bilisaa keessatti mallattooleen daldalaa filannoo maamiltootaa qajeelchuufi fedhii isaanii eegsisuu keessatti gahee ol'aanaa qabaachuu;
- eegumsi mallattoolee daldalaaf taasifamu guddina dinagdee biyyaafi misooma daldalaafi induS & Tirii biyyattii keessatti jijjiirama gaarii (positive impact) qabaachuu isaa irratti kan xiyyeeffatudha.

Labsicha bifa guutuu ta'een hojii irra oolchuuf bu'uura labsicha keewwata 47-tiin Manni Maree MiniS & Teerotaa dambii baasuu akka danda'u kan aangesse yoo ta'u bu'uuruma kanaan Dambiin lakkoofsa 273/2004[48] bahee jira. Adeemsi iyyannaafi galmeessa mallattoolee daldalaa barreeffamaan qofa ta'uu akka qabu,[49] akkasumas barreeffamichi afaan Amaaraa yookiin Ingilizii ta'uu akka qabu, yoo afaan kanneenin ala ta'e akka gara afaan Amaaraa yookiin Ingiliziitti hiikamuu qabu tuma.[50]

Akka waliigalaatti Labsichas ta'ee dambiin armaan olitti ibsaman adeemsa mallattooleen daldalaa itti galmaa'an, beekamtii argatan, eegumsa, mirgaafi dirqama jiraniifi daangaa mirgoota kanneenii kan haammatedha. Qaamni abbummaan dhimma galmeessaafi eegumsa mallattoolee daldalaa irratti aangoo qabu ammoo ATQSI akka ta'e Labsii lakkoofsa 320/1995 irraa hubachuun ni danda'ama.[51]

---

[47] Labsii Galmeessaafi Eegumsa Mallattoo Daldalaa Lakkoofsa 501/1998 keeyyata 1[ffaa]-3[ffaa]
[48] Dambii Galmeessaafi Eegumsa Mallattoo Daldalaa Mana Maree Minsiteerotaa Lakkoofsa 273/2004
[49] Akkuma olii, Dambii Lakkoofsa 273/2004 keewwata 3
[50] Olitti yaadannoo 48[ffaa], Dambii Lakkoofsa 273/2004 keewwata 4
[51] Olitti yaadannoo 9[ffaa], Labsii Lakkoofsa 320/1995 keewwata 2 (8) fi Olitti yaadannoo 48[ffaa], Dambii Lakkoofsa 273/2004 keewwata 2 (3)

### 2.2.Ulaagaalee Waliigalaa Aangoon Sirna Federaalizimii Keessatti Ittiin Qoodamu

Sirna Federaalizimii keessatti qoodinsi aangoo mootummaa federaalaafi naannolee gidduutti taasifamu dhimma xiyyeeffannoo guddaa barbaadudha. Haalli qoodinsa isaatiis garaagarummaa bal'aa qaba. Garaagarummaan kunis kaayyoo hundeeffamaafi haala bocama waliigalaa federeeshinichaa yookiin fedhiifi filannoo mootummaa naannolee kan bu'uureffate ta'uu danda'a.[52] Biyyoota sirna federaalizimii hordofan keessatti aangoon safartuulee yookiin ulaagaalee garaagaraa bu'uureffatee qoodama. Ulaagaalee akka safartuutti gargaaran keessaa tokko dandeettii yookiin gahumsa mootummaan federaalaa yookiin naannoo qabu irratti kan xiyyeeffatuudha. Bu'uura kanaanis, aangoo guddaafi dhimma dantaa waliigalaa biyyaa wajjiin wal-qabatu mootummaa federaalaa kan kennamu yoo ta'u, aangoon uumama isaanitiin dantaa naannoo irratti xiyyeeffatan ammoo naannoleef kennamu.[53]

Qoodinsa aangoo ilaalchisee ulaagaan federeshinii keessatti beekamu kan biraan qajeeltoo ***subsidiarity*** jedhamu yoo ta'u, bu'uura qajeeltoo kanaatin aangoon qaama mootummaa gad-aanaa kan aangicha sirnaan hojiirra oolchuu danda'uufi uummata aangicha irraa fayyadamuu danda'utti dhiyoo jirutti kennamuu qaba. Haaluma kanaan, aangoon tokko mootummaa naannoleetiin hojiirra ooluu kan danda'u taanaan, aangicha sana irratti akka abboomuuf ol'aantummaan bulchiinsa aangichaa mootummaa naannoleetiif kannamuu qaba kan jedhuudha.[54] Bu'uura ulaagaa yookiin safartuu kanaatiin aangoon dhimmoota nageenya waliigalaafi quunnamtii biyya alaa, dhimmoonni mootummaa naannolee garaagaraa walitti fidaniifi dhimmoonni bulchiinsa wal-fakkaataa akka biyyaatti barbaadan mootummaa federaalaatiif kan kennaman ta'a. Gama biraatiin, dhimmoonni daangaa bulchiinsa mootummaa naannoolee keessatti hojjataman, uumama isaaniitiin kan naannoo ta'aniifi, garaagarummaa jiru akkuma jiranitti bulchuun barbaachisu, kalaqummaa, dorgommii qabaniifi dorgommii barbaadan irratti mootummaan naannolee aangoo seera baasuufi bulchuu akka qabaatan taasifama.[55]

Ulaagaaleen akka *administrative cost, cost-benefit internalization fi economy of scale* jedhaman akka ibsanitti aangoon qaama maallaqa qabaatee aangicha hojiirra oolchuuf gahumsa qabutti

---

[52] Cheryl Saunders, The Divisions of Power in Federations, Constitutional Brief, International Idea, Institute for Democracy and Electoral assistance, fuula 3

[53] Cooke, Jacob E. (1961): The Federalist, Middletown, CT: Wesleyan University Press. Elazar, Daniel J. (1987), Exploring Federalism, Tuscaloosa: University of Alabama Press, fuula 63

[54] John Kincaid, Distribution of Powers in Federal Systems: Federalism's Heart fuula 7

[55] John, akkuma olii, fuula 2-3

kennamuu qaba kan jedhan yoo ta'u, bulchiinsi dhimmootaa amala isaaniitiin bajeta guddaa barbaadan yookiin galii caalaa baasii hordofsiisan mootummaa federaalaatiif kennamuu akka qabu akeeku.[56] Isaaninis dhimmoota akka humna ittisa biyyaa, faalama qilleensaa gocha waliigalaatiin dhufu, balaa uumamaafi kenna tajaajila waliigala biyyaa ilaallatu fa'aan mootummaa federaalaatiif kennamu jechuudha.[57] Aangowwan akka barnoota sadarkaa gad-aanaa babal'isuu, aadaa, afaan ummataa tokko haala addaatiin guddisuu wajjiin wal-qabatan ammoo mootummaa naannoleetiif kennamuu qabu jechuudha.[58]

Ulaagaalee qoodinsa aangoo mootummaa federaalaafi naannolee gidduutti taasifamu murteessuuf gargaaran kanneen fayyadamnee yoo ilaallu, bulchiinsa dhimmoota S & T keessatti dhimmi kalaqaafi misoomsa isaanii bal'inaan daangaa bulchiinsa mootumaa naannoo tokkoo keessatti hojjatamuu kan danda'an, uummata hojichaan fayyadamuu yookiin miidhamuu danda'anitti dhiheenya kan qaban, kalaqummaa kan jajjabeessaniifi dorgommii gaarii kan uuman waan ta'aniif, aangoo mootummaa naannolee jalatti kufuu kan danda'an akka ta'anitti fudhatamuu danda'a. Yaa ta'u malee, dhimmi bulchiinsa S & T dhimma mootummaa tokkoo qofa miti; dhimma addunyaa, biyyaafi naannoo waan ta'eef [59] hojiin bulchiinsa S & T bakka kamitti hojjatamu kamiyyuu hawaasa yookiin mootummaa sadarkaa kamirra jiru hundaa xuquu kan danda'u waan ta'eef, dhimma xiyyeeffannoo hundaa harkisuudha.[60] Biyyoota sirna federaalizimii hordofan keessatti, hojiifi imaammanni S & T qindoomina mootummaa fedeeraalaafi naannooleetiin ta'uu akka qabu ogeessonni ni ibsu.[61]

## 2.3.Bulchiinsa Saayinsiifi Teknolojii, fi Qabeenya Sammuu: Muuxannoo Biyyootaa

Qorannoo kanaaf galtee akka ta'utti muuxannoon biyyoota dhimmoonni S & T heera isaanitiin aguuggii argatan ilaalamee jira. Muuxannoon biyyootaa kunis sirna mootummaafi gosa sirna federaalizimii biyyi sun hordoftu kan biyya keenyaa waliin wal-fakkeenya qaban bu'uura godhachuun kan ilaalamedha. Innis haala itti-aanun kan dhiyaatu ta'a.

---

56 Cooke, olitti yaadannoo 53[ffaa]
57 Newman, D (2011), 'Changing division of powers doctrine and the emergent principle of subsidiarity', Saskatchewan Law Review 74 (1), fuula 21–32
58 Newman, akkuma olii
59 P.P Walsh, E, Murphy, D Horan: The Role of Science, Technology and Innovation in UN 2030 Agenda, 0040-1625@ 2020 ELSEVIER Inc, fuula 6
60 Koschatzky, K., & Kroll, H. (2007): Which Side of the Coin? The Regional Governance of Science and Innovation, Regional Studies, 41(8), 1115-1127. https://doi.org/10.1080/00343400701530857 irraa gaafa 08/08/2015 sa'aatii 7:30-tti ilaalame, fuula 29
61 Koschatzky, akkuma olii, fuula 30

### 2.3.1. Aangoo Bulchiinsa Dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii

Heerri biyya Jarmanii keewwata 91 (c (1)) [62] jalatti mootummaan federaalaa kan naannoo waliin atoomanii sirna teknolojii odeeffannoo gahee hojii isaanii bahachuu keessatti gumaacha qaban karoorsuu, ijaaruufi hojii irra oolchuu akka qaban tuma. Sirna teknolojii odeeffannoo kana diriirsuuf akka barbaachisummaa isaatti waliigaltee waliin hundeessuu kan danda'an yoo ta'u, qulqullinaafi nageenya hojii waliin hojjatan mirkaneessuu kan isaan dandeessisu istaandardii hojichaafi haala too'annoo nageenya isaa waliin kan murteessan ta'a.[63] Bu'uura waliigaltee sanaatiin hojii teknolojii odeeffannoo hojjatamuufi lafa qabsiifamu keessatti hayyamni mootummaa naannolee barbaachisaa akka ta'e sirriitti adda baasee jira. Kunis bulchiinsa teknolojii odeeffannoo keessatti mootummaan naannolee gahee murteessaa akka qaban, heera bu'uuraa federeeshinichaatiin aangoon hirmaannaafi gita wal-simsiisuu kennamee kan jiru ta'uu heerichi ifatti tumee jira.

Yaa ta'u malee hojiin misooma neetworkii cimdaawaa diriirsuufi bulchuu gahee hojii mootummaa federaalaati. Sirna teknolojii odeeffannoo kana haala gahumsa qabuufi mirga mootummaa naannoolee hin sarbineen gaggeessuu akka danda'utti bulchiinsi dhimmichaa seera paarlaamaan biyyattii baasuun kan gaggeeffamu ta'a.[64] Bu'uura tumaa xiqqaa Heera kanaatiin, mootummaan federaalaa dirqama neetworkii cimdaawaa biyyattii hunda keessatti diriirsuu kan qabu yoo ta'u, hojii misoomaa kana keessatti mootummaan naannolee hanga humna isaanii mirga hirmaachuu ni qabaatu jechuudha.

### 2.3.2. Aangoo Bulchiinsa Dhimmoota Qabeenya Sammuu

Ulaagaalee aangoon mootummaa federaalaa yookiin giddugaleessaafi mootummaa naannolee gidduutti ittiin qoodamu keessaa tokko akka, aangoon guutummaa biyyichaa keessatti bifa wal-fakkaatiinsa qabuun hojii irra akka oolu barbaadamu mootummaa federaalaatiif kennama.[65] Muuxannoon biyyoota baay'ee akka agarsiisutti aangoon bulchiinsa QS mootummaa federaalaatiif kennama. Fakkeenyaaf, federeeshinii USA, Kanaadaa, Jarmaniifi Siwiizerlandi keessatti aangoon bulchiinsa QS tarree aangoo bulchiinsa humna tika biyyaa, maallaqaafi hariiroo biyya alaa keessatti kan ramadamu aangoo mootummaa federaalaa ta'ee kan

---

[62] Heera Rippablika Federaalawa Jarmanii, https://www.gesetze-im-internet.de/englisch_gg/englisch_gg.pdf irraa gaafa 18/07/2015 sa'aatii 4:32-tti ilaalame

[63] Heera Jarman, akkuma olii, keewwata 91 (c (2))

[64] Heera Jarman, akkuma olii, keewwata 91 (c (4))

[65] Cheryl, olitti yaadannoo 52ffaa, fuula 4

fudhatameedha.[66] Bifuma wal-fakkaatuun, federeeshinii Raashiyaa keessatti aangoon bulchiinsa QS mootummaa federaalaatiif kennamee jira.[67]

Yaa ta'u malee biyyoota kanneenitti mootummaan naannolee eegumsa mirga abbummaa kalaqaa keessatti gahee hin qaban jechuu miti. Fakkeenyaaf, Biyya Ameerikaatti hojiiwwan kalaqaa yookiin mirga waraabbii mootummaa federaalaatiin beekamtii argachuuf carraa hin arganneef, mootummaan naannolee aangoo beekamtii kennuu akka qaban barreeffamoonni ni ibsu.[68]

Guddinniifi nageenyi dhala namaa dandeettii yaadaafi kalaqa haaraa baasuu keenya irratti hundaa'a. Guddinni teeknolojii kalaqa haaraa qopheessuufi hojiirra oolchuu kan barbaadu yoo ta'u, aadaan socho'aa ta'e ammoo yeroo hunda karaa haaraa of-ibsuu barbaada. Kanaafis mirgi QS murteessaadha. Kalaqtoonni, artistoonni, saayintistoonniifi daldaltoonni kalaqaafi argannoo isaanii guddisuuf yeroo, maallaqa, humnaafi yaada guddaa itti-baasu. Sana akka godhan jajjabeessuufi invastimantii isaanii irraa bu'aa madaalawaa argachuuf QS isaanii akka eegan mirga isaaniif kennuu barnaachisa. Akkuma qabeenyota biroo, qabeenyi kalaqa sammuu guddina diinagdee, aadaafi hawaasummaa biyya tokkootiif gahee guddaa waan qabuuf addatti eegumsi seeraa ni barbaachisa jechuudha.

### A. Bulchiinsa Dhimmoota Qabeenya Sammuu Sadarkaa Idil-addunyaa

Eegumsi seeraa QS-tiif taasifamu sadarkaa idil-addunyaafi biyyaatti kan jiru yoo ta'u sadarkaa idil-addunyaatti Labsiin Mirgoota Namoomaa Waliigalaa keewwata 27 jalatti qabeenyi kalaqa sammuu eegumsa akka argatu tumee jira. Dhimma QS irratti adda durummaafi kallattiin kan beekamu Sanada TRIPS jedhamudha. Kana bu'uura godhachuun Dhaabbanni QS Addunyaa (WIPO) waliigaltee Stookhoolmiin bara 1967 A.L.A-tti akka hundaa'u ta'ee jira. Bara 1974 A.L.A-tti ammoo ejensii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii keessaa tokko ta'ee jira. Yeroo ammaa kana QS irratti waliigalteewwan idil-addunyaa 25 ol-mallattaa'uun WIPO jalatti bulfamaa jira. Innis qajeeltoo waliigalaafi imaammata adda addaa mirga QS ilaallatu akka idil-addunyaatti jiru ni too'ata. Sirna QS idil-addunyaa madaalawaafi bu'a qabeessa ta'een guddina aadaa, diinagdeefi hawaasummaa haala 'biodiversities' fi beekumsa aadaa tiksuu danda'uun itti-fufsiisuun kaayyoo ijoo WIPO-ti.

---

[66] Jane C. Ginsburg, U. S. Federalism and Intellectual Property, 2 COLUM. J. EUR. L. 463 (1996), fuula 465

[67] Heera Federeeshinii Raashiyaa, keewwata 71 (n), Microsoft Word - Constitution_eng.rtf (globalhealthrights.org) irraa gaafa 18/07/2015 sa'aatii 4:39-tti ilaalame

[68] Jane C, olitti yaadannoo 66[ffaa]

Kana malees, tokkoon tokkoon isaanii addunyaa guddachaa jirtu keessatti carraa wal-qixa akka argatan dambiiwwan idil-addunyaa fooyyessuudhaan garaagarummaa biyyoota adda addaa gidduu jiru, keessumaa biyyoota guddataniifi guddachaa jiran gidduu jiru wal-simsiisuuf itti-gaafatamummaa qaba. Konveenshinootaafi waliigalteewwan QS sadarkaa idil-addunyaatti mallatteeffamuun eegumsaafi beekamtii mirgoota paateentii (uumee);[69] mirga waraabbiifi mirgoota hidhata qaban;[70] fi mirgoota galmeessa mallattoolee daldalaa[71] ilaallatan ni jiru.

### B. Bulchiinsa Dhimmoota Qabeenya Sammuu Sadarkaa Ardii Afrikaa

Sadarkaa Ardii Afrikaatti sirni QS bifa wal-fakkaataa ta'eefi dhaabbanni hunda haammataa ta'e jiraachuu baatus dhabbattoonni QS irratti hojjetan lamatu jiru. Tokko Dhaabbata Qabeenya Sammuu Naannoo Afrikaa (ARIPO) biyyoota afaan Ingilizii dubbataniin bara 1976 A.L.A-tti waliigaltee Luusaakatti mallattaa'een hundaa'edha. Innis dhimma QS irratti biyyoota miseensota ta'an gidduutti tumsa kan mijeessu yoo ta'u, kaayyoon isaas humna faayinaansiifi namaa walitti qabuufi guddina teknolojii diinagdee, hawaasummaa, teknolojii, saayinsiifi misooma industiriitiif oolchuudha. Tajaajilli QS inni kennus paatentii, dizaayinii industirii, moodeela faayidaa, mallattoolee daldalaa, mirga waraabbiifi mirgoota hidhata qaban, beekumsa aadaafi eegumsa gosa biqiltootaa kan hammatudha.

Kana malees Dhaabbanni Qabeenya Sammuu Afrikaa (OAPI) biyyoota Afrikaa afaan Faransaay dubbataniin bara 1977 A.L.A-tti waliigaltee Banguitti mallattaa'een giddu-gala sirna galmee QS ta'ee tajaajiluuf hundaa'e. Innis kaayyoo biyyoota miseensa ta'aniif carraa wal-ta'iinsaan hojjechuu, qabeenya waliif qooduun yaada wal-jijjiiruun fedhii misooma dinagdeefi hawaasummaa guutuu, akkasumas ibsa og-barruufi aartii guddisuuf kan qophaa'edha. Kana malees biyyoonni miseensa ta'an mirga waraabbii, mallattoo daldalaafi paatentii dabalatee mirga qabeenya eeguuf tooftaalee bulchiinsaa akka qindeessan gargaara.

---

[69] Patent cooperation treaty (1970), Paris convention for the protection of industrial property (1983), Patent law treaty (2000), Budapest treaty on international recognition of deposit of micro organisms for purposes of patent procedure (1977), Stratusburg agreement concerninig the international patent classification (1971) fi Paris convention for the protection of industrial property (1883) muraasadha.

[70] Bernie convention for the protection of literary and artistic works (1887), Universal Copy right convention (Paris act) (1952), Universal copy right convention (Geneva act) (1971), WIPO copy right treaty (WCT) (1996), Rome convention for the protection of performers, producers of phonograms and BroadcaS & Ting Organizations (1961), Beijing Treaty on Audiovisual Performances (2012), WIPO Performances and phonograms treaty (WPPT) (1996) fa'a ta'uun WIPO jalatti bulu

[71] Trademark Law Treaty, Done At Geneva (1994) fi Madrid Agreement for the repression of false or deceptive indications of source on good (1891) ni jiru

## 2.4. Bulchiinsa Dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii Sadarkaa Itoophiyaa

Dhimoonni S & T yeroo jalqabaaf aguuggii seeraa kan argate bara 1975 yoo ta'u innis bu'uura Qajeelfama Lakkoofsa 65/1975'nidha. Hundeeffamuu Mootummaa Federaalawa Diimokiraatawa Rippaablika Itoophiyaafi tumamuu imaammata diinagdee haaraa hordofuun bu'uura Labii Lakkoofsa 91/1986-tiin yeroo lammaffaaf, akkasumas bu'uura Labsii Lakkoofsa 7/1987-tiin yeroo sadaffaaf irra deebiin aguuggii argatee jira. Dabalataanis bu'uura Labsii Lakkoofsa 1097/2010-tiin, akksumas yeroo ammaa bu'uura Labsii Lakkoofsa 1263/2013 fi Dambii Lakkoofsa 507/2014-tiin dhimmoonni S & T aguuggii seeraa argatanii jiru.

Akka waliigalaatti garuu Itoophiyaan sirna mootummaa federaalizimii akka hordoftu moggaasa mootummaa keewwata 1ffaa fi kutaalee Heera MRDFI kanneen biroo hedduu ta'an keessatti gaalee '*Rippaablika Diimokiraatawaa Federaalawa Itoophiyaa'* jedhu labsan irraa ni hubatama. Dabalataanis, dhaabbileen ijoo ta'an hundeeffamuun; heerri barreeffameefi jabaa ta'e jiraachuun; caaseffamni mootummaa lama jiraachuufi qoodinsi aangoo isaan jidduu jiraachuun;[72] akkasumas dhaabbattoonni walaba ta'anii qoodinsa aangoo kana tiksan jiraachuufi kunis wabii heeraa qabaachuun agarsiiftuudha.[73] Heericha fooyyessuuf hayyamni sadarkaa mootummaa lamaanii akka ulaagaa jabaatti barbaachisuun ammoo madaallii aangoo mootummaa federaalaafi naannoo jidduu jiru akka eegamu taasisa. Kanaaf, sirna federaalizimii keessatti mootummaan jiddu-galeessaafi naannoleen hundeessan heera mootummaatiin wal-qixa yoo ta'an, tokkoon tokkoon isaanii "aangoo seera baasuu, raawwachiisummaafi gibira kaffaluu isaanii keessatti kallattiin lammiilee isaanii waliin kan hojjetan yoo ta'u tokkoon tokkoon isaanii kallattiin lammiilee isaaniitiin kan filatamanidha".[74]

Yaa ta'u malee, milkaa'inni sirna federaalizimii jaarmiyaaleefi tumaa heeraa qofaan hin mirkanaa'u. Ilaalcha adeemsa bulchiinsa mootummaaf qaban, heera mootummaa mijatummaa qabu, hariiroo mootummaafi filattoota isaa jidduu-jiru dabalatee wantoota hedduufi wal-xaxaa ta'an irratti hundaa'a.[75] Naannoleef aangoo kennuun yeroo ce'umsaa kan eegale yoo ta'u heerri

[72] Tadesse Melaku, Ethiopian Constitutional Law Past and Present, volume II, March, 2017, fuula 48-49

[73] Nicolas Aroney, "Formation, Representation and Amendment in Federal Constitutions" in *The American Journal of Comparative Law*, vol. 54, no.2 (American Society of Comparative Law, 2006), fuula 277-336

[74] Ronald Watts, *Comparing Federal Sysytems in the 1990s* (Ontario: Inistitute of Intergovernmental Realations, 1996), fuula 7

[75]Ronald May, "Decesion-Making and Stability in Federal Systems" in *Canadian Journal of Politicla Science*, vol. 3, no. 1 (Canadian Political Science Association, 1970), fuula 74. http://www.jstor.org/stable/3231419 & Aroney, *Formation, Representation and Amendment*, *supra* note 25

MRDFI ragga'uu isaatiin caalaatti kan mirkanaa'eefi dhaabbataa ta'ee jira. Federeeshinichi yeroo ammaa kana, kan haaraa dabalaman lamaan dabalatee, naannolee kudha tokkoofi magaalota chaartaraan bulan lama of-keessaa qaba. Dizaayiniin federaalaa kunis eenyummaa sabaa irratti kan ijaarame yoo ta'u naannoleenis qubsuma sabaa cinaatti kan uumamaniidha.[76]

Itoophiyaa keessatti maddi qoodinsa aangoo Heera MRDFI qofa akka ta'e, qoodinsi aangoo kunis kan federaalaafi naannoo jedhamuun kan qoodamuufi naannooleen, mirga ofiin of-bulchuu guutuu ta'e qabaachuun,[77] aangoo mootummaa federaalaa kabajuu akka qaban, akkasuma mootummaan federaalaa aangoo naannolee kabajuu akka qabu tuma.[78] Aangoon kunis bu'uuraan qajeeltoo sirna federaalizimii kan ta'e dhimmoota irratti hundaa'uun (subject matter-based) oleedhaan (vertically) dhimmoota biyyattii guutuu ilaallatan mootummaa federaalaaf, dhimmoota naannoof faayidaa qaban mootummaa naannoleef, akkasumas dalgeen (horizontally) ammoo qaamolee mootummaa federaalaafi naannolee sadarkaa wal-fakkaataa (qaama seera baastuu, hiiktuufi raawwachiistuu) gidduutti kan qoodamedha.

Aangoo olee hamma aangoo sadarkaan mootummaa dhimma murtaa'e tokko irratti qabu bu'uura godhachuun bifa aangoo dhuunfaafi walootti qooduun ni danda'ama. Aangoo dhuunfaatiin (exclusive powers) wal-qabatee Itoophiyaa keessatti Mootummaan federaalaa dhimmoota biyyattii guutuu ilaallatan kanneen akka humna ittisa biyyaafi poolisii federaalaa, daldala naannoolee jidduufi alaa, dhimma kalaqa paatentiifi eegumsa mirga waraabbii, akkasumas istaandardii safaraa wal-fakkaataa baasuu fa'a irratti aangoo dhuunfaa (exclusive powers) qaba.[79] Kana jechuun dhimmoota kanneen irratti abbummaan seera baasuu, hiikuufi raawwachiisuuf qofaatti aangoo qaba jechuudha. Daangaa heera mootummaa federaalaa jalatti, naannoleen heera ofii isaanii baafachuun; dhimmoota naannoof faayidaa qaban kanneen akka bulchiinsa magaalaa, ibsaa, daandii, aadaa, muuziyeemiifi humna poolisii naannoo hundeessuufi bulchuun aangoo dhuunfaa naannoof kennamedha.[80]

Gama biraatiin aangoon waloo (shared power) jechuun dhimma tokko irratti aangoo mootummaan federaalaafi naannoo waliin qaban ta'uu agarsiisa.[81] Yaad-rimeen kun gosa sadii

[76] Olitti yaadannoo 2[ffaa], Heera MRDFI, hundee siyaasa heerichaa, seensaafi keewwattoota 8 & 39 (5)
[77] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwata 39 (3)
[78] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwata 50 (8)
[79] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwattoota 51 (6, 12, 19 & 20)
[80] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwattoota 50 (5) & 52 (2)
[81] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwata 52 (1) in cum 51 (2, 3 & 5), 52 (2 (c, d & f)), 55 (2(a)), & 98

qaba: aangoo bu'uura kaa'uu (framework formulation), dachaa (concurrent) fi wal-cinaa (parallel)-dha.

Qoodinsa aangoo bu'uura kaa'uu (framework formulation powers) irratti mootummaan federaalaa seera bifa waliigalaatiin (broad legislation) kan tumu yoo ta'u, naannoleen seera mootummaan federaalaa baase bu'uura godhachuun seera tarreeffamaa mataa isaanii akka baasaniif iddoo bal'aa dhiisa. Mootummaan federaalaa dhimmoota akkasii irratti istaandardii bu'uuraa malee aangoo seera tarreeffamaa (detailed legislation) baasuu hin qabaatu jechuudha. Aangoowwan tarraa'an keessaa qoodinsa aangoo bu'uura kaa'uuf roga-qabeessa kan ta'e dhimma S & T irratti kan xiyyeeffannu ta'a. Dhimma S & T-tiin wal-qabatee Heera MRDFI keewwata 51 (3) jalatti *"the federal goverment shall establish and implement national standards and basic policy criteria for public health, education, science and technology as well as for the protection and preservation of cultural and historical legacies"*

Afaan Oromootti yoo hiikamu, mootummaan federaalaa aangoo istaandardii biyyaalessaafi ulaagaa imaammata murteessoo dhimma fayyaa hawaasaa, barnoota, S & T, akkasumas eegumsaafi kunuunsa aadaafi hambaa seena-qabeessa irratti baasuufi hojii irra oolchuu qaba jedha. Aangoon kun gosa qoodinsa aangoo waloo ta'ee gosa qoodinsa aangoo bu'uuraa (framework power) jalatti ramadama.

Gosa qoodinsa aangoo wal-faanaatiin (concurrent powers) wal-qabatee dhimmoota mootummaan federaalaas ta'ee kan naannoo seera irratti baasaniifi bulchaniidha. Heera MRDFI keewwata 98-tiin qaamni seera baastuu mootummaa federaalaafi naannoo dhimma gibiraa murteessuufi walitti qabuu irratti aangoo dachaa (concurrent power of taxation) akka qaban tuma. Akka jechama keewwatichaatti qaamni seera baastuu mootummaa federaalaafi naannoo bakka tokko waliin taa'uun seera baasuu waan qaban fakkaata. Kun immoo hojii qabatamaan ta'uu hin dandeenyeefi kan heera biyyoota biroo keessatti tumameen adda.[82] Qabatamaan mootummaan federaalaa maddoota akkasii irraa galiifi gibira ofumaan walitti qabuun ofiifi naannoleef adda qooda.[83]

Gama biraatiin yaad-rimeen gosa qoodinsa aangoo wal-cinaa (parallel powers) mootummaan federaalaafi naannoo dhimma tokko irratti gahee adda addaa kan qaban ta'uu agarsiisa. Kanaan

---

[82] Dash, *Indian Federalism,* Fakkeenyaaf Indiyaa keessatti yoo seerri mootumaa federaalaatiin baheefi kan mootummaa naannotiin bahe walitti bu'an, seerri federaalaan bahe fudhatama akka qabaatu heera biyyattii keessatti tumamee jira. Kan biyya Kanaadaas akkasuma

[83] Solomon Nigussie, *Fiscal Federalism in the Ethiopian Ethnic-based Federal System* (Nijmegen: Wolf Legal Publishers, 2006), fuula 137

wal-qabatee baay'inaan mootummaan federaalaa aangoo seera baasuu qofa qabaachuun aangoo bulchiinsaa naannoleef dhiisa. Itoophiyaa keessatti dhimmi lafaa haala kanaan bula.[84]

Qajeeltoon qoodinsa aangoo inni biraa bu'uura Heera MRDFI keewwata 52 (1)-tiin "Aangoon ifatti Mootummaa Federaalaa qofaaf, yookiin wal-faana Mootummaa Federaalaafi Naannoleef hin kennamin aangoo naannoo ta'a" jedha. Kunis naannoleen aangoo dhuunfaa (exclusive powers) fi mootummaa federaalaa waliin kennameefiin[85] alatti dhimmoota hafan irratti aangoo qabaachuu isaanii agarsiisa (residual powers). Ta'us hawaas-diinagdee tokko uumuufi tursiisun ni barbaachisa jedhamee Mana Maree Federeeshiniitiin (kana booda MMF) yoo itti amaname Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa (kana booda MMBBU) seera siivilii (hariiroo hawaasaa) ni baasa.[86] Gama biraatiin mootummaan federaalaa aangoo dhuunfaa (exclusive powers) fi kan naannolee waliin kennameef, yeroo barbaachisetti, naannoleef bakka bu'iinsaan kennuu ni danda'a.[87]

Heera MRDFI keewwattoonni 50-52 fi 55 aangoofi gahee mootummaa federaalaafi naannolee tarreessan kun guutummaan waan hunda tarreessanii jiru jechuun hin danda'amu (by no means exhuastive).[88] Kanaafuu, suuraa guutuu qoodinsa aangoo argachuuf tumaaleen kun tumaalee biroo waliin dubbifamuu qabu.

Sadarkaa Naannoo Oromiyaattis Heera MNO bara 1994 bahe dabalatee seeronni akka Dambii Lakkoofsa 112/2000, Labsii Lakkoofsa 163/2003, Labsii Lakkoofsa 199/2008, Labsii Lakkoofsa 213/2011 fi Labsii Lakkoofsa 242/2014 keessatti qabeenya sammuu dabalatee dhimmoonni S & T aguuggii seeraa argatanii jiru.

### 2.5.Aangoo Bulchiinsa Dhimmoota Qabeenya Sammuu Sadarkaa Itoophiyaa

Gama biraatiin seera hariiroo hawaasaa bara 1960[89], seera yakkaa bara 1957[90] fi kan bara 1996[91] A.L.A-tti bahe keessatti QS-tiif beekamtiin kennamee ture. Heera MRDFI keewwata 40 (1) fi

---

[84] Olitti yaadannoo 2ffaa, Heera MRDFI keewwattoota 51 (5), 52 (2 (d)) & 55 (2 (a))
[85] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwata 52 (1) in cum 51 (2, 3 & 5), 52 (2 (c, d & f)), 55 (2(a)), & 98
[86] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwata 55 (6)
[87] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwata 50 (9)
[88] It should be borne in mind that the application of the federal law is not confined to the federal cities alone. For example, crime, employment amd national flag are federal matters; hence, subject to the Federal Criminal Code, Labor proclamation and the National Flag Proclamation. The question is on which side of the jurisdictional line a certain issue falls.
[89] Seera Hariiroo Hawaasaa Labsii Lakkoofsa 165/1960 keewwattoota 2512 & 2632
[90] Seera Yakkaa Itoophiyaa bara 1957 bahe keewwattoota 466, 675 & 676
[91] Seera Yakkaa MRDFI Labsii Lakkoofsa 414/1996 keewwattoota 720-724

Heera MNO Fooyya'ee bahe Labsii lakkoofsa 46/1994 fi fooyya'insa Labsii lakkoofsa 94/1997 fi 108/1998 keewwata 40 (1) jalatti namni lammii Itoophiyaa ta'e kamiyyuu mirgi abbaa qabeenyaa dhuunfaa ta'uu isaa ni kabajamaaf. Mirgi kun faayidaa uummataa eeguudhaan haala biraatiin seeraan hanga hin murtaa'initti mirga qabeenya qabaachuufi itti-fayyadamuu yookiin mirga namoota biraa hanga hin morminetti mirgoota qabeenya gurguruu, dhaalaan yookiin karaa biraatiin dabarsuu of-keessatti hammata. Bifuma wal-fakkaatuun heera lamaanuu keewwata 40 (2) jallatti qabeenya dhuunfaa qabatamaa hin taane (QS) akkuma qabeenya biroo eegumsa wal-qixa akka argatu tumamee jira. Mirgoonni QS wal-qabatan labsii mirgoota namoomaa waliigalaatiin (UDHR)[92] fi waadaalee idil-addunyaa kanneen biroo keessatti akka mirga dhala namaatti beekamtii argatanii jiru. Itoophiyaanis waliigalteefi waadaawwan kanneen kan mallatteessite ta'uun mirgoota kanneeniif beekamtii kennitee jirti.[93]

Dabalataan Heera MRDFI keewwata 91 (3) jalatti mootummaan hanga dandeettiin diinagdee hayyameefitti hojiilee aartii, S & T babal'isuuf dirqama akka qabu tumamee jira. Kanuma bu'uura godhachuun mootummaan mirgaafi dirqama, akkasumas eegumsa QS'f seerota adda addaa baasuun hojii irra oolchaa jira. Isaanis bu'uura Labsii Lakkoofsa 123/1995, Labsii Lakkoofsa 320/1995, Labsii Lakkoofsa 501/1998, Labsii Lakkoofsa 410/1996 fi kan kan fooyyesse Labsii Lakkoofsa 872/2006, Labsii Lakkoofsa 686/2002, Labsii Lakkoofsa 1025/2009, Labsii Lakkoofsa 813/2013, Labsii Lakkoofsa 1263/2013 fi labsiiwwan kanneen hojii irra oolchuuf seerota itti aananii bahan ni dabalata. Dhimmoota QS keessaa uumeefi mirgi waraabbii (patent and copy rights) mirgoota aguuggii heeraa argataniifi dhimmi aangoo seera baasuu, hiikuufi raawwachiisuu mootummaa federaalaaf kenname [94] yoo ta'u kanneen osoo hin ibsamin hafan ammoo aangoo naannolee akka ta'an hubachuun ni danda'ama.[95]

Sadarkaa Naannoo Oromiyaattis dhimmoonni QS Heera MNO dabalatee Labsii Lakkoofsa 242/2013 keewwatoota 44 (2, 8, 16, 19 & 26) jalatti aguuggii seeraa argatanii jiru.

## 2.6.Caasaa Bulchiinsa Dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii Sadarkaa Biyyaafi Naannichaa

Akka biyyaatti caasaaleen S & T bulchaniifi hoogganan yeroo jalqabaatif bara 1965 A.L.I-tti Ejensiin Sadarkaalee Itiyoophiyaa fi bara 1975 A.L.I-tti ammoo Komishiiniin Saayinsiifi Teeknoloojii Itoophiyaa hundeeffamanii jiru. Bara 1982 booda hundeeffamuu mootummaa

[92] Labsii Mirgoota Namooma Waliigalaa (UDHR) (1948) keewwata 27
[93] Olitti yaadannoo 2ffaa, Heera MRDFI keewwattoota 9 (4) & 13 (2)
[94] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwattoota 51 (19), 55 (2 (g)) & 77 (5)
[95] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwata 52 (1)

Federaalawa Diimokiraatawa Rippaablika Itoophiyaafi tumamuu imaammata diinagdee haaraa hordofuun bu'uura Labsii Lakkoofsa 91/1986-tiin yeroo lammaaffaaf, akkasumas bu'uura Labsii Lakkoofsa 7/1987-tiin yeroo sadaffaaf irra deebiin akka hundaa'u ta'ee jira. QS-tiin wal-qabatee hundeeffama Komishinii Saayinsiifi Teknolojii Itoophiyaa irraa hanga bara 1995-tti hojiiwwan QS ilaallatan aangoo Komishinichaa kan turan yoo ta'u bu'uura Labsii lakkoofsa 320/1995-tiin Waajjirri Qabeenya Sammuu Itoophiyaa akka hundaa'u ta'een aangoon dhimmoota QS ilaallatan gara Waajjirichaatti akka darbu ta'ee jira.

Sadarkaa guddina damee kanaa, akkasumas fedhiin mootummaafi hawaasaa irra gahe waliin wal-qabatee bu'uura Labsii Lakkoofsa 1263/2013-tiin yeroo ammaa kana manneen hojii: Ministeera Innooveeshiniifi Teknolojii, Abbaa Taayitaa Teknolojii Itoophiyaa, Ejensii Sadarkaalee Itoophiyaa, Waajjira Amantaa Argachiisuu Itoophiyaa, Abbaa Taayitaa Qabeenya Sammuu Itoophiyaa, Interpiraayizii Madaallii Mijatummaa Itoophiyaa, Akkaadaamii Saayinsii, Saayinsii Hawwaa (Space Science), fi "Artificial Intelligence", walumaagalatti manneen hojii 13 (kudha sadii)'tti gurmaa'uun bal'inaan dhimma S & T irratti hojjetamaa jira.

Kana malees Naannoo Saba, Sab-lammootaafi Ummattoota Kibbaatti qaamni dhimmoota S & T naannichaa bulchu sadarkaa Biirotiin caaseffamee gurmaa'insa sadiin: damee bulchiinsaa, damee saayinsiifi damee ICT jedhamutti gurmaa'uun muudamtoota Itti-aantotaa sadiifi hogganaa Biiroo tokko qabaachuun hojjechaa jira.[96] Caasichi sadarkaa Biirotiin hundaa'uun isaa hogganaan miseensa kaabinee naannichaa ta'uun dhimma biirichaa dabalatee murtii mootummaan murteessu keessatti sagalee kan qabuufi yaada biirichaa haala guutuu ta'een kallattiin mootummaaf akka dhiyeessuuf faayidaa qaba.[97] Kana malees caasaa sadarkaa Godinaa, Aanaafi/yookiin Magaalaa qabaachuun hoggantoonni muudamtoota caasaa mootummaa sadarkaan jiranii ta'uun tajaajila dhimmoota S & T itti-dhiheenyaan kennaa jiru.[98]

Akka Naannoo Oromiyaattis dameen kun xiyyeeffannoo argachuudhaan bu'uura Dambii Lakkoofsa 112/2000-tiin maqeeffama Ejeensii Teknolojii Qunnamtii Odeeffannoo Oromiyaa jedhamee Mana Maree Bulchiinsa Naannichaatiin qaamni dhimmoota S & T bulchu hundeeffamee jira. Bu'uura Labsii Lakkoofsa 163/2003-tiin aangoofi gaheen hojii kennameefii

[96] Af-gaaffii Obbo Gabree Gaaggee, Hogganaa Biiroo Saayinsii, Informaation tekinolojii Mootummaa Naannoo Sabootaa fi Sablammootaa Kibbaa waliin gaafa 09/06/2015 taasifame
[97] Af-gaaffii Obbo Gabree, akkuma olii
[98] Af-gaaffii Obbo Gabree, akkuma olii

Caffee Oromiyaatiin maqeeffama duraan kennameefiin irra deebiin hundaa’ee jira. Itti-aansudhaanis mootummaan hojii S & T-tiif xiyyeeffannoo addaa kennuudhaan bara 2008 A.L.I-tti mana hojii dabalataa Ejensii Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa bu’uura Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Manneen hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiidhaan gurmeessuuf bahe Labsii Lakkoofsa 199/2008-tiin akka hundaa’u ta’ee jira. Haaluma wal-fakkaatuun caaseffamni manneen hojii mootummaa irra deebiin akka caaseffaman ta’een, bu’uura Labsii Lakkoofsa 213/2011-tiin Ejensiiwwan lamaan iddoo tokkotti fiduun ATST fi Qunnamtii Odeeffannoo Oromiyaa aangoofi gaheen hojii 25 keennameefii akka hundaa’u ta’ee jira. Labsii kana bu’uura taasisuun JBAH bara 2011 A.L.I-tti qoratameen damee lama, daayirektooreetii ijoo 8, daayirektooreetii kutaalee deeggarsaa 4, fokaalii 4 fi gareewwan 26’n gurmaa’ee hojjechaa jira. Yeroo ammaa kanas bu’uura Labsii Lakkoofsa 242/2014-tiin maqaan mana hojichaa gara ATSTO-tti jijjiiramuun labsicha keewwata 44 jalatti aangoofi gahee hojii 26 qabaachuun dhimmoota S & T irratti hojjechaa jira.

# BOQONNAA SADI

# XIINXALA DAATAA

## 3.1.Seensa

Akkuma armaan olitti ibsame dhimmoonni S & T bal'inaafi amala saffisaan jijjiiramuu kan qaban ta'uun sirna bulchiinsaa cimaafi saffisa haala jijjiirama Addunyaa waliin kan adeemu ta'uun barbaachisaa akka ta'e ni beekama. Kanuma jiddu-galeessa godhachuun Itoophiyaan waliigalteewwan Addunyaa kanneen dhimmoota S & T'n wal-qabatan mallatteessuun diinagdee biyyaa S & T utubuuf hojjechaa kan jirtuufi bu'aas argamsiisaa kan jiru ta'uun ni beekama. Caasaa kanaaf barbaachisus, haala qabatama sirna bulchiinsa federaalizimii bu'uura godhateen, diriirsuun irratti hojjetamaa jira. Bu'uuruma kanaan sadarkaa Naannoo Oromiyaatti, qaamoleen al-kallattiin hirmaannaa qaban jiraatanis, abbummaan ATSTO dhimmoota S & T sadarkaa naannichaa hogganaa kan jiru ta'uun ni hubatama. Boqonnaan kunis daataa sassaabame irratti hundaa'uun seeraafi qabatama haala bulchiinsa dhimmoota S & T sadarkaa naannichaa ni xiinxala. Dabalataanis hudhaalee galma gahiinsa bulchiinsa dhimmoota S & T naannichaa irratti dhiibbaa geessisan adda baasuun ni ibsa. Kana malees, sababa sirnaan hogganamuu dhabuu dhimmoota S & T naannicha keessatti hojii irra oolaniitiin miidhaan diinagdee, hawaasummaafi siyaasaa akka mootummaafi ummata naannichaa irra gahe ni ibsa.

Kana gochuufis boqonnichi kutaawwan gurguddaa shanitti kan qoodamu yoo ta'u inni jalqabaa seensa ta'a. Kutaan lammataafi inni bu'uuraa aangoo bulchiinsa dhimmoota S & T naannichaa akka waliigalaatti kan sakkatta'uufi daangaa aangoo kanaa kan xiinxalu ta'a. Kutaa sadaffaan ammoo rakkoowwan gama uwwisa seeraafi caaseffama (Legal and Inistitutional Framework Problems) bulchiinsa tokkoon tokkoo dhimmoota S & T fi kanneen hidhata qaban ni xiinxala. Kutaa afraffaan hudhaalee keessaafi alaa galma gahiinsa aangoo bulchiinsaa dhimmoota S & T ATSTO irratti dhiibbaa geessisan xiinxaluufi sababa uumamuu hudhaalee kanneeniitiin miidhaa ummataafi mootummaa naannichaa irra gahe kan adda baasu ta'a.

## 3.2.Xiinxala Seeraafi Qabatama Aangoo Bulchiinsa Waliigala Dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii

Hojiin bulchiinsa dhimmoota S & T mataa isaatin bal'inaafi wal-xaxiinsa, akkasumas amala saffisaan jijjiiramuufi haaraan bakka bu'amuu kan qabu waan ta'eef, Mootummaan Federaalaa tokkoo tokkoo hojiiwwan bulchiinsa dhimmoota S & T biyyattii keessatti hojjatamu hunda raawwachuu akka hin dandeenyeefi barbaachisaas akka hin taane hubachuun ni danda'ama. Haaluma kana jiddu-galeessa kan godhate Heerri MRDFI keewwata 51 (3) jalatti mootummaan federaalaa dhimma bulchiinsa S & T ilaalchisee ulaagaa yookiin safartuu biyyoolessaafi imaammata bu'uuraa (framework formulation) akka bocuufi hojii irra akka oolchu aangessee jira. Kunis hojiin misoomaafi bulchiinsa dhimmoota S & T guutuu biyyattii keessatti gaggeeffamu ulaagaafi istaandardii bu'uuraa wal-fakkaataa akka qabaatu yaadamee akka ta'e afuura keewwatichaa irraa ni hubatama. Iskimiin akkasii garaagarummaa keessatti carraa wal-fakkeenya madaalawaa uumuu kan qabu, jechuunis; gama tokkoon ulaagaafi istaandaardii bu'uuraa guutuu biyyaa hayyamuu, gama birootiin ammoo kalaqa haala qabatama naannootiin wal-simuuf bakka kennuu agarsiisa. Kanaaf, mootummaan federaalaa dhimmoota S & T irratti istaandardii bu'uuraa malee aangoo seera tarreeffamaa (detailed legislation) baasuu hin qabu jechuudha.[99]

Haalota kana bu'uura godhachuun hojiiwwan sadarkaa safartuu yookiin ulaagaa biyyoolessaa kaa'uufi immaammata bu'uuraa baasuu gadi jiran hunda; jechuunis hojiiwwan ulaagaaleefi imaammata bahan hojii irra oolchuu, ulaagaaleefi imaammata bahan irratti hundaa'uun seerota barbaachisaan baasuu, seerota sana hiikuufi hojii irra oolchuu, caasaa mootummaa hojichaaf barbaachisan hundeessuufi k.k.f. naannoleen akka hojjataman Heerri MRDFI al-kallattiin aangessee jira jechuun ni danda'ama.[100]

Kana malees, mootummaan federaalaa hojiin bulchiinsaafi misooma S & T biyyattii keessatti hojjatamu, bifa qulqullina qabuufi miidhaa dhaqqabsiisuu hin dandeenyeen akka hojjatamu, hojichis itti-fufiinsa akka qabaatuufi bu'a-qabeessa akka ta'u ilaalchisee ofiin hojjachuu qofa

---

[99] Asefa Fiseha, "Theorey Versus Practice in Ethiopia's Ethnic Federalism" in David Turton (ed.) *Ethnic Federalism: The Ethiopian Exparience in Comparative Perspective* (Addis Abeba: Addis Abeba University Press, 2006), fuula142

[100] Olitti yaadannoo 2[ffaa], Heera MRDFI keewwata 52 (1)

osoo hin taane, hanga humni isaa danda'e hojii misooma aartii, S & T deeggaruuf dirqama akka qabu Heerri MRDFI keewwata 91 (2) jalatti tumee jira. Qaamota hojii misooma aartii, S & T irratti hojjetan keessaa naannoleen ijoo waan ta'aniif mootummaan federaalaa hojii kana deeggaruu akka qabu tumaan Heerichaa kun ni akeeka. Hojiin misooma aartii, S & T kunis aangoo bulchiinsaa akka of-keessaa qabu hubachuun ni danda'ama.

Kanuma bu'uura godhachuun MMBBU Labsii aangoofi gahee hojii qaamolee raawwachiiftuu mootummaa federaalaa tarreessu Labsii lakkoofsa 1263/2013 tumee jira. Labsicha keewwata 29 jalatti aangoofi gahee hojii MinT yoo tarreessu haaluma Heerri MRDFI mootummaa federaalaa aangesseen dhimmoota S & T irratti MinT ulaagaa istaandardiifi imaammata murteessoo baasuufi hojii irra oolchuu akka qabu kan tume ta'uu hafuurafi yaadama tarreeffama keewwatichaa bakka tokkotti dubbisuun hubachuun ni danda'ama. Keessattuu qaamota innoveeshiniifi teknolojii irratti hojjetaniif deeggarsa ogummaafi teekinikaa gochuu; hojii misooma innoveeshiniifi teknolojii naannoleen hojjetaman irratti wal-hubannaan akka jiraatu taasisuufi hojii irra oolmaa isaanii hordofuu haala dirqamsiisaa fakkaatuun kan tume ta'uu malee tumaan aangoo bulchiinsa dhimmoota S & T naannolee daangesse hin jiru.[101]

Kana malees Labsichi Abbaan Taayitaa Teknolojii Itoophiyaa qaama mootummaa federaalaa kaayyoo teknolojii miidhaa qaqqabsiisan irraa fayyummaa hawaasa, naannoofi qabeenyaa mirkaneessuu jiddu galeessa godhachuun of-danda'ee akka hundaa'uufi ATQSI dabalatee itti-waamamni isaa MinT'f akka ta'u tumee jira.[102] Dabalataanis mirgiifi dirqamni Abbaa Taayitaa Eegumsa Balaqqee Itoophiyaa gara Abbaa Taayitaa Teknolojii Itoophiyaatti akka dabalamu ta'ee jira.[103] Dambiin Gurmaa'insa, Aangoofi Itti-gaafatamummaa Abbaa Taayitaa Teknolojii Itoophiyaa murteessuuf bahe jechi teknolojii jedhu gosoota teknolojiiwwan biroo dabalatee teknolojii balaqqeefi niwukilaraa kan haammatu ta'uufi dambichaan akka bulus tumamee jira.[104]

Heera MNO keewwata 106 (3) irratti Mootummaan Naannichaa hanga humni hayyametti S & T misoomsuufi guddisuuf dirqama akka qabu tumee jira. Heera mootummaa kana keessatti,

---

[101] Olitti yaadannoo 5ffaa, Labsii Lakkoofsa 1263/2013 keewwata 29 (1 (n))
[102] Akkuma olii, Labsii Lakkoofsa 1263/2013 keewwattoota 58 (1) & 90 (2 & 4) fi Olitti yaadannoo 20ffaa, Dambii Lakkoofsa 507/2014 keewwata 3
[103] Olitti yaadannoo 5ffaa, Labsii Lakkoofsa 1263/2013 keewwata 106 (36)
[104] Olitti yaadannoo 20ffaa, Dambii Lakkoofsa 507/2014 keewwattoota 2 (14) & 4

dhimmi misooma S & T keewwata dhimma misooma aadaa, duudhaa, seenaa, aartiifi bulchiinsa qabeenya uumamaa tumu keessatti kan hammatameedha. Dhimmoonni kanneen uumama isaaniitiinis ta'e qoodinsa aangoo taasifameen dhimmoota aangoon bulchiinsa mootummaa naannootiif irratti kennameedha.[105] Bu'uura tumaa kanaatin, Mootummaan Naannichaa dandeettii maallaqaafi ogummaa kan qabaatu taanaan S & T dhimma kamiilleen osoo hin daangeffamiin misoomsuutu irraa eegama. Akka hin misoomsine kan daangeffamu osoo hin taane, S & T akka misoomsuufi akka babal'isuu uummata Naannichaatiin akkasumas mootummaa federaalaatiin kan gaafatamu ta'a jechuudha. Bu'uuruma kanaan, aangoo misoomsuu guutummaatti kan qabu taanaan, hojiiwwan misooma S & T wajjin wal-qabatan kamiinuu aangoo hogganuufi bulchuu ni qabaata jechuudha.

Heera MRDFI keewwata 50 (9) jalatti "Mootummaan federaalaa yeroo barbaachisaa ta'etti aangoofi hojii heericha keewwata 51'n kennameef bakka bu'ummaan Naannoleef kennuu ni danda'a" jedha. Kunis naannoleen tajaajila dhaqqabamaa, si'oominaafi qulqullina qabu ummataaf akka kennan carraa dabalataa kan kaa'edha. Innis qoodinsa aangoo idileefi sirna federaalizimii irratti dhiibbaa kallattii akka hin geessifnee dhiphisanii hiikuun haala bal'inaafi qabatama sosochii hawaas-diinagdee naannoo Oromiyaa; dhaqqabummaa, si'oominaafi qulqullina tajaajila mootummaa irraa gama bulchiinsa dhimmoota S & T'n eeggamu; hanqina humna namaafi qabeenyaa akka biyyaattis ta'ee akka naannichaatti jiru jiddu-galeessa godhachuun mootummaan federaalaa (qaamoleen dhimmoota S & T irratti hojjetan) kaayyoo keewwata kanaa hojii irra oolchuun ni danda'ama ture. Qophaa'ummaafi kak'umsi gama kanaan mootummaan naannichaa (ATSTO) qabus laafaa ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Xiinxala armaan olitti ta'e irraa ka'uun mootummaan naannichaa bu'uura Heera MRDFI keewwata 52 (1) & (2 (a-c)), Heera MNO keewwata 46, 47 (1 & 2 (a)), fi 49 (3 (p))-tiin istaandardiifi immaammata mootummaan federaalaa baase bu'uura godhachuun dhimmoota S & T irratti aangoo bulchiinsaa guutuu waan qabuuf aangoo seera tarreeffamaa (detail law) baasuu, hiikuufi raawwachiisuu, akkasumas caasaa kanuma galmaan gahan gurmeessuufi diriirsuu ni danda'a jechuudha.

[105] Cheryl, olitti yaadannoo 52[ffaa], fuula 3

Bu'uuruma kanaan sadarkaa Naannoo Oromiyaatti ATSTO dhimmoota S & T irratti aangoo bal'aa akka qabu tarreeffama Labsii lakkoofsa 242/2014 keewwata 44 irraa hubachuun ni danda'ama. Tarreeffama aangoofi gahee hojii keewwatichaa irra-keessa yoo ilaalan ATSTO hojii deeggarsaa taasisuu qofa akka danda'u fakkaata. Guutummaa labsichaafi aangoo qaamota mootummaa birootiif kenname, akkasuma hojii irra oolmaa isaanii kan ATSTO-tiin wal-bira qabuun yoo ilaalamu garuu aangoofi gaheen hojii ATSTO'f kenname aangoo bal'aafi murteessaa ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Gama kanaan gahee hojii ATSTO qabu keessaa tokko kalaqni S & T Naannoo Oromiyaa keessatti akka cimu gochuudha. ATSTO sosochiiwwan kalaqa S & T akka jajjabeessu akkasumas ol'aantummaan akka qindeessu aangeffamee jira.[106] Haaluma kanaan, hubannoofi beekumsa hawaasni naannichaa saayinsii, teknolojiifi qunnamtii irratti qabu akka cimuufi babal'atu, akkasumas ogeessotni manneen hojii sochii S & T irratti hirmaachaa jiran dandeettii isaanii akka cimsatan irratti akka hojjatu aangeffamee jira.[107] Hojiiwwan misoomaafi gabbisa S & T akka babal'atuufi qulqullinni isaas akka dabalu taasisuu irratti hojjata; hojiiwwan gama kanaan hojjataman ititanii tajaajila gaarii kennuu akka danda'an taasisuuf ol'aantummaan kan qindeessu ATSTO jechuudha. Sochii S & T naannicha keessatti gaggeeffaman cimsuuf deeggarsa maallaqaa, meeshaaleefi ogummaa ni taasisa; qaamni biraas akka deeggaruuf ni hojjata;[108] qaamota deeggarsa taasisaniif badhaasaafi jajjabeessituu ni diriirsa; hojiirra ni oolcha.[109]

Yaa ta'u malee uumamuma qoodinsa aangoo olee ta'ee sadarkaa mootummaa federaalaafi naannolee jidduutti miirri dorgommii dantaa uumamuu ni danda'a.[110] Qabatamni biyya keenyaas kanaan ala miti. Mootummaa federaalaafi naannoo, akkasumas qaamota seera baasaniifi raawwachiisan jidduu tumsi galma waloo jiraachuun mariifi wal-hubannoon seerota wal-siman baasuufi seeronni bahanis bifa guutuu ta'een akka raawwataman taasisuu keessatti hanqinni kan jiru ta'uu hubachuun ni danda'ama.

---

[106] Olitti yaadannoo 12[ffaa], Labsii Lakkoofsa 242/2013 keewwata 44 (2)
[107] Akkuma olii, Labsii Lakkoofsa 242/2013 keewwata 44 (11)
[108] Akkuma olii, Labsii Lakkoofsa 242/2013 keewwata 44 (7)
[109] Akkuma olii, Labsii Lakkoofsa 242/2013 keewwata 44 (10)
[110] Cheryl, Olitti yaadannoo 52[ffaa]

Kana malees aangoon waliinii uumamaan kan wal-irra bu'u (overlapping nature) ta'uu irraa kan ka'e darbee darbee falmiin aangoo ni uumama. Kanaafidha federeeshiniiwwan baay'een isaanii seera naannoo kan federaalaatiin wal-hin simne irratti seerri federaalaa ol'aantummaa akka qabaatu kan labsu *keewwata ol'aantummaa federaalaa* kan qaban.[111] Fakkeenyaaf, Heerri Ameerikaa akka jedhutti; the *"Constitution and the laws of the United States... shall be the supreme law of the land... anything in the constitutions or laws of any state to the contrary notwithstanding"*.[112] Akka tumaa heera kanaatti, seerri naannoo sadarkaa 1[ffaa]fi 2[ffaa] qajeelfama ejensii dabalatee seera federaalaa kamiyyuu ni faallessa yoo ta'e fudhatamummaa duursaa kan qabu seera federaalaati. Kan biyya Hindiitis kanumaan wal-fakkaata.[113] Heerri MRDFI keewwatni 50 (8) aangawoota federaalaafi naannoo gidduutti wal-kabajuun akka jiraatu kan akeeke ta'us seera federaalaafi naannoo wal-faalleessan furuu ilaalchisee MMF'n akka hiikamu taasisuun ala waa'ee hariiroo isaanii callisee jira. Heerawummaan isaa hayyootaan kan ceepha'amu ta'us qaawwa gama kanaan jiru duuchuf tattaaffii taasifame kan fakkaatu Labsiin Lakkoofsa 1234/2013 keewwata 6 (2) jalatti abbootiin murtii federaalaa dhimmoota naannoo akkaataa seera naannootiin akka murteessan kan dirqisiisu yoo ta'u, seeronni naannoo seera federaalaa yookiin qajeeltoo waliigaltee wajjin yeroo wal-faallessan abbaan murtii seera naannoo seera federaalaatiin yookiin qajeeltoo waliigalteen faallaa ta'e kuffisuu akka qaban ibsa.[114]

Ijoo qorannichaa kan ta'e bulchiinsa dhimmoota S & T irratti sirna qoodinsa aangoo Heera MRDFI armaan olitti ilaalle cabsuun caasaan sadarkaa federaalaa akka feeteen seera tarreeffamaa (detail law) ta'e baasaa kan jiruufi aangoo gara jiddu-galeessaatti kan tuule ta'uu

---

[111] Danielle Finck, *Judicial Review: The United States Supreme Court versus the German Constitutional Court,* 20 B.C. Int'l& Comp. L. Rev. 123(1997), http://lawdigitalcommons.bc.edu/iclrr/vol20/issl/5 irraa gaafa 18/07/2015 sa'aatii 9:26-tti ilaalame

[112] Heera Ameerikaa (1787), keewwata VI, https://uscode.house.gov/static/constitution.pdf irraa gaafa 18/07/2015 sa'aatii 9:32-tti ilaalame

[113] The Constitution of India declares the supremacy of federal statutes over contradictory state statutes, irrespective of the time of enactment under its Article 254. Heera Hindii (1950), https://cdnbbsr.s3waas.gov.in/s380537a945c7aaa788ccfcdf1b99b5d8f/uploads/2023/05/2023050195.pdf irraa gaafa 18/07/2015 sa'aatii 9:36-tti ilaalame

[114] Labsii Manneen Murtii Federaalaa Lakkoofsa 1234/2013 keewwata 6 jalatti: "(1) Federal Courts shall settle cases or disputes, submitted to them within their jurisdiction on the basis of: (a) Federal laws and international treaties; (b) Regional laws where the cases relate to same; 2) Regional laws to be applied pursuant to sub-Article (1) (b) hereof *shall not be applicabe where they are inconsistent with Federallaws and international treaties."*

agarsiisa.[115] Agarsiiftuun kanaas, teknolojii balaqqeetiin wal-qabatee Labsii Ittisaafi Too'annaa Balaqqeefi Niwukilaraa, akkasumas kan bu'uuraalee qulqullinaa kaasuun ni danda'ama.[116] Kana malees dhimmoota S & T-tiin wal-qabatee aangoo bu'uura heeraafi seera sadarkaa naannichaatti baheen ifaan kennameefii jiru hojii irra akka oolu gochuu ilaalchisee hanqinni raawwii akka jiru daataan qorannichaa ni agarsiisa.[117]

Dhimmoonni S & T akkuma bal'aa ta'an seeronni gama kanaan aangoofi bulchiinsa isaanii bifa guutuufi gahumsa qabuun hojii irra oolchuu dandeessisan hin jiran.[118] Darbees seerotaafi istaandardiidhuma jiran hojii irra oolchuun hanqina waan qabuuf naannicha keessatti dhimmi bulchiinsa S & T facaatiifi akka-feeteen akka jiraatu taasisee jira.[119] Fakkeenyaaf, akka Addunyaatti dhiibbaa ol'aanaa inni naannoo irraan gahu irraan kan ka'e albuuda meerkurii fayyadamuun albuudota baasuun dhorkamee jira. Dhorkamuun hojii irra oolmaa albuuda kanaa gama tokkoon biyya guddachaa jirtuuf dhiibbaa mataa isaa qabaatus kana bakka buusuuf 'Cyanide' akka fayyamnu ta'ee jira. Yuuraaniyeemii, taantalamii, dhagaa kasalaa k.k.fakkaatan baasuuf meeshaalee S & T galtee ta'an of-eeggannoo guddaa barbaadu. Akka biyya keenyaatti garuu seerri meerkuriitti fayyadamuu dhorke yookiin hayyame hin jiru. Kana akka qaawwaatti fayyadamuun lammiilen biyya alaa hojii albuuda baasuu irratti hirmaatan teknolojii albuuda baasuuf galtee akka hin taane dhorkamaniifi 'corrupted technology' ta'an dhoksaan itti fayyadamuufi akka feeteen hojii irra oolchuun ni jira.[120]

Kana malees teknolojiiwwan miidhaa qaqqabsiisuu danda'an too'achuun wal-qabatee hanqinni loojistiksii, meeshaalee (laabiraatoorii) fi hubannoo hawaasaa jiraachuu; istaandardiin meeshaalee ST naannicha keessatti hojii irra oolan sirnaan diriiree jiraachuu dhabuu; aangoon ATSTO bifa guutuu ta'een uwwisa seeraa dhabuu- keessattuu tarkaanfii fudhachuuf/ qaamni

---

115 Af-gaaffii Waajjira Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Ogeessa Seeraafi I/A/Koree Dhaabbii Dhimma Seeraafi Bulchiinsaa, Obbo Namarraa Tafariifi Adde Birqee Zawudee waliin gaafa 17/05/2015 taasifame; Af-gaaffii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaatti B/B Daayireektara Daayireektoreetii Wixinee Seeraafi Abbaa Alangaa, Obbo Huseen Dafoofi Obbo Aaddisuu Laggaas waliin gaafa 18/05/2015 taasifame

116 Olitti yaadannoo 14[ffaa], Labsii Lakoofsa 1025/2009 fi Dambii Ejensii Sadarkaalee Itoophiyaa Hundeessuuf bahe Lakoofsa 193/2003

117 Af-gaaffii Waajjira Caffeefi BAAWO, olitti yaaddannoo 115[ffaa]

118 Af-gaaffii Waajjira Caffeefi BAAWO, akkuma olii

119 Af-gaaffii Waajjira Caffeefi BAAWO, akkuma olii

120 Af-gaaffii Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaatti Daayireektaraafi Ogeessa Dhimmoota Naannoofi Misooma Hawaasaa, Obbo Masfin Nablbaayfi Obbo Naa'ol Taammanaa waliin gaafa 18/05/2015 taasifame

aangoo qabus tarkaanfii kana sirnaan fudhachuu dhabuu; guddina diinagdee akka sababa itti-gaafatamummaa jalaa bilisa taasisuutti fayyadamuu; atoominni qaamolee hirmaannaa qaban waliin jiru laafaa ta'uu; jiddu-lixummaafi aangoo wal-saamuu qaama federaalaafi naannoo; ATSTO aangoodhuma qabullee sirnaan itti-fayyadamuu dhabuu; aangoofi gaheen hojii kun qaamolee garagaraatiif faffaca'ee kan jiru ta'uu, aangoo guutuu dhabuu,[121] gaheen hojii wal-irra bu'uufi 'road map' dhabuun qaamni abbummaan hojjetu harcaatii uumuufi qindaa'uu dhabuu (Fknf: fayyaan hawaasaa Biiroo Fayyaa Oromiyaatiif, eegumsi naannoo Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoofi Albuudaatiif); ogeessonni sadarkaa barbaadamuun gahumsa dhabuu; ogummaafi tajaajilli wal-simuu dhabuu fa'aan harcaatiin bulchiinsaa uumameen hawaasa, haala naannoofi qabeenya naannichaa irratti miidhaan qaqqabaa jira.[122]

## 3.3.Xiinxala Seeraafi Qabatama Aangoo Bulchiinsa Dhimmoota Al-kallattiin Saayinsiifi Teknolojii Waliin Hidhata Qaban

Salphumatti akka hubatamuu danda'aniif mata duree kana jalatti, bulchiinsa dhimmoota al-kallattiin S & T waliin hidhata qaban kanneen akka qorannoofi qo'annoo, kalaqaafi ce'umsa teknolojii; wiirtuu daataafi bu'uuraalee TQO; bu'uuraalee qulqullinaa; balaqqeefi QS-tiin wal-qabatee MNO aangoo akkamii akka qabu xiinxala seeraafi qabatamaa kan ilaallu ta'a.

### 3.3.1. Aangoo Bulchiinsa Qorannoofi Qo'annoo, Kalaqaafi Ce'umsa Teknolojii

Dhimmi qo'annoofi qorannoo misooma, kalaqaafi ce'umsa teknolojiifi haalli hojii irra oolmaa isaa fedhiifi barbaachisummaa akka naannichaafi biyyaatti jiru bu'uura godhate bifa qulqullina, nageenyummaafi naamusa ogummaa haala safuu, duudhaafi afaan hawaasa naannichaa eeggateen akka raawwatamu taasisuuf hojiin qabatamaan jiru laafaadha.[123]

---

[121] Bajeta/kappitaala, bal'ina lafaafi meeshaalee S & T isaan fayyadaman irratti hundaa'uun hojii albuudaa kan sadarkaa xiqqaa irratti Naannootu hayyama kenna. Hojii albuudaa gurguddaa garuu qaama federaalaatu hayyama kenna, isaanumatu tarkaanfii sirreeffamaas fudhata, naannoon aangoo hordofuu, too'achuufi bulchuu qabaachuun yoo rakkoon jiraate yaada (recommendation) qaama federaalaaf kenna

[122] Af-gaaffii Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Oromiyaatti Itti-aanaafi Daayireektara Eegumsaa Naannoofi Duursaa garee Daayirektoreetii Sakkatta'iinsa Dhiibbaa Naannoofi Kenna Hayyamaa, Obbo Gammachuu Baqqaleefi Obbo Sintaayyoo Bafiqaaduu waliin gaafa 17/05/2015 taasifame; Af-gaaffii Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Itoophiyaatti B/B Hogganaafi Daayireektara Ol'aanaa Hordoffii fi Raawwachiisummaa Walsimannaa Naannoo, Obbo Girmaa Gammachuu waliin gaafa 02/06/2015 taasifame; fi Af-gaaffii Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa, olitti yaadannoo 120[ffaa]

[123] Af-gaaffiifi marii garee ATSTO-tti Daayireektaraa Daayirektoreetii Qo'annoofi Qorannoo, Kalaqaafi Ce'umsa Teknolojii, Duursaa garee Ce'umsa Teknolojii, Duursaa Garee Ce'umsa Teknolojii Processing Qonnaafi Qorataa

Kanaan wal-qabatee seektaroota mootummaa dabalatee dhaabbilee dhuunfaa hedduun beekamtii ATSTO-tiin ala meeshaalee S & T akka feeteen naannicha keessa galaa, hojii irras oolaa jira.[124] Kanaaf akka sababaatti kan ka'u naamusni adeemsi qorannoofi qo'annoo, akkasumas ce'umsi S & T ittiin hogganamu, mirgaafi dirqamni qorataa itti mirkanaa'u uwwisa seeraa kan hin qabne ta'uu; caasaan (boordiin) dhimma kana abbummaan hordofu sirnaan kan hin hundoofneefi miseensonni boordichaa eessaa ulaagaa kamiin filatamu kan jedhu iftoomina kan hin qabne ta'uu; fi boordiin hundaa'u kun gahee hojii akkammii akka qabaatuufi haala kamiin akka hojjetu tarreeffama seeraa kan hin qabne ta'uudha.[125]

Kana malees seerotuma jiran hojii irra oolchu irratti hoggansas ta'ee daayireektara daayireektoreetichaa bira laafinni kan jiru ta'uu; qaama dhimmi ilaallatu waliin qindoominni jiru laafaa ta'uu; ogeessaafi loojistiksii gahaan dhabamuun rakkoo maddaafi haala qoodinsa bajetaatiin wal-qabata.[126] Fakkeenyaaf lafa jiddu-galli Qo'annoofi Qorannoo, Kalaqaafi Ce'umsa Teknolojii itti ijaaramuuf yaadame irratti namni dhuunfaa mormii kaaseen wal-qabatee hoggansi manichaa miira wal-hubannaafi kutannoo dhabuun dhimmichi hanga guyyaa qorannoon kun xumuramuutti rarra'ee kan jiru ta'uudha.[127]

Qulqullina oomishaalee teknolojii biyya alaa irraa gara biyyaa galuun naannoleef raabsaman/dabarfaman Ministeera Daldalaatu adeemsa isaa hordofa. Sadarkaa federaalaatti Insitiitiyuutiin sadarkaa Itoophiyaa hanga tokko kan hordofu ta'us akka biyyaattis ta'ee akka naannichaatti istaandardiin qulqullinaa bifa guutuu ta'een diriire hin jiru.[128]

Hudhaaleen akka wal-irra bu'iinsa aangoo caasaa sadarkaa federaalaafi naannichaa; wal-dhiibuufi miira wal-dorgommii bu'aafi kaayyoo hojiii/mana hojiif alaa; hoggansiifi ogeessi hubannoofi kutannoo wal-fakkaataa dhabuu; humna namaa-ogeessa cimaafi gahumsa teknolojii ceesisuu, misoomsuufi hojii irra oolchuu danda'u dhabuu; hojjettoota/ogeessota gahoomsuu (capacity building) gama carraa barnootaa, leenjiifi si'eessituun garagaraa (infructructure,

---

Teknolojii Beeyladaa, Obbo Beenyaa Caalaa, Obbo Jamaal Hajjii, Obbo Tamasgeen Gazzanyiifi Obbo Dagguu Toleeraa waliin gaafa 08/05/2015 taasifame

[124] Af-gaaffiifi marii garee Beenyaa, oliitti yaaddannoo 123[ffaa]

[125] Af-gaaffiifi marii garee Beenyaa, akkuma olii

[126] Af-gaaffiifi marii garee Beenyaa, akkuma olii

[127] Af-gaaffiifi marii garee Beenyaa, akkuma olii

[128] Af-gaaffiifi marii garee Beenyaa, akkuma olii

logistics, incentive and benefit package) gahaan kan hin jirre ta'uu; hubannoon gama kanaan caasaa mootummaafi ummata naannichaa bira jiru laafaa ta'uu; caasaan sadarkaa godinaafi aanaa dhabamuun rakkoo dhaqqabummaa, qulqullinaafi si'oomina hojiitiif saaxilee jira. Dhimmoonni hojjetamuu qabaniifi haalli itti hojjetamuu qabu sirnaan uwwisa seeraa gahaa (detail) dhabuu; bajenniifi loojistiksiin gahaa ta'uu dhabuu; qorannoowwan qaama adda addaatiin gaggeeffaman qindaa'anii hojii irra ooluuf sirna dhabuu; 'road map'n biyyiifi naannichi dhimma kana ittiin gaggeessu kan hin jirre ta'uu; xiyyeeffannoon mootummaan gama loojistiksii, caasaa, humna namaafi wantoota gahee hojii Abbaa Taayitichaa milkeessuuf barbaachisan guutuuf qabu laafaa ta'uu fa'adha.[129]

### 3.3.2. Aangoo Bulchiinsaafi Misooma Wiirtuu Daataafi Bu'uuraalee Teknolojii Qunnamtii Odeeffannoo

Hojiin kun ATSTO jalatti Daayireektoreetii Elektrooniksii Mootummaafi Misooma Bu'uuraafi Wiirtuulee TQO-tiin kan hogganamudha. ATSTO wiirtuu daataa naannichaa hundeessuufi bulchuu akka danda'u labsiin aangoofi gahee hojii isaa tumu ni akeeka.[130] ATSTO sirna odeeffannoo dhaabbilee mootummaa ijaaruufi qindeessuun maqaa doomeenii ramadee akka galmeessu, portaalii naannichaa irratti ol-kaa'uudhaan akka too'atu Labsii Lakkoofsa 242/2014 keewwata 44 (23) irratti aangeffamee jira. Bu'uura tumaa keewwata kanaatiin sirna odeeffannoo poortaalii irra olkaa'uun dura odeeffannoon dhaabbata tokkoo qofaatti adda bahee jiru of-danda'ee akka beekamuufi too'atamutti maqaa doomeenii dhuunfaa akka argatu ni taasisa, akkasumas teessoo isaa galmeessuun tajaajila daataa kuusuu dhaabbilee mootummaatiif ni kenna jechuudha. Daataa kuusu sanas haala nageenyummaa amansiisaa ta'e qabuun too'ata; qaamni baasee itti fayyadamuuf mirga qabuufi barbaadu haala salphaan fayyadamuu sirna dandeessisu ni diriirsa jechuudha. Kanaan wal-qabatee ATSTO wiirtuu daataa ijaaraa kan jiru ta'uudha.

Labsiin Lakkoofsa 242/2014 aangoo wiirtuu daataa dhaabbilee mootummaa hundeessuufi bulchuu akka qabaatu gochuun ATSTO kan hundeesse yoo ta'ellee aangoon kenname kun garuu bal'aa miti. Bu'uura tumaa labsii kanaatin ATSTO tajaajila kana qaamolee mootummaatiin ala kan jiraniif gonkumaa tajaajila kennuu hin qabu kan jedhu fakkaachuu baatullee tajaajila kana

---

[129]Af-gaaffiifi marii garee Beenyaa, oliitti yaaddannoo 123[ffaa]

[130] Olitti yaadannoo 12[ffaa], Labsii Lakkofsa 242/2014 keewwata 44 (23)

duursa dhaabbilee mootummaa naannichaaatiin gahuu akka qabu ifatti akeeka jechuun ni danda'ama. Gahumsaafi daangaa raawwii isaa cimsachuun kenna tajaajila kanaa guddisuun dhaabbilee mootummaa ala qaamolee jiraniif kennuu bifa danda'uun kallattii barbaachisu hundaan of-ijaaruu qaba jechuudha.

Gama kanaan muuxannoo Biiroo Saayinsii, Odeeffannoofi Teknolojii Mootummaa Naannoo Saboota, Sab-lammootaafi Uummattoota Kibbaa (kana booda MNSSUK) ilaaluun ni danda'ama. Hangi isaa muraasa yaa ta'u malee Biiroon kun wiirtuu daataa bakka sirnootni (softwares) dhaabbilee mootummaa itti kuufaman ijaaruun tajaajila daataa kuusuu kennaa jira; yeroo af-gaaffiin kun gaggeeffametti sirnoota jahaafi websaayitoota 20 wiirtuu daataa isaa keessatti qabachuun achii tajaajilli hojii irra oolmaa isaa akka gaggeeffamu taasisaa jira.[131] Biiroon kun tajaajila wiirtuu daataa kana dhaabbilee mootummaa qofaaf kenna jira; bu'uura kanaan tumaan Labsii Lakkoofsa 242/2014 olitti eerame muuxannoo caqasame kanaa wajjiin wal-sima jechuun ni danda'ama.

Jabana S & T kana keessatti daataan odeeffannoo bifa dijitaalaayizeeshiniin kan daddarbuufi kuufamu waan ta'eef, haalli eegumsa nageenyummaa isaa itti mirkaneessaniifi bulchiinsa waliigalaa itti gaggeessan xiyyeeffannoo kan barbaaduudha. Bulchiinsi wiirtuu daataa ogummaa addatti dhimmichi gaafatu akkasumas meeshaalee hammayyaa kan barbaadan ta'uu hubachuun, Biiroo Saayinsii, Odeeffannoofi Teknolojii MNSSUK hanga ogummaafi dandeettii waliigalaa hojichi gaafatu horatutti INSA wajjiin waliigaltee wal-hubannoo mallatteessuun hojiin bulchiinsaafi nageenya wiirtuu daataa akka mirkanaa'u gochaa jira.[132]

Hojiin bulchiinsa wiirtuu daataa hojiiwwan akka adeemsa daataa gara wiirtuu daataatti dabarsuu, maqaa doomeenii kennuufi teessoo adda baasuun itti kuusan; nageenyummaa isaa itti too'atan, daataa kuufamee jiru wiirtuu daataa keessatti itti-fayyadamaniifi haqan qaama daataa kuufatuufi daataa kuusu gidduutti ifa ta'uu qaba. Itti-dabalees, bulchiinsa isaatiin wal-qabatees mirgaafi dirqamni isaanii ifatti tumamee kan beekamuufi raawwatamuu kan danda'u ta'uu qaba.[133]

---

[131] Af-gaaffii Obbo Gabree, olitti yaadannoo 96[ffaa]
[132] Af-gaaffii Obbo Gabree, akkuma olii
[133] SBC4D, Consultation on the Recommendations and Working Text of the National Open Data Policy of The Government of Ethiopia to Ministry of Communication and Information Technology (MCIT), fuula 25

Akka Naannoo Oromiyaattis ta’e akka biyyaatti imaammatni bulchiinsa wiirtuu daataa haga yoonaatti bahee hojii irra hin oolle. Seerri mirgaafi dirqama qaama daataa kuusuu, kuufatuufi hojii bulchiinsa wiirtuu daataa keessatti hirmaatanii tumu tumamuun hojii irra oolee hin jiru. Imaammataafi seerota qaama seera tumtuutiin bahan qofti gahaa miti. ATSTO hojiisaa gahumsaan gaggeessuu kan isa dandeessisu maanuwaalii hojii baafachuun hojiirra oolchuufi sanada waliigaltee wal-harkaa fuudhiinsa, hooggansaafi itti-fayyadama daataa bulchuu ilaalchisee mirgaafi dirqama waliigaltee kennaafi waliigaltee fudhataa tumu qopheessuu qaba. Itti dabalees, hojii hoggansa daataa guyyaa guyyaanii keessatti sanada qajeelchituu hojii (user manual) raawwattootni itti fayyadamuun gahee hojii isaanii itti raawwatan tumachuun hojii irra oolfachuunis barbaachisaadha.

Hojii bulchiinsa wiirtuu daataa keessatti dhimmi xiyyeeffannoo guddaa barbaadu nageenya daataa mirkaneessuudha. Nageenya wiirtuu daataa mirkaneessuu keessatti cimina ogeessota qabeenyichaaf tika taasisanii, maloota garaagaraa hojii irra oolanii, hordoffii taasifamu, haaromsa taasifamu, qindoomina uumamuufi meeshaalee hojii irra oolchaniif xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaadha. Muuxannoon Biiroo Saayinsii, Odeeffannoofi Teknolojii MNSSUK akka agarsiisutti nageenya daataaf tika barbaachisu taasisuu keessatti qaama hojii eegumsaafi tika daataa ilaalchisee ogummaafi muuxannoo qabu wajjin hidhata qabaachuun barbaachisaadha. Biiroon Saayinsii, Odeeffannoofi Teknolojii MNSSUK waliigaltee wal-hubannoo INSA wajjiin waan qabuuf, yeroo hanqinni garaagaraa isa mudatu ogummaan deeggarsa taasisaa jira.[134]

Daataa ‘back-up’ gochuu dabalatee of-eeggannoon taasifamuu qabu hunda hojii irra oolchuun akkuma eegametti ta’ee, gocha miidhaa daataa kompitaraan kuufamu irratti raawwatamu kamiyyuu seeraan akka adabamu ta’ee jira. Dhimma kana irratti labsii yakka kompitaraa akka biyyaatti adabu Labsiin Lakkoofsa 958/2010 bahee hojii irra oolee kan jiru waan ta’eef nageenya daataa keenyaa mirkaneessuu keessatti seerotni kunneen gahee guddaa kan qabaniidha.

ATSTO wiirtuu daataa naannoo ijaaruufi sirnoota odeeffannoo dhaabbilee mootummaa poortaalii irratti akka ol-kaa’uufi too’atu ifatti kan aangesse yoo ta’u, tajaajila dhaabbilee kanneeniif kennu keessatti kaffaltii kan kaffalchiisu ta’uu ilaalchisee waan dubbatu hin qabu.

[134] Af-gaaffii Obbo Gabree, olitti yaadannoo 96[ffaa]. Yeroo tokko daataan kuufamee jiru akka waliigalaatti waan manca’eef (corrupted waan ta’eef) INSA’n ogeessota erguun sirreessee jira

ATSTO baajata mootummaan naannoo ramaduun wiirtuu daataa kana kan hundeessuufi bulchu waan ta'eef tajaajila kennuuf dhaabbilee mootummaa naannichaa dirqama kaffaltii yoo raawwachiise malee tajaajilcha isaaniif hin kennu jechuun hin danda'amu. Biiroon Saayinsii, Odeeffannoofi Tekinoloojii MNSSUK tajaajila wiirtuu daataa dhaabbilee mootummaa naannichaatiif kennaa kan jiru yoo ta'u tajaajila kennuuf kaffaltii kaffalchiisaa hin jiru.[135] Yaadotni armaan olii yaadota dhama qabeessa yoo ta'an illee dhaabbileen mootummaa waliigaltee wal-hubannoo waliif mallatteessan keessatti dhimma kaffaltii akka haala isaatti yaada murtii irra waliin gahuu ni danda'u. Baasiin kenna tajaajila kuusa daataa federaalaafi naannootti, akkasumas naannoofi naannoo gidduutti tokko waan hin taaneef haala qabatama jiru giddu-galeessa godhachuun qaamni tajaajilicha kennu hanga kaffaltii tajaajilchaa qajeelfamaan murteeffachuu ni danda'a.

Bu'uura Labsii lakkoofsa 242/2014 keewwata 44 (19)-tiin ATSTO naannicha keessatti TQO misoomsuu; moosaajii (software) kanumaaf barbaachisu qopheessuu yookiin akka qophaa'u taasisuu; kanneen qophaa'an sadarkeessuu; fi qulqullina, nageenyummaafi amansiisummaa odeeffannoo ni eega, akkasumas ni hordofa. Kanaan wal-qabatee daayireektoreetichi hojii tajaajila wiirtuu daataa, 'video conferencing', bulchiinsa moosaajii (application), suphaa meeshaalee TQO fi regulatory isaanii qabatamaan hordofaa kan jiru ta'uudha.

Labsicha bu'uura keewwata 44 (13) jalatti ATSTO *"meeshaaleen tajaajila qunnamtii naannicha keessatti hojii irra oolan yeroo yerodhaan madaalamanii hojii irra ooluu isaanii ni hordofa; ni mirkaneessa; kanneen tajaajilaan ala ta'an akka maqfaman ni taasisa"* jedha. Ta'us haalli hojichaa iftoomina gahaa kan hin qabne ta'uu bira darbee daangaan aangoo kanaa caasaa/seektaraaleefi dhaabbilee misooma mootummaa federaalaa naannicha keessa jiran, akkasumas kan dhuunfaa ni dabalataa kan jedhu raawwiin isaa falmisiisadha.

Kana malees imaammanni nageenyummaa daataa (data security policy) akkuma biyyaattis (MinT) ta'ee akka naannootti kan hin jirre ta'uu; sadarkaa naannichaattis uwwisa seeraa gahaa kan hin arganne ta'uu; isuma sadarkaa sadarkaa federaalaa jirullee madaksinii itti-fayyadamuu

---

[135] Af-gaaffii Obbo Gabree, olitti yaadannoo 96[ffaa]

irratti qophaa'ummaafi fedhiin gama hoggansaafi ogeessaatiin jiru laafaa ta'uudha.[136] Deeggarsiifi qindoominni gama kanaan caasaa federaalaafi seektaroota sadarkaa naannootiin jirus laafaadha. Darbee darbee jiddu-lixummaan hojii kan jiru ta'uudha.[137]

Dabalataanis istaandardiin meeshaalee TQO fi kenna tajaajilaa akka biyyaafi naannootti diriire jiraachuu dhabuun akka feeteen babal'achuu; caasaan TQO sadarkaa Godinaa, Aaanaa/Magaalaatti kan hin jirre ta'uun fedhii bal'aa akka naannichaatti gama kanaan jiruun dhaqqabummaa, si'oominaafi qulqullina tajaajilichaa irratti dhiibbaa kan qabu ta'uu; gurmaa'insi isaa hanqina kan qabu ta'uu; gaheen hojii isaaniis gaheedhuma seektara keessa jiraniitti kan hirkatu ta'uu; jiddu-galli daataa kuusuu gahaan dhabamuun qaama biraa ('Ethio-telecom' fi iddoon hojiiwwan albuudaa gurguddaan itti-hojjetamu 'admin (server)' Afrikaa Kibbaatii kan too'atamu ta'uu); hojiin nageenyummaa daataa (cyber security) wal-qabatu hojii tajaajila sa'aatii 24:00 barbaaduufi gahumsa ol'aanaa gaafatu ta'us gama kanaan hanqinni guddaan kan jiru ta'uu, caasaan akkasiis kan hin jirre ta'uufi loojistiksiin jirus gahaa ta'uu dhabuudha.[138]

Tajaajilli gama kanaan barbaadamu hunda-galeessa (cross-cut service) ta'uu irraa kan ka'e hojiiwwan tajaajila kana barbaadan sadarkaadhuma karooraa irratti ogeessota TQO irratti hojjetan hirmaachisuun barbaachisaadha. Qabatamni jiru garuu faallaa kanaati. Fakkeenyaaf ijaarsi gamoowwan Biirolee Oromiyaa iddoo addaa Calcallii (Saar-beet) jiran erga ijaarsi isaanii xumuramee dhimmi neetworkii diriirsuu yaadatamee baasiin dabalataa itti bahuun haala qulqullina hin qabneefi balaa biroo geessisuu danda'uun sarara bishaaniifi elektirikaa waliin foossettii (ujummoo baattuu) tokko keessa akka diriiru ta'ee jira.[139] Kun immoo qindoominniifi hubannoon seektaraalee mootummaa bira gama kanaan jiru laafaafi kan wal-hin fakkaanne ta'uu isaa akeeka.[140] Gama biraatiin barbaachisummaafi bal'ina hawaas-diinagdee naannichi qabu waliin tajaajilli gama kanaan kennamu gahaa miti.[141]

---

[136] Af-gaaffiifi marii Garee ATSTO-tti Daayireektaraa Daayirektoreetii Elektirooniksii Mootummaa fi Duursaa garee TQO, Obbo Takkaa Moosisaafi Obbo Nugusee Darribee waliin gaafa 08/05/2015 taasifame
[137] Af-gaaffii Takkaa, olitti yaadannoo 136[ffaa]
[138] Af-gaaffiifi marii garee Takkaa, akkuma olii; Af-gaaffii Ogeessota Abbaa Taayitaa Konistiraakshinii Naannoo Oromiyaa, Obbo Kaayyoo Camadaa, Adde Gaaddisee Abboomaafi Adde Ibsituu Nagaasaa waliin gaafa 17/05/2015 taasifame;
[139] Af-gaaffiifi marii garee Takkaa, akkuma olii fi Af-gaaffii Kaayyoo, akkuma olii
[140] Af-gaaffii ATSTO-tti Duursaa garee Digitalization, Obbo Kadir Hilkaa waliin gaafa 08/05/2015 taasifame
[141] Af-gaaffii Kadir, akkuma olii

Kanaan wal-qabatee ATSTO qaamolee dhimmi ilaallatu waliin qindoominaan hojjechuun rakkoon nageenyummaa wiirtuu daataa naannichaafi waradaaNeetii irra akka hin geenye ittifamuu akka qabu karoorri isaanii kan ibsu ta'us[142] sababa hanqinoota armaan olitti ibsamanii kanaatiin wiirtuun daataa naannichaafi waradaaNeetiin sirnaan hogganamuu dhabuun daataafi odeeffannoon mootummaafi ummata naannichaa qulqullinaafi amanamummaa akka dhabu ta'uun balaa nageenyaa, diinagdeefi haawaasummaaf saaxilamee jira.[143]

### 3.3.3. Aangoo Bulchiinsa Bu'uuraalee Qulqullinaa

Heerri MRDFI keewwata 51 (20) jalatti Mootummaan Federaalaa sadarkaalee safaraafi lakkoofsa yeroo akka Itoophiyaatti (biyyaatti) wal-tawaa (uniform) ta'e akka hundeessu aangessee jira. Haaluma kanaan, MMBBU sadarkaalee safaraafi lakkoofsa yeroo ilaalchisee seera akka baasu Heerichi ifatti kan aangesse yoo ta'u,[144] MMM's safartuuleefi lakkoofsi yeroo wal-tawaa ta'an akka guutuu biyyaatti baasuufi hojii irra akka oolan taasisuu ilaalchisee akka hojjatu aangeffamee jira.[145]

Tumaalee Heera MRDFI kana irraa akka hubatamutti federeeshinii Itoophiyaa keessatti aangoon sadarkaa safartuuleefi lakkoofsa yeroo adda baasuu: jechuunis sadarkaa safartuulee akka addunyaatti beekaman madaqsuufi haaraa hundeessuun hojii irra akka oolu gochuu mootummaa federaalaatiif kennamee jira. Bu'uura hiikoo heeraa kanaatiin, mootummaan naannoolee sadarkaa safartuuleefi lakkoofsa yeroo kan naannoo isaatti tajaajilu kalaqachuu hin danda'u; aangoo mootummaan naannolee qaban safartuuleefi lakkoofsa mootummaa federaalaatiin bahan fuudhee fayyadamuufi naannoo isaa keessatti bifa wal-fakkaataa ta'een hojii irra akka oolu gochuu ta'a jechuudha.

Heerri MNO dhimma sadarkaa, safartuuleefi lakkoofsa yeroo wanti tume hin jiru. Hima biraatiin ibsuuf, Heerri MNO kun dhimma bu'uuraalee misooma qulqullinaa jechuunis bulchiinsa madaallii mijatummaa, sirna safaraa, sadarkaa qulqullinaafi haala isaan amantaa uummataa ittiin argachuu danda'an ilaalchisee waan tume hin qabu. Heerichi dhimmootni kanneen akkamitti akka bulan ifatti tumaa heeraa kan hin qabne ta'uun isaa tumaa Heera MRDFI fudhachuu isaa

[142] Karoora ATSTO kan bara bajetaa 2015, fuula 21-22
[143] Gabaasa 'Information Network Security Administration (INSA)' Itoophiyaa gaafa 03/05/2015 baase, fuula 5
[144] Olitti yaadannoo 2[ffaa], Heerri MRDFI keewwata 55 (2 (f))
[145] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwata 77 (7)

kan akeekuudha jechuun ni danda’ama. Olitti akkuma ibsame, bu’uura Heera MRDFI-tti, sadarkaalee safartuu, madaallii mijatummaa, sirna safaraafi sadarkaa qulqullinaa mootummaan Federaalaa baasu kamiyyuu mootummaan naannoolee simatanii dirqama hojii irra oolchu qabu jechuun ni danda’ama.

Yaa ta’u malee, safartuulee uummatni naannoo tokko jiruufi jireenya diinagdeefi hawaasummaa isaanii keessatti fayyadamaa turan sadarkaa safartuu beekamaa ta’e tokko akka qabaatan taasisuu irratti akka hin hojjanne tumaan heeraa dhorku hin jiru. Uummatni Oromoo, fakkeenyaaf safartuu hangaa (baay’inaa) kan ta’e qunnaafi gundootti fayyadamuun midhaan bitee gurguraa turee jira. Safartuu dheerinaa kan ta’e dhundhumaafi wadaroottis (funyoo) gargaaramuun dheerina safaraa turee jira. Haaluma kanaan, safartuulee aadaa garaagaraatti fayyadamuunis ulfaatina safaraa turee jira. Safartuuleen kanneen safartuulee aadaa ta’anis amma illee guutummaatti hojiin ala kan hin taane ta’uufi uummatni Oromoo aadaa ittiin jiraatu keessatti safartuuleen hangaa, ulfaatinaafi dheerinaa hojii irra oolan sadarkaa akkamii akka qaban murteessuun akka barbaachisummaa isaatti hojii irra kan oolu yoo ta’e hangi isaa gita akka qabaatu gochuun ni danda’ama.

Kunis mirga saboonni, sab-lammoonniifi ummattoonni aadaa ofii ibsuu, gabbisuu, babal’isuufi kunuunsuu Heera MDRFI keewwata 39 (2) jalatti beekamtii argate waan ta’eef aangoo naannoleef kennamedha. Akka MNO-tti yoo ilaalle, dhimmoota kanneeniifi kan biroo irratti sadarkaaleen bahan sadarkaalee Oromiyaa jedhamuun kan waamamaniifi Naannicha qofa keessatti hojii irra kan oolan ta’u jechuudha.[146] MNO sadarkaa safartuufi sadarkaa madaalliin mijatummaa mootummaan naannoo baasuu danda’u sun garuu sadarkaa safartuulee kan mootummaan federaalaa baasu wajjin kan wal-faallessu ta’uu hin qabu. Sadarkaa akka naannootti qophaa’u Inistiitiyuutii Sadarkaalee Itoophiyaatiin galmaa’anii akka biyyoolessaatti beekamtii akka argatan, akkasumas akka barbaachisummaa isaatti hojii irra akka oolan ATSTO hojjachuu ni danda’a jechuudha.[147]

---

[146] Garagalchoo tumaa Dambii Ejensii Sadarkaalee Itoophiyaa Hundeessuuf bahe, Dambii Lakkoofsa 193/2003, keewwata 2 (5) yoo dubbifne, hiikkoo kenname kana dabarsuu kan danda’uudha

[147] Olitti yaadannoo 116[ffaa], Dambii lakkoofsa 193/2003 keewwata 6 (3)

MMM Ejensii Sadarkaalee Itoophiyaa hundeessee jira.[148] Kaayyoo Ejensiin kun akka galmaan gahuuf hundaa'ees, sadarkaalee qopheessuun meeshaaleefi tajaajilootni qulqullina barbaadamu gonfatanii akka dhiyaatan kan taasisu sirna diriirsu, sadarkaalee qophaa'an fayyadamuun ce'umsa teknolojii mijeessuu, meeshaaleefi tajaajiloota biyya keessatti oomishamaniif sadarkaalee biyyoolessaa qopheessuun gabaa idil-addunyaa irratti fudhatamummaa akka qabaatan taasisuudha. Haaluma kanaan, Ejensiin kun aangoofi gahee hojii sadarkaaleefi qulqullina meeshaaleefi tajaajilootaa ilaalchisee sirna akka diriirsu, gita akka baasuufi hojii irra akka oolchu aangeffamee jira. Aangowwan Ejensii kanaaf kennamanii jiran kanneen aangoo ATSTO-tiif kennamanii wajjin tokkummaafi wal-fakkaatinsa qaban muraasa armaan gaditti bifa gabaabaa ta'een kan ilaallu ta'a.

Ejensiin kun hojiiwwan babal'ina qulqullinaa hojjachuu dandeessisu ilaalchisee tarsiimoo qophii sadarkaalee qopheessuu, hojii irra oolchuufi raawwii isaa hordofuu akka qabaatu Dambicha keewwata 6 (1) irratti ni aangessa. Bu'uura tumaa kanaan aangoon Ejensiin kun qabu tarsiimoo qulqullinaa babal'isuu, qopheessuufi hojii irra oolmaa tarsiimichaa hordofuudha. Yaa ta'u malee, aangoon qulqullina mirkaneessuu kun sadarkaa tarsiimoo baasuufi hojii irra oolchuu qofatti kan daanga'e miti; aangoo sadarkaalee Itoophiyaa qopheessuu, mirkaneessuufi beeksisuu akka qabaatu aangeffamee jira. Itti-dabalees, Wiirtuu Odeeffannoo Biyyoolessaa sadarkaalee, qajeelfamoota mijatummaa madaallii, ulaagaalee bulchiinsa tekinikaa hundeessuun tajaajila kennuu akka qabaatus ta'ee jira.[149] Hojii sadarkaa qopheessuu kana keessatti garuu qaamolee dhimmi ilaalu hirmaachisuu akka qabu seerichi ifatti tumee waan jiruuf, qaamolee mootummaa naannoolee dhimmi ilaallatu hojicha keessatti akka gahee qabaatan ni taasisa jechuudha.[150]

Ejensiin kun aangoo tarsiimoo kenna hubannoo (leenjii) fayyadamtoota sadarkaaleefi qulqullinaa qopheessuufi hojii irra oolchuu akka qabaatu ta'ee kan hundeeffame yoo ta'u, sadarkaaleefi qulqullina irratti haalaafi qabiyyee hubannoo kennamu qofa akka murteessu ta'ee jira. Hojii hubannoo sana kennuufi bu'uura hubannoo kennameen raawwatamuu qulqullinaafi sadarkaalee ilaalchisee garuu qaamni biraan hojjachuu akka danda'u tumaa Dambichaafi sirna federaalizimii

[148] Olitti yaadannoo 116[ffaa], Dambii Lakkoofsa 193/2003. Bu'uura Labsii Lakkoofsa 1263/2013 keewwata 83 (2)-tiin Ejensiin kun guutummaa aangoo isaa wajjiin maqaa isaa gara Inistiitiyuutiitti jijjiiree jira
[149] Olitti yaadannoo 116[ffaa], Dambii Lakkoofsa 193/2003 keewwata 6 (6)
[150] Akkuma olii, Dambii Lakkoofsa 193/2003

irraa hubachuun ni danda'ama. Itti dabalees, Dambichi keewwata 6 (9) irratti industiriiwwan dandeettii sadarkaalee ofii isaanii qopheeffachuu itti-danda'an akka uummatan taasisuu ilaalchisee Ejensichi leenjii, kenna tajaajila tekiniikaafi gorsaa akka kennu aangeffamee jira. Aangoon kun aangoo hubannoo waliigalaa uumuu osoo hin taane, aangoo gita qulqullina meeshaalee/tajaajila ofii adda baasuun beekamtii biyyoolessaa akka argatu taasisuu wajjiin kan wal-qabatuudha jechuun ni danda'ama. Haaluma kanaan, hojiiwwan hubannoo waliigalaa uummataaf uumuufi bu'uura hubannoo uumameen galtee argame sakatta'uufi dhimmicha irratti hojiiwwan sirreeffamaa hojjatamuu qaban akeekuu mootummaan naannoolees hojjachuu kan danda'an ta'uun ni hubatama.

Misoomni bu'uuraalee qulqullina biyyoolessaa akka cimu taasisuu keessatti qindoominni barbaachisu akka jiraatu gochuuf Ejensiin kun qaamolee dhimmi ilaaluu wajjiin akka hojjatu aangeffamee jira.[151] Misooma bu'uuraalee qulqullina biyyoolessaa jechuun sirnoota sadarkaalee, meetirolojii, madaallii mijatummaafi beekamtii kennuu ilaalchisee diriiranii jiran jechuu yoo ta'u,[152] dhimmoota kanneen ilaalchisee hojii sirna diriirsuufi sirna diriiru hojii irra oolchuu keessatti hirmaannaafi deeggarsi qaamolee dhimmi ilaaluu barbaachisaa ta'uun akeekamee jira jechuudha. Haala adda ta'een sirnoota dhimmoota kanneen ilaalchisanii diriirfamanii jiran cimuufi bu'aa buusuu kan danda'an yoo tumsaafi hirmaannaa mootummaa naannoolee argate qofa akka ta'e hubachuun waan danda'amuuf qooda ATSTO qabaachuu malu al-kallattiin seerri kun akeekee jira jechuun ni danda'ama.

Bu'uuruma kanaan Inistiitiyuutiin sadarkaalee Itoophiyaa sadarkaalee akka Itoophiyaatti hojii irra oolan 1,035 (kuma tokkoofi soddomii shan) mirkaneessuun hojii irra akka oolan taasisuun uummatatti beeksisee jira.[153] Sadarkaaleen bahan kunneenis sadarkaalee akka Addunyaatti beekamtii argatan ka'umsa godhachuun guddina diinagdee, eegumsa naannoofi fayyummaa uummataa haala mirkaneessuu danda'uun akka bahan ta'anii jiru. Haaluma kanaan, huccuufi kallee, keemikaalaafi bu'aalee keemikaalaa, nyaataafi bu'aalee qonnaa, eegumsa naannoofi fayyaafi shiboo elektiriikaa fi kkf. bahanii mirkanaa'uun hojii irra oolanii jiru. Qophii, mirkaneessuufi hojii irra oolchuu sadarkaalee kanneenii ilaalchisee Inistiitiyuutichi ibsa baase

[151] Olitti yaadannoo 116[ffaa], Dambii Lakkoofsa 193/2003 keewwata 6 (4)
[152] Akkuma olii, Dambiii Lakkoofsa 193/2003 keewwata 2 (14)
[153] Sadarkaalee kanneen gaafa 25/5/2015 baasuu isaa fuula facebook isaa irratti ibsee jira

keessatti, mootummaan naannoolee cimuun eegumsa naannoo, mirga bitattootaa, fayyummaafi nageenya uummataa itti-siqeenyaan mirkaneessuu akka danda'anitti qaama too'atu hundeessuufi hordoffii akka taasisan gochuu irratti hojiin itti-fufiinsaan akka hojjatamu akeekamee jira.[154]

Bu'uura Labsii lakkoofsa 242/2014-tiin ATSTO hojiiwwan misooma bu'uuraalee qulqullinaa (madaallii mijatummaa, sirna safaraa, sadarkaa qulqullinaafi amantaa argachiisuu) qaamolee dhimmi ilaalu waliin qindoomuun hojjachuu akka danda'u, akkasumas hojii irra oolmaa murtiiwwan gama kanaan murtaa'anis akka hordofuu danda'u aangessee jira.[155] Labsiin kun hojiiwwan misooma bu'uuraalee qulqullinaa maal jechuu akka ta'an ilaalchisee hiikkoo kenne hin qabu. Hojiiwwan xixiqqaa cuftuu keessatti hammachiise kan akka madaallii mijatummaa, siran safaraafi sadarkaa qulqullinaa hojiiwwan misooma bu'uuraalee qulqullinaa keessatti kanneen hammatamuu danda'an akka ta'etti waan akeeke fakkaata. Olitti akka ilaalle, Dambiin Hundeeffama Ejensii Sadarkaalee hiikee akka jirutti misooma bu'uuraalee qulqullinaa jechuun hojiiwwan damee sadarkaalee, metirolojii, madaallii mijatummaafi beekamtii kennuu ilaalchisee sirnootaafi hojimaata diriiranii jiraniidha. Bu'uura kanaan, ATSTO raawwii/adeemsa oomisha, bulchiinsaafi kenna tajaajilaa milkeessuuf jecha sadarkaaleefi ulaagaalee seeraan bahanii jiran guutamuu isaanii aangoo hordofuu kan qabaatu ta'a jechuudha.

Haaluma wal-fakkaatuun ATSTO haala itti-fayyadama irra-deddeebii, seerota, ulaagaalee yookiin amaloota oomishaalee yookiin adeemsa/raawwii oomishaa, haala cuqqaalaa/qadaaddii fi maxxansa lakkoofsa addaa oomishaalee ilaalchisee industiriiwwaniifi qaamni mootummaa federaalaa sanada qopheessan irratti hirmaachuu, akkasumas industiriiwwan bu'uura sanada qophaa'ee gara hojiitti galeen oomishaafi tajaajila isaanii kennaa kan jiran ta'uu hordofuu kan danda'u ta'uu seerichi ATSTO aangessee jira jechuudha. Itti dabalees, ATSTO kun amala waliigalaa oomishaaleefi tajaajilootni Naannicha keessatti kennaman fedha/hawwa kallattii yookiin al-kallattiin isaan irraa eegamu guutuu danda'uu: jechuunis sadarkaa qulqullinaa isaan irraa eegamu qabaachuu isaanii adda baasuu keessatti hirmaachuufi hojii irra oolmaa sadarkaa qulqullinaa kanas hordofuu akka qabaatu ta'ee aangeffamee jira jechuudha.[156]

---

[154] Dhimma kana irratti Inistiitiyuuticha gabaasa gaafa 25/04/2015 beeksiseen ibsee jira
[155] Olitti yaadannoo 12[ffaa], Labsii Lakkofsa 242/2014 keewwata 44 (15)
[156] Akkuma olii fi Olitti yaadannoo 116[ffaa], Dambii 193/2003 keewwata 2 (1)

Sadarkaa qulqullinaa, madaallii mijatummaafi sirna sadarkaa ilaalchisee yeroo yerootti ATSTO hawaasaaf hubannoo uumuun sadarkaan amanamummaa safartuuleefi seerota rogummaa qabanii akka dabalu gochuu akka danda'u Labsiin lakkoofsa 242/2014 fi Dambiin lakkofsa 193/2003 kallattiifi al-kallattiin aangessanii jiru. ATSTO hojii kana milkeessuuf deeggarsiifi qindoominni caasaa mootummaa sadarkaa federaalaa dhimmichi ilaallatuufi miti-mootummaa kanneen akka Baankii Addunyaa fa'a waliin jiru gaariidha.[157]

Yaa ta'u malee aangoofi gaheen dhimma tajaajila kanaa baay'inaan sadarkaa federaalaatti rarra'ee waan hafeef aangoofi gaheen hojii ATSTO iftoomina gahaa hin qabu, tarreen seeraa gahaa ta'es hin jiru. Kanaaaf ATSTO aangoo ijoowwan bu'uuraalee qulqullinaan wal-qabatan irratti yaada (recommendation) sirrii/ sirrii ta'uu dhabuu qaama tarkaanfii fudhachuu danda'uuf kennuu malee abbummaan tarkaanfii fudhachuuf sirni aangessu hin jiru. Kana malees hojichi itti-dhiheenyaafi yeroo yeroodhaan kan hojjetamuu qabuufi hubannoon hawaasaa yeroo yeroodhaan bal'inaan kennamuu waan ta'eef caasaan sadarkaa naannichaatti jiru aangoodhuma xiqqaa qabu hojii irra oolchuuf caasaa sadarkaa godinaafi aanaa/magaalaa kan hin qabne ta'uu, humna namaa gahaafi gahumsa qabu, akkasumas loojistiksii barbaachisaa ta'e guutuu kan hin qabne ta'uun hojicha irratti harcaatii guddaan uumamaa jira. Hubannoo, kutannoofi ijjannoon hoggansaafi oggeessa bira jirus hanqina qaba. 'Service quality management system' waan hin jirreef tajaajilli gama kanaan kennamus fedhii nama dhuunfaa irratti hundaa'uun akka feeteen kennamaa kan jirudha.[158] Kanaaf rakkoo guddaan gama kanaan jiru sirnaafi hojimaata bu'uuraalee qulqullinaa kana bifa guutuu ta'een hojii irra oolchuu dhabuudha.

Bu'uuraaleen qulqullina oomishaaleefi tajaajilaa yoo sirnaan hin hogganamne ammoo naannoofi hawaasa irratti dhiibbaa guddaa qabaata. Isaan keessaa muraasni omisha/tajaajila qulqullina qabu dhabuun fayyaan (kan yeroo gabaabaafi dheeraa) hawaasaa balaaf saaxilamuu; daldalli madaalawaan mirkanaa'uu dhabuu (fair trade); al-ergiifi alaa galchiin wal-madaaluu dhabuun kufaatiin daldala alaa (trade deficit) uumamuu, akkasumas sharafni alaa dhabamuu;[159] kun

[157] Af-gaaffiifi marii garee ATSTO-tti Daayireektaraafi Duursaa garee Daayirektoreetii Bu'uuraalee Qulqullinaa, Obbo Geetaachoo Fayyisaafi Obbo Gosiyee Mokonnin waliin gaafa 08/05/2015 taasifame

[158] Af-gaaffiifi marii garee Geetaachoo, akkuma olii

[159] Af-gaaffiifi marii garee Geetaachoo, akkuma olii

immoo qaala'iinsa jireenyaatiif sababa ta'uu bira darbee hawaas-diinagdeefi dippiloomaasii biyyaa miidhaa jiraachuudha.[160]

### 3.3.4. Aangoo Bulchiinsa Teknolojii Balaqqee

Labsiin To'annoo Balaqqeefi Niwukilaaraa Lakkoofsa 1025/2008 maddisiistota balaqqee, hojii niwukilaaraafi kanneen kanaan hidhata qaban miidhaa akka hin dhaqqabsiifnetti too'annoo taasisuuf Mootummaa Federaalaatiin labsameera. Olitti akkuma ibsame, labsichi dhimmoota sirna too'annoo irratti diriirsu keessaa tokko dhimma too'annoo balaqqeeti. Labsichi too'annoo balaqqee waliigalaatiif sirna hin diriirsu; raawwii maddisiistota balaqqee oomishuufi balaqqee misoomsuu (mining and processing radioactive materials) ilaalchisee sirna too'annoo diriirsee jira. Haaluma kanaan, ulaagaalee Abbaan Taayitaa Balaqqeefi Niwukilaaraa baasu guutuun hayyama hojii Abbaa Taayitichaan kennamu osoo hin qabaatiin, galtee industiriif, qorannoof yookiin yaalii fayyaatiif akka ooluuf fi.k.k.f balaqqee oomishuu, hojii oomishaatiif haala mijeessuu, oomisha addaan kutuu yookiin maddisiistota balaqqeetti fayyadamuu yookiin maddisiistota balaqqee ala erguun dhorkaadha.[161]

Namni maddisiistota balaqqee oomishuufi balaqqee misoomsuu barbaadu kamiyyuu hayyama argachuuf iyyata dhiyeessuun wal-qabsiisee ulaagaalee gahumsaafi qophii hojicha hojjachuu nama sanaa agarsiisu kan akka amala bakka oomishni itti-gaggeeffamuuf karoorfame, dizaayinii wiirtuu oomishaafi misoomsa balaqqee, haala geejjiba maddisiistota balaqqee, haala dhabamsiisa balfaafi dhimmoota miliqaafi miidhaa balaqqeen dhaqqabsiisuu danda'u ittiin too'atan qabaachuu ilaalchisee ragaa dhiyeessuun gahumsa isaa mirkaneessuu qaba.[162] Gahumsaafi qophii balaqqee oomishuufi misoomsuu qabaachuu ragaalee gahumsa qaban dhiyeessuun erga mirkaneessee booda hayyama hojii argata jechuudha.

Namni hayyama hojii argate bu'uura seerota rogummaa qabaniifi ulaagaalee oomishaafi misoomsa balaqqeetiin hojiisaa hojjachuun irraa kan eegamu yoo ta'u, Abbaan Taayitichaa Inispekteroota moggaasuun abbootiin hayyamaa bu'uura dirqama fudhataniin hojjachuu isaanii

[160] Oomishni biyya keenyaa gabaa alaatti ergamu hundi 'quality traciablity' barbaada, yoo gaarii ta'e maqaa biyyaafi naannoo eega. Faallaa kanaa kan ta'e yoo hanqina qabaate maqaa biyyaafi naannoo gad-buusa
[161] Olitti yaadannoo 14[ffaa], Labsii Lakkoofsa 1025/2009 keewwattoota 5 (1) fi 7
[162] Akkuma olii, Labsii Lakkoofsa 1025/2009 keewwata 9

ni hordofu.[163] Inispekteroota kanneen kan muudu, itti-gaafatamummaa kan kennuufi kan too'atu Abbaa Taayitichaati jechuudha. Armaan olitti mirgaafi itti-gaafatamummaan Abbaa Taayitaa Balaqqee Itoophiyaa gara Abbaa Taayitaa Teknolojii Itoophiyaatti kan darbe ta'uu ilaallee jirra.

Akka tumaa Labsii lakkoofsa 1025/2009 irraa hubatamutti mootummaan Federaalaa dhimma oomishaaafi misoomsa balaqqee too'achuu ilaalchisee aangoo seera baasuufi seericha hojiirra oolchuu lamaan isaa walitti qabee fudhatee jira. Heerri MRDFI bulchiinsa S & T ilaalchisee mootummaan federaalaa safartuufi imaammata waliigalaa kallattii agarsiisu akka baasu aangeffamee jira. Tumaan labsichaa garuu hojii kallattii agarsiisuu osoo hin taane hojii raawwii oomishaafi misooma balaqqee too'achuudha.

Yaa ta'u malee, balaqqeen uumamaafi nam-tolcheen; ifa adda addaa irraa, meeshaalee teknolojii adda addaa kanneen hospitaala, industirii, albuuda baasuufi hojiiwwan invastimantii keessatti hojii irra oolan irraa yookiin albuudota uumamaan jiran garaagaraa irraa madduu ni danda'a. Balaqqee uumamaan yookiin meeshaalee teknolojii irraa maddan too'achuu wajjiin wal-qabatee labsiin too'annoo balaqqeefi niwukilaarii federaalaa kun waan tumu hin qabu. Haala kanaan ifatti hin tumu erga ta'ee ammoo mootummaan naannolee balaqqee ofiin maddan yookiin hojii biroo hojjachaa osoo jiranii akka carraa maddan too'achuuf seera baasuufi raawwii isaa hordofuu ni danda'a jechuudha.

Labsicha keewwata 10 jalatti Abbaan Taayitichaa qaamolee dhimmi ilaalu waliin ta'uun balaqqee wantoota nyaataafi wantoota nyaata hin taane irraa madduu danda'u sirna too'achuu dandeessisu akka diriirsu aangeffamee jira. Sirna hojii irra oolmaa diriirsu sanas hordofuu akka danda'utti aangoo dabalataa argatee jira. Abbaan Taayitaa kun Abbaa Taayitaa Dawaafi Nyaataa Itoophiyaa, Abbaa Taayitaa Teknolojii, Eegumsa Naannoofi kan biroo rogummaa qabaatan waliin mari'achuufi waliin ta'uun sirna too'annoo balaqqee diriirsuu danda'a jechuudha. Sirni too'annoo balaqqee diriirfamu kunis qaamolee sirnicha hojii irra oolchaniin gahumsaan hojii irra ooluu isaa hojimaata garaagaraa baasuun hordofuu danda'a jechuudha.

Tumaa labsii kanaa qoodinsa aangoo Mootummaa Federaalaafi naannolee bu'uureffannee yoo ilaalle, wantoota nyaataafi nyaata hin taane irraa balaqqee madduu danda'u too'achuuf, qaamni

[163] Olitti yaadannoo 14ffaa, Labsii Lakkoofsa 1025/2009 keewwata 15

Mootummaa Federaalaa sirna akka diriirsuufi hojii irra oolmaa sirnichaa akka hordofu kan aangeffame taanan, qaamoleen mootummaa naannoo daangaa bulchiinsa isaanii keessatti sirna too'annoo diriirfame sana fayyadamanii wantoota nyaataafi nyaata hin taane irraa balaqqee maddan too'achuuf aangoo ni qabaatu jechuudha. Aangoo Heera MRDFI-tiin mootummaa naannoleetiif kenname ilaalchisee wantoota nyaataafi nyaata hin taane irraa balaqqee maddan too'achuun wal-qabatee labsichi aangoo mootummaa naannolee hin daangessine.

Labsii Lakkoofsa 242/2014 keewwata 44 (9) akka tumutti ATSTO hojiiwwan dhimmoota balaqqee (radiation) naannicha keessatti gaggeeffamu ol'aantummaadhaan akka too'atuufi hojii irra oolmaa isaas akka hordofu aangeffamee jira. Tumaan labsii kanaa akka agarsiisutti, hojiin oomisha maddisiistotaafi misooma balaqqee aangoo ATSTO jalatti kan kufu ta'uu ifatti agarsiisa. Tumaan labsichaa kun tumaa Heera MRDFI wajjiin wal-bira qabamee yoo ilaalame labsii federaalaa caalaa kan waliin adeemu akka ta'etti fudhachuun ni danda'ama.

Kanaaf ATSTO caasaa hojii too'annoo kana hojjatu diriirsuu, ogeessota hojii kana hojjatan ramaduu, bakkawwaniifi wantoota too'annoon balaqqee irratti gaggeeffamu adda baasuu, too'annoo gaggeessuufi murtii sirreeffamaa barbaachisu kamiinuu fudhachuu akka danda'u aangeffamee jira jechuun ni danda'ama. Hojiiwwan too'annoofi sirreeffamaa kanneen fudhachuu kan danda'u ATSTO kana malee qaamni biraa aangoo ol'aanaa qabu hin jiru jechuun ni danda'ama. Hima biraatiin, bu'uura labsii kanaatiin mootummaan federaalaa ittisa balaqqee ilaalchisee ol'aantummaan aangoo too'achuufi hordofuu hin qabu jechuu yoo ta'u, ATSTO barbaachisummaa humna namaafi meeshaalee giddu-galeessa godhachuun qindoominaan mootummaa federaalaa wajjiin hojjechuu ni danda'a jechuudha.

Bulchiinsa dhimma balaqqeetiin wal-qabatee qabatamni jiru kan agarsiisu garuu wal-irra bu'iinsa aangoofi gahee hojii, akkasumas iftoomina dhabuu daangaa aangoo gama kanaan jiru irraa kan ka'e gama tokkoon eeggattummaa, gama birootiin ammoo jiddu-lixummaan kan jiru ta'uu;[164] sadarkaa naannichaatti seerri of-danda'ee dhimma balaqqee bulchu dhabamuu;[165] haalli

---

[164] Af-gaaffiifi marii garee ATSTO-tti Daayireektaraafi Duursaa Garee Daayireektoreetii Too'annaafi Itti-fayyadama Teknolojii Balaqqee, Obbo Nugusuu Sambataafi Obbo Duulaa Alamuu waliin gaafa 05/05/2015 taasifame; Af-gaaffii Biiroo Fayyaa Oromiyaatti B/B Hogganaafi Daayireektara Daayireektoreetii Nyaataafi Qorichaa, Obbo Baddiluu H/maariyaam waliin gaafa 05/05/2015 taasifame

[165] Af-gaaffiifi marii garee Nugusuu, akkuma olii fi Af-gaaffiifi marii garee Geetaachoo, olitti yaadannoo 157[ffaa],

hayyamni qaama inispeekshinii raawwachuu danda'uuf itti kennamuufi hojii irra oolmaan isaas hanqina kan qabuufi akka feeteen hojjetamaa kan jiru ta'uu;[166] yoo jiraates sababa rakkoo nageenyaa, hanqina humna namaafi loojistiksii jiruutiin dhaqqabummaa, qulqullinaafi si'oomina kan hin qabne ta'uu;[167] qindoominni qaama dhimmi ilaallatu waliin jiru laafaa ta'uu;[168] hanqinni gurmaa'insaa, caasaafi loojistiksii kan jiru ta'uu;[169] fi kana furuuf hoggansaafi ogeessi, akkasumas mootummaan xiyyeeffannoo gahaa kennuu dhabuu[170] irraa kan ka'e dhiibbaa teknolojiin balaqqee hawaasa, naannoofi qabeenya naannichaa irraan gahaa jiru daran hammaataa ta'uudha.[171]

### 3.3.5. Xiinxala Seeraafi Qabatama Bulchiinsa Dhimmoota Qabeenya Sammuu

Qabeenyi sammuu sadarkaa Idil-addunyaa, Aardii Afrikaafi biyyaatti xiyyeeffannoo argachuun waliigalteewwaniifi waadaawwan tumaman kan jiraniifi caasaan kanuma hojiitti hiiku kan hundaa'an ta'uu armaan olitti boqonnaa lammaffaa keessatti ibsamee jira. Kanaan wal-qabatee Konveenshinootaafi waliigalteewwan sadarkaa Idil-addunyaafi Afrikaatti mirga waraabbiifi mirgoota hidhata qaban kabachiisuuf mallattaa'anii hojii irra oolaa jiran keessaa Itoophiyaan 'Convention Establishing World Intellectual Property Organization (February 19, 1998)' fi 'Nairobi Treaty on the Protection of Olympic Symbol (September 25,1982)' mallatteessuun kan raggaasifte ta'uun ni beekama.

Yaa ta'u malee waliigaltee Idil-adduyyaa TRIPS kan Dhaabbata Daldalaa Idil-addunyaa (WTO) jalatti bulu Itoophiyaan sadarkaa taajjabdummaatiin kan jirtu ta'us waliigalticha hin mallatteessine. Kana malees kanneen sadarkaa Idil-addunyaatti mirga waraabbiifi mirgoota hidhata qaban kabachiisuuf mallattaa'an Itoophiyaan hin mallatteessine. Dabalataanis waadaalee sadarkaa Idil-addunyaatti eegumsaafi beekamtii mirgoota uumeefi mallattoolee daldalaa ilaallatan biyyi keenya Itoophiyaan hin raggaasifne.

---

166 Af-gaaffiifi marii garee Nugusuu, olitti yaadannoo 164[ffaa]
167 Af-gaaffiifi marii garee Nugusuu, akkuma olii
168 Af-gaaffiifi marii garee Nugusuu, akkuma olii
169 Af-gaaffiifi marii garee Nugusuu, akkuma olii
170 Af-gaaffiifi marii garee Nugusuu, akkuma olii
171 Af-gaaffiifi marii garee Nugusuu, akkuma olii fi Qorannoo Balaqqee ATSTO, olitti yaadannoo 23[ffaa]

Sadarkaa Ardii Afrikaattis Itoophiyaan waliigaltee Lusaakaas ta'ee kan Bangui hin mallatteessine, darbees miseensa Dhaabbata Qabeenya Sammuu Naannoo Afrikaafi Dhaabbata Qabeenya Sammuu Afrikaas hin taane.

Ta'us sadarkaa biyyaatti Itoophiyaan QS dhimmoota akka uumee, mallattoolee daldalaa, mirga waraabbiifi mirgoota hidhata qaban irratti xiyyeeffachuun tumaan seerotaa akka jiran armaan olitti boqonnaa 2ffaa keessatti ilaallee jirra. Kanneen keessaa dhimmi aangoo bulchiinsaa aguuggii heeraa argate uumee (patent) fi mirga waraabbii (copyright) qofadha. Innis tarree aangoo mootummaa federaalaa qofaaf kennaman keessatti kan argamu ta'uun mootummaan federaalaa kalaqaaf mirga uumee (paatentii) kennuufi mirgoota waraabbiif eegumsa gochuu qaba jedha.[172] Kana gochuuf MMBBU dhimmoota uumeefi mirgoota waraabbii irratti aangoo qofaatti seerota tarreeffamaa (specific laws) ta'e tumuu akka qabu tuma.[173] Kana malees MMM paatentiifi mirgoota waraabbiif eegumsa gochuu akka qabu tuma.[174]

Haala ibsama heerichaa irraa akka hubatamutti dhimma uumeefi mirga waraabbii irratti naannoleen aangoo waan qaban hin fakkaatu. Ta'us seerota sadarkaa federaalaatti dhimmoota kanneen irratti bahan naannolee keessatti hojii irra oolchuuf gaheen naannolee maal ta'uu akka qabu ifa miti. Kanaan wal-qabatee Heera MRDFI keewwata 50 (9) fi 94 jalatti mootummaan federaalaa bajeta isaa danda'uun naannolee bakka buusuu akka danda'u tuma. Bakka bu'iinsi kun akkamiin akka kennamu heericha keessatti ifa ta'uu dhabus qabatamni jiru kan agarsiisu bifa sanada wal-hubannoo (MoU) waliif mallatteessuutiin, gochaan yookiin callisaan (implidly) ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf Mootummaa Naannoo Gambeellaa, Tigraayiifi Bulchiinsa Magaalaa Dirree Dhawaa waliin sanadni wal-hubannoo (MoU) mallattaa'uun ittiin hojjetamaa jira.[175] Akeektuun kanaas Labsiin Lakkoofsa 242/2013 dhimmoota aangoo dhuunfaa (exclusive power) mootummaa federaalaa kan ta'an aangoo uumeefi mirga waraabbii (patent and copy right) dabalatee QS irratti, guutuu ta'uu dhabus, ATSTO aangoo akka qabaatu taasifame irraa hubachuun ni danda'ama.

---

[172] Olitti yaadannoo 2ffaa, Heera MRDFI keewwata 51 (19)

[173] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwata 55 (2(G)) under the title powers and functions of the House of Peoples' Representatives states that 'Consistent with the provision of sub-article 1 of this article, the house of peoples' representatives shall enact specific laws on patents and copyrights.'

[174] Akkuma olii, Heera MRDFI keewwata 77 (5) under the title powers and functions of the council of ministers states that 'among others, it shall protect patents and copyrights'

[175] Af-gaaffii MinT-tti Qindeessaa Misoomaafi Qabeenya Namaa Ministeera Innoveeshiniifi Teknolojii Obbo Tafarraa Badhaadahaa waliin gaafa 02/06/2015 taasifame

Dabalataan bu’uura Heera MNO keewwata 49 (3 (p))-tiin Caffeen MNO Heera, Labsiiwwaniifi seerota adda addaa biyyattiifi Naannichaa, Naannicha keessatti hojii irra oolchuuf dambiiwwan dandeessisan baasuu akka danda’u ni tuma. Ta’us sadarkaa naannichaatti qabatamaan aangoo kanatti fayyadamuun dhimma uumeefi mirga waraabbii irratti hanga qorannoon kun xumuramutti dambiin bahe kan hin jirre ta’uudha. Kunis xiyyeffannoo, kaka’umsiifi kutannoon hoggansa ATSTO bira jiru sadarkaa barbaadamu irra kan hin jirre ta’uu agarsiisa.[176]

Sadarkaa naannichaatti caasaan dhimma QS hogganus sadarkaa Daayireektoreetitiin jiraachuufi innumtis hanqina humna namaa, loojistiksiifi bajetaa kan qabu ta’uun eeggattummaa jala kan jiru ta’uu, akkasumas aangoon dhimma galmeessa, beekamtiifi waraqaa ragaa kennuu kan qaama federaalaa ta’uu caalayyuu sadarkaa godinaafi aanaa/maagaalaatii dhabamuun caasaa ATSTO dhaqqabummaan tajaajilaa hanqina akka qabaatuufi gaheedhuma hojii deeggarsaa kennuu qabullee sirnaan bahaa kan hin jirre ta’uu agarsiisa.[177]

Gama biraatiin mootummaan federaalaa dhimma mallattoolee daldalaafi mirgoota mirga waraabbitiin hidhata qabaniin wal-qabatu irratti Labsii lakkoofsa 501/1998 fi Labsii Lakkoofsa 410/1996 kan labsii kana fooyyesse Labsii lakkoofsa 872/2006 tumuun hojii irra oolchee jira. Raawwatiinsi labsichaas guutummaa biyyaatti akka ta’eefi mallattoolee daldalaa biyyoota birootti galmaa’aniifis eegumsa taasisuu kan danda’u ta’uu akeekee jira. Keessattuu mallattoolee daldalaatiin wal-qabatee galmeessaafi eegumsa mallattoolee daldalaa oomishaafi tajaajila tokko kan biroo irraa adda baasuun mirgi oomishtootaa, tajaajila kennitootaafi tajaajilamtootaa akka kabajamu taasisa. Kana taasisuuf aangoo ifatti mootummaa federaalaa qofaaf yookiin wal-faana mootummaa federaalaafi naannoleef hin kennaminiifi hawaas-diinagdee tokko uumuuf MMF’n seerri hariiroo hawaasaa akka irratti bahu hin jedhamne waan ta’eef aangoo naannoolee ta’uu akka qabu tumaa Heera MRDFI irraa ni hubatama.[178]

Labsiin lakoofsa 1263/2013 waa’ee QS kallattiin kan tume ta’uu baatus, akkuma armaan olitti ilaalle sadarkaa federaalaatti hojii QS bulchuuf labsiileen garaagaraa MMBBU-tiin akkasumas

---

[176] Af-gaaffiifi marii garee ATSTO-tti Daayireektaraafi Ogeessota Daayireektoreetii Qabeenya Sammuu, Obbo Sanyii Hawweeraa, Obbo Bilisummaa Kaffaaloofi Obbo Taaddasaa Taammiruu waliin gaafa 08/05/2015 taasifame

[177] Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, olitti yaadannoo 175[ffaa]

[178] Olitti yaadannoo 2[ffaa], Heera MRDFI keewwattoota 52 (1) & 55 (6)

dambiiwwan labsiilee kanneen raawwachiisan bahanii jiru.[179] Bu'uuruma kanaan sadarkaa federaalaatti ATQS jedhamuun hojii QS irratti akka hojjetu hundeeffamee jira.[180] Innis waajjira yookiin teessoo muummee Magaalaa Finfinnee keessaa kan qabuufi yoo barbaachisaa ta'ee argame immoo Magaalaa Dirree Dawaafi naannolee keessatti damee isaa banatee hojjachuu akka danda'u seeraan aangeffamee jira.[181] Kana malees bu'uura Labsicha keewwata 14-tiin namni yookiin qaamni mootummaas ta'ee miti-mootummaa kamiyyuu milkaa'ina hojii ATQSI-tiif dirqama deeggarsa kennuu akka qabu tuma.

Labsicha keewwata 6 (16 & 20) jalatti ATQSI lammiilee biyya alaa, waajjiraalee QS naannoofi Idil-addunyaa waliin hariiroofi tumsa uumuu, akkasumas hojiiwwan biroo kaayyoo isaa hojii irra oolchuuf barbaachisan akkasii raawwachuu akka danda'u tuma. Kunis hariiroofi tumsa caasaa sadarkaa naannooleetti hojii QS irratti hojjetan waliin hariiroofi tumsa uumuu akka qabu akeeka. Gaaleen *'…hojiiwwan biroo kaayyoo isaa hojii irra oolchuuf barbaachisan…'* jedhus kan ibsu ATQSI qabatamaafi haala humna namaa, loojistiksiifi fageenya sadarkaa federaalaa irraa jiru jiddu-galeessa godhachuun tajaajila kennu dhaqqabamaa, si'ataa, hunda-galeessaafi qulqulluu taasisuuf hojii gama deeggarsa roga maraa, qindoominaafi hariiroo qaama kallattiinis ta'ee al-kallattiin hojicha irratti hirmaatuf taasisuu akka dabalatu ni hubatama. Fakkeenyaaf, hojiin galmeessa, hayyamaafi haaromsa dhimma maqaa daldalaa (Trade name not Trademark) bu'uura Labsii Lakkoofsa 686/2002 keewwata 2 (26)-tiin aangoo Ministeera Daldalaafi Industirii ta'us Naannoo Oromiyaa dabalatee naannoleef bakka bu'ummaa kennuun 'data base' akka biyyaatti jiru irraa fayyadamuun naannoleen caasaa sadarkaan jiraniin tajaajila kana kennaa jiraachuun ni beekama. Caasaan sadarkaa federaalaa ammoo toora intarneetii irraan (online) hordoffii taasisaa kan jiru ta'uun tajaajilli gama kanaan kennamaa jiru dhaqqabamaa, si'ataafi qulqullina akka qabaatuufi baasiifi yeroo tajaajilamtootaa kan qusate ta'uun ni hubatama.

Yaa ta'u malee tajaajilli gama mallattoo daldalaatiin (trademark) wal-qabatee jiru (dhimmi iyyannoowwan isaa keessummeessuufi galmeessuu, waraqaa ragaa kennuu fa'a ilaallatan) aangoodhuma ATQSI ta'uun dhimma maqaa daldalaa waliin wal-faana keessummaa'uun bakka

[179] Labsii Lakkoofsa 410/1996 fi labsii kana kan fooyyesse Labsii lakkoofsa 872/2006, Labsiilee Lakkoofsa 123/1995, 501/1998, 320/1995, 1025/2009 fi labsiiwwan kanneen hojii irra oolchuuf dambiiwwan bahan dabalata.

[180] Olitti yaadannoo 9[ffaa], Labsii Lakkoofsa 320/1995 keewwata 6

[181] Akkuma olii, Labsii Lakkoofsa 320/1995 keewwata 4

tokkotti xumura argachuu osoo qabuu iddoo lamatti: qaama federaalaafi naannoo jidduu tajaajilamaa deddeebisuun qisaasama yeroo, dhamaatiifi baasii dabalataaf saaxilaa jira.[182]

Akkuma armaan olitti ibsame, maqaa daldalaatiin ala kan jiran QS-tiin wal-qabatee tajaajila kennamu hunda irratti abbummaan hojjechaa kan jiru ATQSI-ti. Akkuma kan Naannoo Amhaaraa Magaalaa Baahirdaariifi Naannoo Saba, Sab-lammootaafi Ummattoota Kibbaa Magaalaa Hawaasaa, Sadarkaa Naannoo Oromiyaattis ATSTO jiraatus ATQSI Godina Jimmaatti damee isaa hundeessee hojii irra jira.[183] Kana gochuuf Labsiin Lakkoofsa 320/1995 keewwata 4 kan aangesse ta'us ilaalcha hawaas-diinagdeefi siyaasaatiin barbaachisummaa dhabuu qofa osoo hin taane qajeeltoo sirna federaalizimiifi qoodinsa aangoo tumsaafi kaayyoo waloo irratti dhiibbaa ni qabaata. Kanaaf, aangoon gama kanaan ATSTO qabu daangeffamaadha jechuun ni danda'ama.

Gama aangoo seera hiikutiin dhimma yakkaa QS-tiin wal-qabatee cabiinsa mirga waraabbiifi mirgoota hidhata qaban irratti, bu'uura Labsii lakkoofsa 410/2004 keewwata 2 (9) fi labsii kana fooyyessuuf kan bahe Labsii lakkoofsa 872/2014 keewwata 43-tiin Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa (kana booda MMOF) aangoo kan qabu ta'uu tumamee jira. Mallattoolee daldalaatiin wal-qabatees bu'uura Labsii Lakkoofsa 501/2006 keewwata 2 (2) fi 49-tiin Manneen Murtii Federaalaatu aangoo qaba. Uumeen wal-qabatee garuu Labsiin Lakkoofsa 123/1995 keewwata 24-tu akka waan MMOF aangoo qabu fakkaata malee qabatama keessatti mana murtii kamtu ilaaluu qaba kan jedhuuf labsichas ta'ee seeronni biroo waan jedhan hin qaban.

Bu'uura Labsii lakkoofsa 320/1995 keewwata 3-tiin ATQSI akka hundaa'uufi bu'uura Labsii Lakkoofsa 872/2007 keewwata 44 (1)-tiinfi Qajeelfama Lakkoofsa 642/2013-tiin ATQSI jalatti Manni Murtii Qabeenya Sammuu (Intellectual Property Tribunal) akka hundaa'u tumee jira. Manni Murtichaas, dhimma itti-gaafatamummaa waliigalteen alaa malee (except cases of extra-contractual liability), dhimmoota QS irratti aangoo dhimma hariiroo hawaasaa ilaaluu akka qabuufi yoo komiin jiraate ol'iyyannoon MMOF-tti akka dhiyaachuu qabu Labsii Lakkoofsa 872/2007 keewwata 44 fi 45 jalatti tumee jira. Kana malees uumeen wal-qabatee MMOF aangoo dhimma hariiroo hawaasaa akka qabu Labsiin Lakkoofsa 123/1995 keewwata 2 (1), 20 (2) fi

[182] Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, olitti yaadannoo 176[ffaa]

[183] Af-gaaffii MinT-tti Duursaa Garee Galmeessaafi Mirkaneessa Uumee fi Qindeessaa Damee Hawaasaa, Obbo Tawodiroos Nigusuufi Obbo Girmaa Badhoo waliin gaafa 08/05/2015 taasifame

Labsiin Lakkoofsa 1234/2013 keewwata 5 (1 (m)) jalatti tumamee jira. Akka waliigalaatti, dhimmoota QS irratti bu'uura Labsii Lakkoofsa 1234//2013 keewwata 4 fi Heera MRDFI keewwata 78 (2) fi 80 (2)-tiin Manni Murtii Waliigala Oromiyaa aangoo bakka bu'iinsaan seera hiikuu akka qabu hubachuun ni danda'ama.

Yaa ta'u malee seeronni dhimmoota QS tuman kunneen matuma isaanitiin hanqina qabu. Akkuma armaan olitti ilaalle jechi QS jedhu dhimmoota akka paatentii, mallattoo daldalaa, fi mirga waraabbiifi mirgoota hidhata qaban irratti kan xiyyeeffatudha. Kana jechuun gurmuun mirgoota hojiilee kalaqa industirii, saayinsii, aartiifi barreeffamaa guutumaan guututti uwwisa seeraa argatan jechuun hin danda'amu. Kana keessaa tokko mirga akeektuu bakka maddaa (GIO)-ti. Akeektuu bakka maddaa jechuun akkuma maqaan isaa ibsu agarsiiftuu iddoo/lafa bu'uura/ka'umsa wantootaati. Innis walitti hidhamiinsa guddaa wantichi iddoo itti oomishame yookiin irraa madde waliin qabu irraan kan ka'e dhiibbaa ilaalcha gaarii yookiin badaa sammuu namaa keessatti uumuu kan danda'u ta'uu ibsa. Kunis qulqullina yookiin maqaa gaarii yookiin amala biroo gaarii wantichaa wajjin wal-qabata. Kun immoo hawaas-diinagdee bakka oomishichaa yookiin wantichaa irratti dhiibbaa gaarii yookiin badaa qabaata jechuudha.

Sababa xiyyeeffannoofi uwwisa seeraa gahaa hin qabneef, fakkeenyaaf, Bunni Jimmaa buna Azeeb; Dammi Mattuu damma Beezaa; Bunni Harargee, Qarcaa (Gujii) fi Wallaggaa qaamni/ namni abbummaa irraa hin qabne mallattooleefi maqaa daldalaa adda addaa itti moggaasuun gabaa biyya alaatti dhiyeessuun irraa fayyadamaa jira.[184] Kunis gama tokkoon qaamni abbummaa irraa hin qabne gabaa alaatti erguun faayidaa isaaf hin malle sharafa alaa, beekamtiifi hariiroo isaaf hin malle itti argachaa kan jiru ta'uufi gama biraatiin qaamni silaa abbummaan irraa mulqame faayidaa hawaas-diinagdee, akkasumas walitti dhufeenya siyaasaa irraa argachaa kan hin jirre ta'uudha. Kana malees oomisha tokko maqaa garagaraatiin gabaaf dhiyeessuun fayyummaan hawaasaafi naannichaa balaaf saaxilamaa kan jiru ta'uudha. Fkf. Oomisha Zayitaafi bishaan fa'a kaasuun ni danda'ama.[185]

Kana malees hojiin kalaqa moosaajii (software) industirii keessatti hojii irra ooluu danda'aniifi akkuma teknolojii kamiyyuu gulantaa kalaqaa kan of-keessaa qaban ta'anis dhaqqabummaafi

[184] Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, olitti yaadannoo 176ffaa
[185] Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, akkuma olii

paatentummaa isaatiif aguuggii seeraa hin kennine. Dabalataanis, seeronni gama kanaan jiran kanneen akka Labsii Lakkoofsa 501/2006, 686/2010,[186] 813/2013[187] fi Dambii lakkoofsa 273/12 waa'ee eegumsa maqaa doomenii (domain name protection) hin tumne; haala galumsaatinis ta'u mallattoolee daldalaa keessattillee hin eeramne. Kun immoo raawwii seerota gama kanaan jiranii rakkisaa taasisuu bira darbee maqaan doomenii balaaf akka saaxilamu karaa banee jira. [188]

Labsii Lakkoofsa 242/2014 seensa keeyyata 4[ffaa] irratti kaayyoon labsichi seera duraan ture irraa fooyyessuu barbaade keessaa tokko wal-irra bu'iinsa, walitti bu'iinsaafi iftoomina dhabuu aangoofi gahee hojii manneen hojii mootummaati. Manneen hojii labsichaan irra deebiin hundeeffaman keessaa tokko ATSTO ta'uun[189] labsicha keewwata 44 jalatti aangoo ATSTO tarreessee jira. Labsichi seera bu'uuraa yookiin haadhoo qaamolee raawwachiiftuu MNO ta'uun aangoofi gahee hojii isaanii bifa waliigalaatiin kan tarreessu malee bifa gad-fageenyaafi bal'ina qabuun haala hojii irra oolmaa isaa ibsuun kaayyoo bu'uuraa labsichaas miti. Kana gochuuf garuu seera haadhoo kana bu'uureffachuun seeronni dhalatoo yookiin itti-aananii bahan akka barbaachisan afuura labsichaa irraa hubachuun ni danda'ama.[190]

Yaa ta'u malee hanga qorannoon kun gaggeeffametti tarreeffamni seera dhalatoo aangoofi gahee hojii ATSTO bu'uura godhachuun bahan kan hin jirreefi qaama kallattiin dhimmichi ilaallatu, keessattuu hoggansa ATSTO bira sosochiifi kaka'umsi gama kanaan jiru sadarkaa barbaadamu irra kan hin jirre ta'uu argannoon qorannichaa ni agarsiisa.[191]Aangoofi gahee hojii QS-tiin wal-qabatee labsicha keewwata 44 (2, 8, 16, 19 & 26) jalatti ATSTO:

> *"...sosochii kalaqa S & T naannicha keessatti taasifamu ol'aantummaan ni qindeessa, ni jajjabeessa; sarbamni mirgaa akka irra hin geenye ni too'ata; odeeffannoo walitti ni qaba, ni qindeessa, ni xiinxala, poortaalii irratti fe'uun tamsaasudhaan hojii irra oolmaa isaas ni hordofa, ni too'ata; qaamolee adda addaa biyya keessaafi alaa waliin hariiroo uumuun ni hojjeta..."* jedha.

[186] Labsii Galmeessaafi Kennaa Hayyama Daldalaa Lakkoofsa 686/2010
[187] Labsii Eegumsa Dorgommii Daldalaafi Shamattootaa Lakkoofsa 813/2013
[188] Its cybersquatting is high and this refers to the unauthorized registration and use of Internet domain namaes that are identical or similar to trademarks, service marks, company names or personal names
[189] Olitti yaadannoo 12[ffaa], Labsii Lakkoofsa 242/2014 keewwata 12 (31)
[190] Akkuma olii, Labsii Lakkoofsa 242/2014 keewwata 73
[191] Af-gaaffii Namarraafi Huseen, olitti yaadannoo 115[ffaa]

Akkuma barreeffamicha irraa hubatamu aangoofi gaheen hojii kun haala waliigalaatiin kan ibsame waan ta'eef bali'inniifi daangaan isaa maal akka ta'e ifa miti. Keessattuu jechi *"…ol'aantummaan…"* jedhu jiddu-lixummaa qaama biroo hambisuuf kan yaadame fakkaatus ergaa guutuu hin dabarsu. Hojiin qindeessuufi jajjabeessuus akkamiin akka raawwatamu ifa miti. Sarbamni mirgaa akka hin geenye too'achuu kan jedhus hojiiwwam akka galmeessuu, beekamtii kennuu, seera baasuu, hubannoo kennuu fi.k.k.fa'aan ittisuu ni dabalataa kan jedhu ifa miti. Dhimmoota kanneen irratti naannichi (ATSTO) aangoo seera tarreeffamaa (detail law) gosa kamii (labsii, dambii yookiin qajeelfama) baasuu akka danda'us ifa miti.

Dhimma uumeefi mirga waraabbii irratti labsii baasuun aangoo mootummaa federaalaa qofaaf kan kenname ta'us QS uumeefi mirga waraabbiitiin ala jiran irratti mootummaan naannoo seerota barbaachisoo ta'an tumuun caasaa seerota kanneen hojii irra oolchan hundeessuu akka danda'u xiinxala armaan olitti taasifame irraa hubachuun ni danda'ama. Kana malees Heerri MRDFI keewwata 52 (2 (a & b)) jalatti naannoleen aangoo ofiin of-bulchuu gabbisuuf heeraafi seerota biroo mataa isaanii baafachuufi hojii irra oolchuu, akkasumas caasaa kana raawwatu hundeessuu akka danda'an aangeessee jira. Bu'uuruma kanaan qaamni seera baastuu naannichaa Caffeen MNO kan hundaa'e yoo ta'u dhimmoota QS uumeefi mirga waraabbitiin ala jiran irratti labsiiwwan adda addaa baasuu akka danda'uufi seerota kanneen hojii irra oolchuuf dambiiwwan dandeessisan baasuu akka danda'u aangessee jira.[192]

Gama biraatiin dhimmoota QS uumeefi mirga waraabbiitiin ala jiran irratti seera baasuuf qophaa'ummaan jiru laafaa yoo ta'es seerota sadarkaa federaalaatti QS-tiin wal-qabatanii bahan bifa guutuu ta'een naannicha keessatti hojii irra oolchuufi aangoofi gahee hojii Labsii Lakkoofsa 242/2014 keewwata 44 (2, 8, 16, 19 & 26) irratti bifa waliigalaatiin tumaman bal'inaafi iftoomina akka qabaatan dambii dandeessisu baasuu ni danda'a jechuudha. Dabalataanis istaandardiifi seerota akka federaalaatti yookiin akka Addunyaatti bahanii jiran gara Afaan Oromootti hiikuufi qabatama naannichaatti madaqsuun hojii irra oolchuun ni danda'ama. Ta'us hanga gaggeessi qorannoo kanaa xumuramutti sadarkaa naannichaatti aangoofi hiree jiru kana bu'uura godhachuun dhimmoota kanneen irratti seerri tarreeffamaa (detail law) bahe yookiin gara Afaan Oromootti hiikamee madaqfame hin jiru.

---

[192] Olitti yaadannoo 4ffaa, Heera MNO keewwata 49 (1 & 3 (p))

Labsichi aangoofi gahee hojii kana ATSTO kennuudhaan ala caasaan kanaaf barbaachisu akkamiin gurmaa'uu akka qabu wanti akeekes hin jiru. Akkuma armaan olitti ibsame tajaajilliifi fedhiin QS-tiin wal-qabatanii jiran bal'ina kan qaban ta'us aangoodhuma qabanitti fayyadamuun raawwiin qabatamaan jiru baay'ee xiqqaadha.[193] 'Oromia Braodcasting Network' (kana booda OBN) dabalatee miidiyaa hawaasaa, keessattuu fuula teelegiraamii waloo hundeessuun hojiin odeffannoo QS walitti qabuu, qindeessuufi tamsaasuu; hubannoo uumuufi hariiroon caasaa gama kanaan sadarkaa federaalaafi kanneen biroo waliin eegalame jajjabeessaa ta'us sadarkaa barbaadamu irra hin jiru.[194] Hojiin gama abbootii kalaqaa jajjabeessuufi sarbamni mirgaa akka irra hin geenye too'achuutiin jiru garuu baay'ee laafaadha.[195]

Sababoota kanneeniifi hudhaalee biroo jiran dabalatee adeemsi kalaqicha galmeessisuufi beekamtii argachuu wal-xaxaafi dheeraa waan ta'eef kalaqni hedduun osoo beekamtii hin argatin hafuufi hannaaf saaxilamuun dhamaatii, yeroofi baasiin abbootii kalaqaa bu'aa dhabuu;[196] innumti bu'aa ba'ii hedduu keessa qaxxaamuruun galmaa'ee beekamtii argates sababa deeggarsa gahaa dhabuufi gama mootummaatin jiddu-galli kanumaaf mijate dhabamuutiin kalaqni isaanii gara oomisha guutuutti (mass production) waan hin galleef kalaqichi sadarkaadhuma nama dhuunfaatti hafaa kan jiru ta'uu;[197] hawaasaafi mootummaa naannichaas ta'ee akka biyyaatti faayidaan kana irraa argamuuf male kan hafe ta'uudha.[198] Dhimmoota kana furuuf hojjechuu irratti gama mootummaatins ta'ee hoggansaafi ogeessota ATSTO bira eeggattummaan kan jiru ta'uun ni hubatama.[199]

---

[193] Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, olitti yaadannoo 176[ffaa],
[194] Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, akkuma olii
[195] Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, akkuma olii
[196] Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, akkuma olii
[197] Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, akkuma olii
[198] Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, akkuma olii
[199] Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, akkuma olii

### 3.4.Hudhaalee Keessaafi Alaa Galma Gahiinsa Aangoo Bulchiinsa Dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii Naannichaa Irratti Dhiibbaa Geessisan

#### 3.4.1. Hanqinaalee Keessoo

Daataa maloota akkamtaan walitti qabame irraa akka hubatamutti hanqinaaleen keessoo galma gahiinsa aangoo bulchiinsa dhimmoota S & T ATSTO irraan dhiibbaa geessisan hedduudha. Isaan keessaa ijoon: aangoofi gaheen hojii ATSTO uwwisa seeraa gahaa ta'eefi istaandardiiwwan barbaachisoo ta'an diriiruu dhabuu;[200] hoggansis tasgabbii dhabuu- yeroo yeroon jijjiiramuufi qaamolee dhimmi ilaallatu waliin qindoominaafi mariin seerotaa/sirna hanqina qaban fooyyessuus ta'ee kanneen hin jirre tumuu, akkasumas caasaafi aangoodhuma qaban, hojimaataafi qabatama jiru jiddu-galeessa godhatanii bifa guutuu ta'een hojii irra oolchuu irratti kaka'umsaafi kutannoon jiru sadarkaa barbaadamu irra kan hin jirre ta'uudha.[201]

Rakkoo gurmaa'insaatiin (Abbaa Taayitaatiin gurmaa'uun) hoggansi miseensa Mana Maree Bulchiinsa Naannichaa waan hin taaneef rakkoowwaniifi hanqinaalee gama manichaatiin jiran kallattiin dhiyeessuufi murteessisuu irratti sagalee kan hin qabne ta'uu;[202] aangoofi gaheen hojiiwwan murteessoo ta'anii sadarkaa daayireektoreetiitiin waan jiraniif bifa gahumsa qabuun of-danda'anii karoorsuufi hojii irra oolchuu dhabuu, kana malees bajeta gahaa, meeshaaleefi humna namaa hojjechiisuu danda'u guutachuu irratti dhiibbaa kan qabu ta'uu;[203] aangoofi gaheen hojii gama kanaan jiru baay'een isaanii sadarkaa federaalaatti rarra'anii kan jiran waan ta'eef darbee darbee gama tokkoon eeggattummaafi harkifannaan, gama biraatiin jiddu-lixummaan kan jiru ta'uu;[204] ATSTO sadarkaa naannichaa qofatti kan jiru ta'uun caasaa jalaa-kan Godinaafi Aanaa kan hin qabne ta'uun dhaqqabummaa, si'oominaafi qulqullina tajaajila manichaan kennamu irratti dhiibbaa kan qabu ta'uu;[205] sadarkaadhuma ATSTO fi daayireektoreetittillee caasaan jiru bal'ina, ulfaatinaafi fedhii tajaajila gama kanaan barbaadamu

---

[200] Af-gaaffii Namarraafi Huseen, olitti yaadannoo 115[ffaa] fi Af-gaaffii Gammachuu, olitti yaadannoo 122[ffaa]

[201] Af-gaaffii Namarraafi Huseen, olitti yaadannoo 115[ffaa], Af-gaaffiifi marii garee Beenyaa, olitti yaadannoo 123[ffaa] fi Af-gaaffii Baddiluu, olitti yaadannoo 164[ffaa]

[202] Af-gaaffii Namarraafi Huseen, olitti yaadannoo 115[ffaa]

[203] Af-gaaffii Namarraafi Huseen, akkuma olii

[204] Af-gaaffii Huseen, olitti yaadannoo 115[ffaa] fi Af-gaaffii Baddiluu, olitti yaadannoo 164[ffaa]

[205] Af-gaaffii Huseenfi baddiluu, akkuma olii

waliin kan wal-hin gitne ta'uu;[206] caasaan yoo jiraatellee sababa qacarrii, jijjiirraa, ramaddiifi guddinni sadarkaa mootummaan dhorkameefi bajenni hin jiru jedhamuun, keessattuu hojiiwwan ijoo ta'an irratti, hanqinni humna namaa kan jiru ta'uu;[207] kana furuuf hojjettootuma/ogeessotuma jiran bakka bu'iinsaan hojjechiisuu, kun ammoo tajaajila kennamu irratti dhiibbaa kan qabu ta'uu;[208] darbee darbee rakkoofi hanqinoota jiran sirreessuu irratti hoggansiifi ogeessonni qophaa'ummaa, kaka'umsa, xiyyeeffannoo, kutannoofi ijjannoo wal-fakkaataa dhabuu;[209] akkasumas hubannoo, naamusaafi dandeettii gahaa ta'e dhabuu;[210] rakkoo sirna faayidaa yookiin mirgaafi dirqama hojjettootaa yookiin ogeessotaa (itti-quufinsi keessoo kan hin jirreefi itti-gaafatamummaa mirkaneessuun harcaatii kan qabu ta'uu);[211] akkasumas leenjiin gahumsa qabuufi dhaqqabamaa ta'e kennamuu dhabuu;[212] hanqina bajetaafi meeshaalee hojii kanneen akka laabiraatoorii qorannoowwan garaagaraa guutuu dhabuu [213] kanneen jedhan hanqinaalee keessoo galma gahiinsa aangoo bulchiinsa dhimmoota S & T ATSTO irratti dhiibbaa hordofsiisan isaan ijoodha.

### 3.4.2. Rakkoolee Alaa

Daataan maloota akkamtaan walitti qabame rakkoolee alaa galma gahiinsa aangoo bulchiinsa dhimmoota S & T ATSTO irratti dhiibbaa geessisan ni agarsiisa. Isaan kana keessaa ijoon: darbee darbee qoodinsa aangoo (separation of power) bulchiinsaafi itti-fayyadama dhimmoota S & T Heera MRDFI-tiin beekamtii argate kabajamuu dhabuu;[214] seeronni garagaraa gama kanaan sadarkaa federaalaatti bahanii hojii irra jiran baay'ee kan turaniifi kan yeroo dhihoo bahanis hanqina qabaachuufi aangoo gara jiddu-galeessaatti kan tuulan ta'uu;[215] haqa-qabeessummaa

---

[206] Af-gaaffiifi M/garee Beenyaa, olitti yaadannoo 123[ffaa] fi Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, olitti yaadannoo 176[ffaa]
[207] Af-gaaffiifi M/garee Beenyaafi Sanyii, akkuma olii
[208] Af-gaaffiifi M/garee Beenyaafi Sanyii, akkuma olii
[209] Af-gaaffii Waajjira Prizedaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatti B/B Daayireektarafi Ogeessa Seeraa Daayireektoreetii Seeraa, Obbo Tsaggaayee Nagaasaa waliin gaafa 18/05/2015 taasifame fi Af-gaaffii Baddiluu, olitti yaadannoo 164[ffaa]
[210] Af-gaaffii Namarraafi Huseen, olitti yaadannoo 115[ffaa]fi A/gaaffiifi M/garee Gammachuu, olitti yaadannoo 122[ffaa]
[211] Af-gaaffiifi M/garee Beenyaa, olitti yaadannoo 123[ffaa] fi Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, olitti yaadannoo 176[ffaa]
[212] Af-gaaffiifi marii garee Beenyaa, olitti yaadannoo 123[ffaa], Af-gaaffiifi marii garee Geetaachoo, olitti yaadannoo 151[ffaa], Af-gaaffii Nugusuu, olitti yaadannoo 164[ffaa] fi Af-gaaffiifi marii garee Sanyii, olitti yaadannoo 176[ffaa]
[213] Af-gaaffiifi M/garee Beenyaa, olitti yaadannoo 123[ffaa], Af-gaaffiifi M/garee Geetaachoo, olitti yaadannoo 151[ffaa], Af-gaaffii Nugusuufi Baddiluu, olitti yaadannoo 164[ffaa] fi Af-gaaffiifi M/garee Sanyii, olitti yaadannoo 176[ffaa]
[214] Af-gaaffii Huseen, olitti yaadannoo 115[ffaa]
[215] Af-gaaffii Huseen, akkuma olii

dhabuufi haalli naannicha keessatti hojii irra oolan iftoomina kan hin qabne ta'uu;[216] akkasumas sadarkaa naannootti bajetniifi loojistiksiin kana milkeessan gahaa ta'uu dhabuu;[217] aangoofi gaheen hojii gama kanaan jiru haala bittinnaawaa ta'een qaamota garagaraatiif kennamee kan jiru ta'uu;[218] qindoominniifi hariiroon qaamota kanneen jidduu jiru garuu laafaa ta'uu;[219] fedhiin teknolojii babal'isuufi itti-fayyadamuu seektaraalee mootummaa tokko tokko bira jiru laafaa ta'uufi rincicni jiraachuu;[220] dhimmoota kanneen irratti hojjechuun sirreessuuf xiyyeeffannoon mootummaafi ATSTO bira jiru gahaa ta'uu dhabuu;[221] guddina diinagdee akka sababa itti-gaafatamummaa jalaa bilisa taasisuutti fayyadamuu;[222] rakkoo afaaniif (afaan tajaajilli kun ittiin kennamu Afaan Amhaaraa yookiin Ingilizii ta'uun namoonni tajaajilicha barbaadan Afaan Oromoo qofa kan dubbatan ta'uu) tajaajila barbaadan bifa guutuu ta'een argachaa kan hin jirre ta'uu, akkasumas fageenya Finfinnee irraa jiruun dhamaatii, qisaasama yeroofi qabeenyaaf saaxilamuufi tajaajila dhaqqabamaa, si'oominaafi qulqullina qabu argachuu dhabuu;[223] rakkoo nageenyaa, tasgabbiifi siyaasa Addunyaa, Biyyaafi naannichaa;[224] dhimmi qacarrii, jijjiirraa, ramaddiifi guddinni sadarkaa yeroo dheeraaf siivil sarvisiin (Mootummaan) dhorkamee turuu fa'a.[225]

---

[216] Af-gaaffii Huseen, akkuma olii

[217] Af-gaaffiifi marii garee Gammachuu, olitti yaadannoo 122[ffaa], Af-gaaffii Baddiluu, olitti yaadannoo 164[ffaa] , Af-gaaffii Waajjira Barnootaa Godina Jimmaa, I/A/Hogganaa, Abbaa Adeemsaa Dhimma Koorniyaa, fi Kenna Leenjiifi Qophii fedhii Gabaa, Obbo Anwaar A/Giddii, Adde Jamiilaa Mohammadfi Obbo Umar A/Garoo waliin gaafa 23/05/2015 taasifame; Af-gaaffii Waajjira Barnootaa Godina Arsii Lixaa, Duursaa Garee misooma Barsiisotaafi Bulchiinsa Manneen Barumsaafi Ogeessa Misooma Barsiisotaafi Bulchiinsa Manneen Barumsaafi Qindeessaa Dhimma Kalaqaa, Barsiisaa Gammachuu Galatoofi Barsiisaa Jaarsoo Badhaasoo waliin, akkasumas Af-gaaffii Waajjira Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Godina Arsii Lixaatti Abbaa Adeemsa Kenna Leenjii Ogummaafi Ogeessa Adeemsichaa, Obbo Aliyyii Uloofi Obbo Gammachuu Raammaa waliin gaafa 07/06/2015 taasifame

[218] Af-gaaffii Huseen, olitti yaadannoo 115[ffaa], Af-gaaffiifi marii garee Gammachuu, olitti yaadannoo 122[ffaa], Af-gaaffii Baddiluu, olitti yaadannoo 164[ffaa] fi Af-gaaffii Anwaar, Gammachuufi Aliyyii, olitti yaadannoo 217[ffaa]

[219] Af-gaaffii Namarraa, Baddiluu, Gammachuu, fi Anwaar, Gammachuufi Aliyyii, akkuma olii

[220] Af-gaaffiifi marii garee Geetaachoofi Nugusuu, olitti yaadannoo 157[ffaa] fi 164[ffaa]

[221] Af-gaaffii Namarraafi Huseen, olitti yaadannoo 115[ffaa] fi Af-gaaffii Anwaar, Gammachuufi Aliyyii, olitti yaadannoo 211[ffaa]

[222] Af-gaaffiifi marii garee Gammachuu, olitti yaadannoo 122[ffaa]

[223] Af-gaaffiifi marii garee Beenyaa, Geetaachoo, Nugusuufi Sanyii, olitti yaadannoo 123[ffaa], 157[ffaa], 164[ffaa] fi 176[ffaa] fi Af-gaaffii Anwaar, Gammachuufi Aliyyii, olitti yaadannoo 217[ffaa]

[224] Af-gaaffii Tsaggaayee, olitti yaadannoo 209[ffaa]

[225] Af-gaaffiifi marii garee Beenyaa, Geetaachoo, Nugusuufi Sanyii, olitti yaadannoo 123[ffaa], 157[ffaa], 164[ffaa] fi 176[ffaa]

# BOQONNAA AFUR

# GUDUUNFAAFI YAADOTA FURMAATAA

## 4.1.Guduunfaa

Akka xiinxala armaan olitti taasifame irraa hubatamutti dhimmoonni saayinsiifi teknolojii bal’aa, wal-xaxaafi saffisaan kan jijijjiiramu waan ta’eef bulchiinsi isaa seeraafi caasaa sanaan wal-madaalu barbaada. Akka Itoophiyaatti dhimmoonni saayinsiifi teknolojii gosa qoodinsa aangoo waloo (shared power) jalatti kan bulu ta’uun aangoon mootummaa federaalaa bu’uura kaa’uu (framework formulation) qofa yoo ta’u Naannoleen (Mootummaa Naannoo Oromiyaa) ammoo bu’uura kaa’ame kana jiddu-galeessa godhachuun seera tarreeffamaa (detail law) baasuu ni danda’u. Kana malees mootummaan federaalaa, hanga humni isaa danda’etti, hojii saayinsiifi teknolojii misoomsuufi guddisuu naannolee keessatti hojjetaman deeggaruu qaba. Sadarkaa federaalaatti caasaalee biroo dabalatee Ministeerri Innoveeshiniifi Teknolojii fi Abbaan Taayitaa Teknolojii Itoophiyaa caasaa dhimma kana irratti hojjetan yoo ta’u, sadarkaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Abbaan Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa caaseffamee jira.

Yaa ta’u malee seeronni sadarkaa federaalaatti dhimmoota saayinsiifi teknolojii irratti bahan haala qoodinsa aangoo Heera MRDFI kabajuu dhabuun seera tarreeffamaa baasuu; kan sadarkaa naannotti bahaniin wal-faallessuufi falmiin aangoo darbee darbee kan uumamu ta’uudha. Kun immoo miirri dorgommii dantaafi aangoo gara jiddu-galeessatti tuuluu jiraachuu kan agarsiisu waan ta’eef bu’uura sirna federaalizimii kan ta’e tumsa galma waloofi hariiroo gaarii irratti dhiibbaa akka qabaatu taasisa. Dabalataanis Abbaan Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa, darbee darbee kutannoo yookiin ijjannoo dhabuu hoggansaafi ogeessaa irraan kan ka’e aangoo bu’uura heeraa qabuufi ifaan kennameefitti fayyadamuun dhimmoota saayinsiifi teknolojii naannichaa misoomsuu, bulchuufi taaliguuf, akka barbaachisummaa isaatti, seera hojjechiisuu dandeessisu tumuufi caasaa diriirsuu dhabuun ni jira.

Kana malees hanqinni loojistiksii, caasaa keessaa, humna namaafi gahumsaa, hubannoon gama kanaan hawaasa bira jiru laafaa ta’uu, dhimmoota teknolojii tokko tokko irratti istaandardiifi uwwisni seeraa gahaa ta’e dhabamuu, akkasumas qindoominni qaamolee dhimmi ilaallatu waliin jiru laafaa ta’uu irraan kan ka’e Abbaan Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa aangoodhuma

qabu fayyadamee dhimmoota saayinsiifi teknolojii naannicha keessatti hojii irra oolan, keessattuu kanneen hawaasa, naannoofi qabeenya irratti miidhaa qaqqabsiisan ittisuufi too’achuu irratti rakkoofi hanqina guddaatu jira.

Darbees, Abbaan Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa sadarkaa Abbaa Taayitaatin kan caaseffame yoo ta’u Daayireektarri Abbaa Taayitichaa miseensa kaabinee Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa miti. Kun immoo hanqinaafi rakkoolee manichaa ija ogummaafi haala guutuu ta’een kallattiin mootummaaf dhiyeessuufi sagalee irratti qabaachuu irratti dhiibbaa guddaa ni qabaata.

Akka waliigalaatti hanqinaaleen keessoofi rakkoowwan alaa kanneen akka aangoofi gaheen hojii Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa uwwisa seeraa gahaa dhabuu; dhimmoota tokko tokko irratti akka biyyaattis ta’ee akka naannichaatti istaandardiifi hojimaanni kan hin jirre ta’uu; hoggansi manichaa tasgabbii dhabuu; aangoodhuma jiru hojii irra oolchuuf qindoominni keessaafi alaa laafaa ta’uu; hanqinni humna namaafi gahumsa isaanii, akkasumas loojistiksii jiraachuu; rakkoo gurmaa’insaafi caasaa keessaafi jalaa; faayidaafi si’eessituu, akkasumas leenjiifi carraa barnootaa ogeessotaa sirnaan eeguu dhabuu; sababa kanaan hojii gad-lakkisuun baay’achuu (high turnover); rakkoo nageenyaa, tasgabbiifi siyaasa Addunyaa, Biyyaafi naannichaa; xiyyeeffannoofi hubannoon gama caasaa mootummaatin jiru sadarkaa barbaadamu irra jiraachuu dhabuu; aangoofi gahee hojii sadarkaa federaalaatti rarra’ee hafeef darbee darbee jiddu-lixummaan aangoo kan jiru ta’uu; sodaa jiddu-lixummaa irraa kan ka’e kanneenuma Abbaan Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa aangoo irratti qabu duguuganii hojjechuu irratti kutannoofi ijjannoo gahaa dhabuun eeggattummaan kan jiru ta’uun hudhaalee galma gahiinsa aangoo bulchiinsa dhimmoota saayinsiifi teknolojii Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa irratti dhiibbaa geessisanidha.

### 4.2.Yaadota Furmaataa

Argannoowwan qorannichaafi hudhaalee keessoofi alaa galma gahiinsa aangoo bulchiinsa dhimmoota saayisniifi teknolojii mootummaa naannichaa (Abbaan Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa) irratti dhiibbaa geessisaniifi sababa kanaan miidhaa ummataafi mootummaa naannichaa irra gahe qorannoo kanaan adda bahan furuuf yaadotni furmaataa armaan gadii akeekamanii jiru.

#### 4.2.1. Yaadota Furmaataa Aangoo Bulchiinsa Waliigala Dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii ilaallatan

- Abbaan Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa mariifi wal-hubannoodhaan dhimmoota saayinsiifi teknolojii irratti seerotaafi istaandardiiwwan wal-siman baasuufi bifa guutuu ta'een akka raawwataman taasisuuf mootummaa federaalaafi naannoo, akkasumas qaamota seera baasaniifi raawwachiisan jidduu tumsiifi qindoominni galma waloo akka jiraatu irratti hojjechuufi haala mijeessuu qaba.
- Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa naannichi jiddu-gala biyyaafi hawaas-diinagdee bal'aa qabu ta'uu, barbaachisummaa, fedhii bal'aa jiruufi hunda-galeessummaa tajaajila (cross-cutting service) manicha irraa eegamu, akkasumas muuxannoo sadarkaa federaalaa (Ministeera Innoveeshiniifi Teknolojii fi warreen itti-wamaman) fi naannolee biroo bira jiru jiddu-galeessa godhachuun caasaa hawaasaafi mootummaa naannichaa gitu qabaachuun murteessaa waan ta'eef Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa gara Biirotti (kana booda Biirichi) ol-guddisuun gurmaa'insa caasaa sadarkaa Godinaafi Aanaa yookiin/fi Magaalaa qabaachuun irra deebiin hundeessuu qaba.
- Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa haaluma wal-fakkaatuun daayireektoreetiiwwan Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa hojii ijoo hojjetan kanneen akka qorannoofi qo'annoo, kalaqaafi ce'umsa teknolojii; elektirooniksii mootummaa; misooma bu'uuraalee teknolojii qunnamtii odeeffannoo; bu'uuraalee qulqullinaa; balaqqee fi qabeenya sammuu irratti hojjetan itti-waamamni isaanii Biirichaaf ta'uun sadarkaa biirotii gaditti of-danda'anii akka hundaa'an gochuu qaba.
- Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa aangoo dhimmoota saayinsiifi teknolojii irratti Heerri MRDFI fi Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa ifatti kenneef fayyadamuun labsii

hundeeffama Biirichiifi daayireektoreetii armaan olitti of-danda'anii yaa bahan jedhaman aangoo, gahee hojiifi itti-gaafatamummaa, akkasumas caasaa kanuma bifa guutuu ta'een hojii irra oolchuuf isaan dandeessisu haammachiisuun tumuu qaba. Labsiin bahu kunis seera haadhoo madda seerota dhalatoo yookiin itti-aananii bahanii ta'uun akka fayyadutti qaamota roga qabeessa ta'an aangoo seera (dambiifi qajeelfama) baasuu aangessuun tumamuu qaba.

- Biirichi rakkoo qindoominaa seektaraalee gaheen hojii isaanii isa waliin hidhata qaban furuuf sirna atoominaa yookiin sanada wal-hubannoo (memorandum of understanding) mirgaafi itti-gaafatamummaa of-keessaa qabuun akka hogganamu waloon akka qophaa'u taasisuun hojii irra oolchuu qaba.
- Biirichi hubannoo hawaasniifi mootummaan (seektaroonni) naannichaa dhimmoota saayinsiifi teknolojii irratti qaban cimsuufi bifa guutuu ta'een hojii irra oolchuuf tarsiimoo kenniinsa hubannoo qopheessuun ittiin hojjechuu qaba.

### 4.2.2. Yaadota Furmaataa Aangoo Bulchiinsa Dhimmoota Saayinsiifi Teknolojii Kanneen Biroo ilaallatan

**Dhimma Qo'annoofi Qorannoo, Kalaqaafi Ce'umsa Teknolojii irratti: -**

- Biirichi boordii qo'annoofi qorannoo saayinsiifi teknolojii hundeessuu qaba. Boordiin hundaa'u kunis, akkuma muuxannoon biyyootaa agarsiisutti, miseensa dhaabbata saayinsiifi teknolojii, ogeessa karoora waliigalaa naannichaa keessatti hirmaannaa qabu, hojjetaa instiitiyuutii qorannoo kan akka qorannoo qonnaa, ogeessa biiroo barnootaa dhimmi ilaallatu, barsiisota yuunvarsiitii dhimma saayinsiifi teknolojii irratti beekamtii qabaniifi, muummee saayinsiifi teknolojii yuunvarsiitii dhimma kana irratti hojjatuu irraa walitti bahan boordii hojii gaggeessa qorannoofi qo'annoo dhimma saayinsiifi teknolojii irratti gorsaafi yaada kallattii akeekuu kennu hundeessuun barbaachisaadha.
- Aangoofi gaheen boordii hundaa'uu kanaas, yoo xiqqaate, mala gaggeessa qorannoo madaquu qabu kan akeeku, gitaafi adeemsa mirgiifi itti-gaafatamummaan qorattoota qorannoo saayinsiifi teknolojii gaggeessan itti mirkanaa'u kan adda baasu, deeggarsa ogummaa dhimma filannoo, gaggeessaafi mirkaneessa qorannoo irratti kan kennu, waayitaa'ummaa (priority) qorannoo kan adda baasuufi gaggeessa qorannoo ilaalchisee

qindoomina Biirichi qaamolee garaagaraa wajjin qabaachuu malu kan gorsu ta'ee akka hundaa'u gochuu qaba.

**Dhimma Bulchiinsaafi Misooma Wiirtuu Daataafi Bu'uuraalee Teknolojii Qunnamtii Odeeffannoo irratti: -**

- Biirichi hojii imaammataafi istaandardii wiirtuu daataafi bu'uuraalee teknolojii qunnamtii odeeffannoo akka biyyaatti murtaa'un bahu keessatti hirmaannaa gahumsa qabu gochuun dantaafi mirgi uummatichaafi fayyadamtootaa akka kabajamu taasisuu qaba.
- Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa aangoo bu'uura Heera MRDFI-tiin dhimma kana irratti qabu bu'ureffachuun imaammataafi istaandardii akka biyyaatti jiruufi bahu hordofee tarreeffama seeraa Biiricha bulchiinsa dhimma qulqullina, nageenyummaa, amanamummaafi misooma wiirtuu daataafi bu'uuraalee teknolojii qunnamtii odeeffannoo naannichaa irratti bifa guutuu ta'een aangessu baasuu qaba.
- Biirichi wiirtuu daataa naannichaa sadarkaa isaa eeggate akka hundaa'u taasisuu qaba. Kana malees portaalii sirna odeeffannoo dhaabbilee mootummaa irratti kuusan ijaarrachuu haaloota isa dandeessisuun mijeessuu, qophii kenna tajaajilaa kana gahumsaan kennuu haala isa dandeessisuufi tajaajilicha qaamota dhaabbilee mootummaatiin ala jiran biraan gahuuf humna isa dandeessisu irratti hojjechuu qaba.
- Biirichi kenna tajaajila wiirtuu daataa keessatti seera mirgaafi dirqama qaama daataa kuusuufi kuufatuu murteessuufi qajeelfama itti-fayyadama hojimaata tajaajilichaa kallattii qabsiisuufi maanuwaalii hojii baasuun hojii irra akka oolu gochuu qaba.
- Biirichi hojiiwwan nageenya wiirtuu daataa mirkaneessuu keessatti ogummaafi naamusa ogeessotaa cimsuu irratti hojjataa adeemuu cinaatti kenna tajaajila wiirtuu daataa kana irratti qaamolee muuxannoo milkaa'aa qaban wajjiin qindoominaan hojjachuufi kanuma kan dandeessisu sanada wal-hubannoo qopheessuun hojjechuun barbaachisaadha.

**Dhimma Bu'uuraalee Qulqullinaa irratti: -**

- Biirichi hojii istaandardii sadarkaaleefi gita qulqullina meeshaaleefi tajaajilootaa akka biyyaatti murtaa'un diriiru, akkasumas hojiiwwan sirna diriiirfamu sana hojii irra oolchuu

ilaalchisee mootummaan federaalaa hojjatu keessatti hirmaannaa gahumsa qabu gochuun dantaafi mirgi uummatichaafi fayyadamtootaa akka kabajamu taasisuu qaba.

- Biirichi istaandardii sadarkaaleefi qulqullinaa akka biyyaatti qophaa'e irratti uummatni hubannoo gahaa akka qabaatuufi mirgaafi dantaa isaa akka kabachiifatu gochuu irratti itti-fufiinsaan hojjachuu qaba.
- Biirichi sirna safaraa kan akka qunnaa, wadaroofi dhahaa ummanni Oromoo qabaachuun itti-fayyadamaa ture sadarkaa beekamaa ta'e akka qabaatan gochuufi akka barbaachisummaa isaatti sadarkaa biyyaattis ta'e Idil-addunyaatti beekamtii akka argatan gochuu ilaalchisee qaama dhimmi ilaallatu wajjiin ta'uun irratti hojjechuu qaba.
- Biirichi akka Naannoo Oromiyaatti hojiiwwan bu'uuraalee qulqullinaa ilaalchisee istaandardiifi ulaagaalee seeraa bahanii jiran, sirna hordoffiifi too'annoo dabalatee, bifa guutuu ta'een hojii irra oolchuuf tarsiimoo kenniinsa hubannoo qopheessuun ittiin hojjechuufi qaamolee dhimmi ilaallatu waliin sirna atoominaa yookiin sanada wal-hubannoo (memorandum of understanding) qopheessuun hojii irra oolchuu qaba.
- Biirichi seerota sadarkaa federaalaafi naannichaatti gama kanaan bahanii jiran hojii irra oolchuuf kan dandeessisu qajeelfama baasuu ni danda'a.

**Dhimma Teknolojii balaqqee irratti: -**

- Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa aangoo Heerri MRDFI fi Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa ifatti kenneef (istaandardii waliigalaa mootummaan federaalaa baasu irratti hundaa'uun) fayyadamuun hojii misoomaafi itti-fayyadama akkasumas ittisaafi too'annaa dhiibbaa balaqqeen geessisu bifa guutuu ta'een akka hojii irra oolu kan dandeessisu, haammattoo yakkaa (criminal clause) dabalatee, tarreeffama seeraa (labsii) tumuu ni qaba.
- Labsiin Too'annoo Balaqqeefi Niwukilaaraa Federaalaa lakkoofsa 1025/2009 aangoo mootummaan naannoo bu'uura Heera MRDFI-tiin hojiiwwan dhimma balaqqee irratti qabu kan daangesse waan ta'eef akkasumas hojimaata Biirichaa irratti gara fuulduraattis dhiibbaa qabaachuu kan malu waan ta'eef Mootummaan Naannoo Oromiyaa bu'uura seeraatiin labsichi akka sirratu (fooyya'u) irratti hojjechuu qaba.

- Biirichi Heera MRDFI fi seera Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa baasu, akkasumas istaandardii waliigalaa mootummaan federaalaa dabarsu bu'uureffachuun dhiibbaa balaqqeen hawaasa, naannoofi qabeenya naannichaa irraan gahuu malu itti-fufiinsaan ittisuufi too'achuu kan isa dandeessisu loojistiksii, humna namaafi caasaan of-cimsuu qaba. Gama kanaan giddu-lixummaa seeraan alaa mootummaa federaalaaatiin dhaqqabaa jiru hambisuuf hanqina hubannoo jiru furuu, qindoomina barbaachisu uumuufi tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuun barbaachisaadha.

### 4.2.3. Yaadota Furmaataa Aangoo Bulchiinsa Dhimmoota Qabeenya Sammuu ilaallatan

- Mootummaan federaalaa faayidaa qabeenyi sammuu guddinaafi babal'ina beekumsaa, hawaas-diinagdeefi dippiloomaasii irratti akka biyyaafi naannichaatti qabu ilaalcha keessa galchuun miseensa dhaabbata Idil-addunyaa kan ta'e Dhaabbata Daldala Addunyaa (WTO) fi kan Aardii Afrikaa kanneen akka Dhaabbata Qabeenya Sammuu Naannoo Afrikaa (ARIPO) fi Dhaabbata Qabeenya Sammuu Afrikaa (OAIP) ta'uun waliigalteefi waadawwan isaan ilaallatan mallatteessuun raggaasisuu qaba.
- Mootummaan federaalaa bu'uura istaandardiiwwan waliigalteefi waadaawwan ragga'an kanneen dabalatee gurmuu mirgoota hojiilee kalaqa industirii, saayinsii, aartiifi barreeffamaa hunda haammachiisuun daangaa aangoo Heera MRDFI-tiin kennameef bifa eegeen seerota gama kanaan jiran fooyyessuufi hojii irra oolchuu qaba. Seeronni fooyya'an kanneen keessattis gaheen hojiifi hirmaannaan naannolee irraa eegamu bifa iftoomina qabuun ibsamuu qaba.
- Akka tumaa Heera MRDFI-tti aangoon bulchiinsa dhimmoota uumeefi mirga waraabbii kan mootummaa federaalaati. Aangoon bulchiinsa dhimmoota mallattoo daldalaa, mirgoota mirga waraabbiin hidhata qabaniifi mirga abbummaa akeektuu bakka maddaa ammoo kan mootummaa naannoleeti. Yaa ta'u malee wal-fakkeenya amalaafi uumama isaan uumeefi mirga waraabbii waliin qaban; eegumsi mirga abbummaa mallattoo daldalaafi mirgoota mirga waraabbiin hidhata qabaniitiif kennamu biyya keessaafi alatti raawwii kan qabaatu ta'uufi dhimma daangaa biyyaa qaxxaamuruun raawwatamu irratti qaamni aangoo qabu qaama birmadummaa biyyaa (sovereign country) qabu ta'uu jiddu-galeessa godhachuun aangoon hayyama galmeessuu akka biyyaatti wiirtuu tokkoo akka too'atamu mootummaan

federaalaa (caasaan dhimma kana irratti hojjetu) daataa beezii bulchuun akkuma kanaan duraatti itti-fufuu qaba.

- Mootummaan federaalaa tajaajila gama kanaan isa irraa eegamu qulqullina, si'oominaafi itti-dhiheenyaan akka kennamu taasisuuf, akkasumas bal'ina fedhiifi jiddu-gala biyyaa ta'uun sosochii hawaas-diinadgee Naannoo Oromiyaa keessatti taasifamu ilaalcha keessa galchuun bu'uura Heera MRDFI keewwata 50 (9)-tiin tajaajila dhimmoota qabeenya sammuutiin wal-qabatan (uumeefi mirga waraabbii dabalatee), akkuma maqaafi hayyama daldalaa, caasaa sadarkaa naannichaatiin akka hojjetamu hayyamuun (sanada wal-hubannoo mallatteessuun) daataa beezii dhimma kanaaf oolu toora irraan (online) bulchuun barbaachisaadha.
- Mootummaan federaalaa qaamota deeggarsa taasisan kan biroo waliin ta'uun tajaajila dhimmoota qabeenya sammuutiin wal-qabatan caasaa sadarkaa naannichaatiin akka hojjetamu hayyame kana bifa guutuu ta'een akka hojii irra ooluuf humna namaa leenjiin gahoomsuufi loojistiksii barbaachisan guutuu irratti tumsaafi deeggarsa taasisuun barbaachisaadha. Keessattuu hojiin qabeenya sammuu misoomsuufi babal'isuu (development and dissemination) hubannoo kennuu dabalatee ciminaan hojjetamuu qaba.
- Akka barbaachisummaa isaatti Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa aangoo Heerri MRDFI ifatti kenneefitti fayyadamuun hojiin misoomaafi eegumsa mallattoo daldalaa, mirgoota mirga waraabbiin hidhata qabaniifi mirga abbummaa akeektuu bakka maddaa bifa guutuu ta'een naannicha keessatti akka hojii irra oolan kan dandeessisu tarreeffama seeraa (labsii) baasuu ni danda'a. Yookiin Biirichi karaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaafi kanneen biroo roga qabeessa ta'an waliin ta'uun seerota sadarkaa federaalaatti dhimmoota qabeenya sammuu (mallattoo daldalaafi mirgoota mirga waraabbiin hidhata qaban dabalatee) irratti bahan gara Afaan Oromootti jijjiiruun seeronni kunneen bifa guutuu ta'een naannicha keessatti akka hojii irra oolan kan dandeessisu tarreeffamni seeraa (dambiin) Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin, akkasumas qajeelfamni akka bahu hojjechuu qaba. Sarbama mirga kanneenitiif ammoo tumaadhuma labsiiwwan qabeenya sammuutiin wal-qabatanii mootummaa federaalatiin bahan bu'uura godhachuun bu'uura Labsii Lakkoofsa 1234//2013 keewwata 4 fi Heera MRDFI keewwata

78 (2) fi 80 (2)-tiin Manni Murtii Waliigala Oromiyaa bakka bu'ummaan seera ni hiika jechuudha.

- Akka waliigalaatti Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojii misooma, itti-fayyadamaafi bulchiinsa dhimmoota saayinsiifi teknolojii, akkasumas hunda-galeessummaa tajaajila gama kanaan jiru ilaalcha keessa galchuun xiyyeeffannoo addaa kennuun deeggarsa barbaachisu mara gochuu, keessattuu bajeta, humna namaafi loojistiksii gahaa ta'e ramaduu qaba.
- Yaadota furmaataa armaan olitti ka'an kanneen milkeessuuf hoggansi Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa qindoomina keessaafi alaa uumuun aangoo qabu bifa guutuu ta'een fayyadamuun hudhaalee jiran adda baasuun furuuf xiyyeeffannoo, kutannoofi ijjannoo guutuun irratti hojjechuu qaba.

## MADDOOTA WABII

**Barruulee**


Abdii Gurmeessaa, Baacaa Taayyeefi Aangessaa Itichaa, Eegumsa Qabeenya Kalaqa Sammuu: Seeraa fi Hojimaata, Moojulii Leenjii, 2009

Harvey Brooks, The relationship between science and technology, John F. Kennedy School of Government, Harvard Universily, 79 J.F.K. Street, Cambridge, MA 02138, USA

Cheryl Saunders, The Divisions of Power in Federations, Constitutional Brief, International Idea, Institute for Democracy and Electoral assistance

Danielle Finck, Judicial Review: The United States Supreme Court versus the German Constitutional Court, 20 B.C. Int'l& Comp. L. Rev. 123 (1997), http://lawdigitalcommons.bc.edu/iclrr/vol20/issl/5

Constitution of the United States of America (1787)

Cooke, Jacob E. (1961): The Federalist, Middletown, CT: Wesleyan University Press. Elazar, Daniel J. (1987), Exploring Federalism, Tuscaloosa: University of Alabama Press

John Kincaid, Distribution of Powers in Federal Systems: Federalism's Heart

Newman, D (2011), 'Changing division of powers doctrine and the emergent principle of subsidiarity', Saskatchewan Law Review 74 (1)

P.P Walsh, E, Murphy, D Horan: The Role of Science, Technology and Innovation in UN 2030 Agenda, 0040-1625@ 2020 ELSEVIER Inc

Koschatzky, K., & Kroll, H. (2007): Which Side of the Coin? The Regional Governance of Science and Innovation, Regional Studies, 41(8), 1115-1127. https://doi.org/10.1080/00343400701530857

Jane C. Ginsburg, U. S. Federalism and Intellectual Property, 2 COLUM. J. EUR. L. 463 (1996)

Nicolas Aroney, "Formation, Representation and Amendment in Federal Constitutions" in The American Journal of Comparative Law, vol. 54, no.2 (American Society of Comparative Law, 2006), fuula 277-336

Ronald Watts, Comparing Federal Sysytems in the 1990s (Ontario: Inistitute of Intergovernmental Realations, 1996), fuula 7

Ronald May, “Decesion-Making and Stability in Federal Systems” in Canadian Journal of Politicla Science, vol. 3, no. 1 (Canadian Political Science Association, 1970), http://www.jstor.org/stable/3231419 & Aroney, Formation, Representation and Amendment

Balew Mersha and G/Hiwot Hadush Intellectual property law teaching materials, prepared under the sponsorship of Justice and Legal System Research Institute, 2009

Tadesse Melaku, Ethiopian Constitutional Law Past and Present, volume II, March, 2017

Assefa Fiseha, “Constitutional Interpretation: The Prospective Role of Courts and the House of Federation (HOF)” in the proceedings of the Syposium on the Role of Courts in the Enforcement of the Constitution (2000)

Asefa Fiseha, “Theorey Versus Practice in Ethiopia’s Ethnic Federalism” in David Turton (ed.) Ethnic Federalism: The Ethiopian Exparience in Comparative Perspective (Addis Abeba: Addis Abeba University Press, 2006)

Faasil Naahom, A constitution for a Nation of Nations: The Ethiopian Prospect (Trenton: Red Sea Press, 1997).

Muradu Abdo, Legislative Protection of Property Rights in Ethiopia: An Overview, MIZAN LAW REVIEW Vol. 7 No.2, December 2013,

Hewan Tsegaye, Assessment of Science, Technology and Innovation Policy and its implementation: The Case of Ministry of Science and Technology of Ethiopia, unpublished, February, 2015

Senait Sisay, Policy Making in Ethiopia: Does Federalism Matter? unpublished, October 2016

ATSTO-tti Daayirektooreetii To’annoo fi Itti Fayyadama Teekinoloojii Balaqqee, ‘Sakatta'iinsa Haala Walii-galaa To'annoo fi Itti Fayyadama Balaqqee Akka Naannoo Oromiyaatti (2010-2014)’

Ralf Michaels, “Jurisdiction, Foundations,” January 2016,

Gbenga Oduntan, Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space, Routledge Research in International Law, 2012,

Public Administration Campus, Tribhuvan University, Nepal An Article “Public Administration: Meaning, Scope and Its Nature”

Quoted in Adebayo Festus principles of public administration, new dimension press Ibadan 1999

**Seerota**

Heera Mootummaa Rippaabilika Diimokiraatawaa Federaalawa Itoophiyaa Labsii lakkoofsa 1/1995

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii lakkoofsa 46/1994 fi fooyya'insa Labsii lakkoofsa 94/1997 fi 108/1998

Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaaa Lakkoofsa 1263/2013

Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 242/2014

Labsiin Eegumsa Balaqqeefi Niwukilaraa Lakkoofsa 1025/2009

Universal Declaration of Human Rights (UDHR) adopted by the General Assembly Resolution 217A (III), 10 December 1948,

Labsii Waajjira Eegumsa Qabeenya Sammuu Itoophiyaa Hundeessuuf bahe Lakkoofsa 320/1995

Labsii Mirga Waraabbiifi Mirgoota Hidhata Qabaniif Eegumsa Kennuuf bahe lakkoofsa 410/1996

Labsii lakkoofsa 410/1996 fooyyessuuf bahe Labsii lakkoofsa 872/2007

Labsii Mirga Paateentii lakkoofsa 123/1987

Labsii Mallattoolee Daldalaa lakkoofsa 501/1998

Labsii Manneen Murtii Fedeeraala hundeessuuf ba'e lakkoofsa 25/1988

Labsii Manneen Murtii Federaalaa lakkoofsa 1234/2013

Labsii Galmeessaafi Kennaa Hayyama Daldalaa Lakkoofsa 686/2010

Labsii Eegumsa Dorgommii Daldalaafi Shamattootaa Lakkoofsa 813/2013

Seera Yakkaa Rippaabiliika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa Labsii Lakkoofsa 414/1996

Seera Hariiroo Hawaasaa Labsii lakkoofsa 165/1960

Dambii Ejensii Sadarkaalee Itoophiyaa Hundeessuuf bahe lakoofsa 193/2003

Dambii Galmeessaafi Eegumsa Mallattoo Daldalaa Mana Maree Ministeerotaa lakkoofsa 273/2012

Dambii Hiika Gurmaa'insa, Aangoofi Dirqama Abbaa Taayitaa Teknolojii Itoophiyaa lakkoofsa 507/2014

**Marsariitii**

Science and Technology - Oxford Reference irraa gaafa 12/08/2015 sa'aatii 9:02-tti ilaalame

What is science? - Understanding Science (berkeley.edu) irraa gaafa 12/08/2015 sa'aatii 8:58-tti ilaalame

Malcolm Shaw, "International Law," in Enc (Encyclopædia Britannica, inc., December 4, 2019), https://www.britannica.com/topic/international-law irraa gaafa 12/08/2015 sa'aatii 8:44-tti ilaalame

Heera Rippablika Federaalawa Jarmanii, https://www.gesetze-im-internet.de/englisch_gg/englisch_gg.pdf irraa gaafa 18/07/2015 sa'aatii 4:32-tti ilaalame

Heera Ameerikaa (1787), https://uscode.house.gov/static/constitution.pdf irraa gaafa 18/07/2015 sa'aatii 9:32-tti ilaalame

Heera Hindii (1950), https://cdnbbsr.s3waas.gov.in/s380537a945c7aaa788ccfcdf1b99b5d8f/uploads/2023/05/2023050195.pdf irraa gaafa 18/07/2015 sa'aatii 9:36-tti ilaalame

Heera Federeeshinii Raashiyaa, Microsoft Word - Constitution_eng.rtf (globalhealthrights.org) irraa gaafa 18/07/2015 sa'aatii 4:39-tti ilaalame

**Tarree Mariiwwan Garee fi Af-gaaffii Hoggantootaafi Ogeessota**

Abbaa Taayitaa Qabeenya Sammuu Itoophiyaatti Duursaa Garee Galmeessaafi Mirkaneessa Paatentiifi Qindeessaa Misoomaafi Qabeenya Namaa, Obbo Girmaa Badhoofi Obbo Tafarraa Badhaadhaa waliin gaafa 02/06/2015 taasifame

Abbaa Taayitaa Teknolojii Itoophiyaatti Daayireektara Daayireektoreetii Too'annoo Balaqqeefi Niwukileraa, Obbo Girmaa Gammachuu waliin gaafa 02/06/2015 taasifame

Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Itoophiyaatti B/B Hogganaafi Daayireektara Ol'aanaa Hordoffii fi Raawwachiisummaa Walsimannaa Naannoo, Obbo Iyeetuu Xilaahuun waliin gaafa 02/06/2015 taasifame

Waajjira Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Ogeessa Seeraafi I/A/Koree Dhaabbii Dhimma Seeraafi Bulchiinsaa, Obbo Namarraa Tafariifi Adde Birqee Zawudee waliin gaafa 17/05/2015 taasifame

Waajjira Prizedaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatti B/B Daayireektarafi Ogeessa Seeraa Daayireektoreetii Seeraa, Obbo Tsaggaayee Nagaasaa waliin gaafa 18/05/2015 taasifame

Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaatti B/B Daayireektara Daayireektoreetii Wixinee Seeraafi Abbaa Alangaa, Obbo Huseen Dafoofi Obbo Aaddisuu Laggaas waliin gaafa 18/05/2015 taasifame

Biiroo Fayyaa Oromiyaatti B/B Hogganaafi Daayireektara Daayireektoreetii Nyaataafi Qorichaa, Obbo Baddiluu H/maariyaam waliin gaafa 05/05/2015 taasifame

Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Oromiyaatti Itti-aanaafi Daayireektara Eegumsaa Naannoofi Duursaa garee Daayirektoreetii Sakkatta'iinsa Dhiibbaa Naannoofi Kenna Hayyamaa, Obbo Gammachuu Baqqaleefi Obbo Sintaayyoo Bafiqaaduu waliin gaafa 17/05/2015 taasifame

Ogeessota Abbaa Taayitaa Konistiraakshinii Naannoo Oromiyaa, Obbo Kaayyoo Camadaa, Adde Gaaddisee Abboomaafi Adde Ibsituu Nagaasaa waliin gaafa 17/05/2015 taasifame

Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaatti Daayireektaraafi Ogeessa Dhimmoota Naannoofi Misooma Hawaasaa, Obbo Masfin Nabalbaayfi Obbo Naa'ol Taammanaa waliin gaafa 18/05/2015 taasifame

ATSTO-tti Daayireektaraa Daayirektoreetii Qo'annoofi Qorannoo, Kalaqaafi Ce'umsa Teknolojii, Duursaa garee Ce'umsa Teknolojii, Duursaa Garee Ce'umsa Teknolojii Processing Qonnaafi Qorataa Teknolojii Beeyladaa, Obbo Beenyaa Caalaa, Obbo Jamaal Hajjii, Obbo Tamasgeen Gazzanyiifi Obbo Dagguu Toleeraa waliin gaafa 08/05/2015 taasifame

ATSTO-tti Daayireektaraa Daayirektoreetii Elektirooniksii Mootummaa fi Duursaa garee TQO, Obbo Takkaa Moosisaafi Obbo Nugusee Darribee waliin gaafa 08/05/2015 taasifame

ATSTO-tti Daayireektaraafi Duursaa Garee Daayireektoreetii Too'annaafi Itti-fayyadama Teknolojii Balaqqee, Obbo Nugusuu Sambataafi Obbo Duulaa Alamuu waliin gaafa 05/05/2015 taasifame;

ATSTO-tti Daayireektaraafi Duursaa garee Daayirektoreetii Bu'uuraalee Qulqullinaa, Obbo Geetaachoo Fayyisaafi Obbo Gosiyee Mokonnin waliin gaafa 08/05/2015 taasifame

ATSTO-tti Duursaa garee Digitalization, Obbo Kadir Hilkaa waliin gaafa 08/05/2015 taasifame

ATSTO-tti Daayireektaraafi Ogeessota Daayireektoreetii Qabeenya Sammuu, Obbo Sanyii Hawweeraa, Obbo Bilisummaa Kaffaaloofi Obbo Taaddasaa Taammiruu waliin gaafa 08/05/2015 taasifame

Hogganaa Biiroo Saayinsii, Informaation Tekinolojii Mootummaa Naannoo Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Kibbaa, Obbo Gabree Gaagee waliin gaafa 09/06/2015 taasifame

Waajjira Barnootaa Godina Jimmaa, I/A/Hogganaa, Abbaa Adeemsaa Dhimma Koorniyaa, fi Kenna Leenjiifi Qophii fedhii Gabaa, Obbo Anwaar A/Giddii, Adde Jamiilaa Mohammadfi Obbo Umar A/Garoo waliin gaafa 23/05/2015 taasifame

Waajjira Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Godina Arsii Lixaatti Abbaa Adeemsa Kenna Leenjii Ogummaafi Ogeessa Adeemsichaa, Obbo Aliyyii Uloofi Obbo Gammachuu Raammaa waliin gaafa 07/06/2015 taasifame

Waajjira Barnootaa Godina Arsii Lixaa, Dursaa Garee Misooma Barsiisotaafi Bulchiinsa Manneen Barnoota Godinichaafi Ogeessa Misooma Barsiisotaafi Bulchiinsa Manneen Barumsaa, fi Qindeessaa Dhimma Kalaqaa, Barsiisaa Gammachuu Galatoofi Barsiisaa Jaarsoo Badhaasoo waliin gaafa 07/06/2015 taasifame

## MIILTOO 1ffaa

## QAJEELCHITUU MARII GAREE (FGD)

**(ATSTO irraa I/A/Hogganaafi Daayireektara Daayireektaroota barbaachisoo nama 8)**

**Mudde, 2015**

1. Haala bulchiinsa dhimmoota S & T Naannoo Oromiyaa ilaalchisee haalli qoodinsa aangoo maal fakkaata? Seeronni kana hogganan kami? Qabatamni jiru hoo? Dhimmoota S & T: hojii qabeenya sammuu, balaqqee, neetwoorkii cimdaawaa, tajaajila daataa kuusuu hundeessuufi bulchuu, akkasumas nageenyummaa isaa tiksuu, qulqullina bu’uuraalee, haala keessummeessa mirgaafi dirqama qorattoota S & T, haala qabiinsa mirga namoota/dhaabbata dhimmoota S & T irratti gumaacha taasisanii fi k.k.fa’aatiin wal-qabatee daangaan aangoo federaalaafi naannoo eessa?
2. Aangoo bulchiinsa dhimmoota S & T fi hojii irra oolmaa isaatiin wal-qabatee hudhaaleen (rakkoowwan yookiin/fi hanqinaaleen) gama seeraafi gurmaa’insaan jiran maal fa’aadha? Kanaan wal-qabatee bu’a qabeessuummaan yookiin miidhaan jiru maal fakkaata?
    a. Rakkoon caasaa mana hojichaa kanaaf sababa ni ta’aa?
    b. Haalli mirgaafi dirqamni qorattootta S & T itti keessummeeffaman kanaaf sababa ni ta’aa?
3. Sababa sirnaan hogganamuu dhabuu dhimmoota S & T naannicha keessatti hojiirra oolaniitiin miidhawwan akkamiitu qabatamaan mootummaafi ummata naannichaa irra qaqqabe?
4. Dhimma kana gama mirga ofiin of-bulchuu Heera MRDFI-tiin beekamtii argateefi bu’a qabeessummaa, dhaqqabummaa, fayyadamummaa ummataa jiddu-galeessa godhachuun dhimmoota S & T kun osoo akkamitti hogganamee wayya jettu?
5. Dhimmoota kam irratti aangoo akkamii qabu-use, exercise or adminiration only or all? Yoo qabaatan dhimmoota kam irratti seera akkamii tumuufi hojiirra oolchuu danda’u?
6. Qoodinsaa aangoo bulchiinsaafi itti-fayyadama dhimmoota S & T muuxannoo (kan biyyootaa, federaalaa yookiin naannolee) fooyyee qaban nuuf kaasaa?

7. Furmaanni hoo maal ta’uu qaba? Bu’uurarraa dhimmoota S & T kam haala kamiin osoo hoogganamee bu’a qabeessa ta’a jettu? Kanuma furuuf gama keessaniin maaltu hojjetamaa jira? Qaama kam irraas maaltu eeggama?

**MIILTOO 2ffaa**

**QAJEELCHITUU AF-GAAFFIIWWANII**

**(Seektaroota Mootummaa Sadarkaa Federalaafi Naannoo Oromiyaa hoggantoonni, ogeessonniifi namoonni sadarkaa garagaraa irra jiran ni hirmaatu)**

**Mudde, 2015**

**I. Qajeelchituu Af-gaaffii Manneen Hojii Mootummaa Sadarkaa Federaalaa**

**A. Ministeera Innooveeshiniifi Teknolojii Itoophiyaa irraa**

- **(I/A Hogganaa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessota sadi, walumaagala namoota 4)**

1. Dhimmoonni S & T maal fa'a of-keessatti haammata?
2. Bulchiinsi dhimmoota S & T maal fa'a of-keessatti haammata? Haala kamiin bulaa jira?
3. Kanaan wal-qabatee qoodinsi aangoofi gahee hojii, akkasumas hariiroon caasaa sadarkaa Federaalaafi naannolee jidduu jiru maal fakkaata?
4. Haalli uwwisa seeraafi gurmaa'insa caasaa dhimmoota S & T bulchanii maal fakkaata?
5. Hudhaaleen gama kanaan qabatama hojii keessatti isin muudatan maal fa'a?
6. Kanuma furuuf gama keessaniin maaltu hojjetamaa jira?

**B. Abbaa Taayitaa Balaqqee Itoophiyaa irraa**

- **(I/A Hogganaa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessota lama, walumaagala namoota 3)**

1. Hojii Ittisaafi too'annoo balaqqeetiin wal-qabatee gaheen hojiifi hariiroon caasaa sadarkaa Federaalaafi naannolee maal fakkaata?
2. Hudhaaleen gama kanaan qabatama hojii keessatti isin muudatan maal fa'a?
3. Kanuma furuuf gama keessaniin maaltu hojjetamaa jira?

**C. Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Itoophiyaa irraa**

- **(Hogganaa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessota lama, walumaagalatti namoota 3)**

1. Bu'uuwwan S & T-tti fayyadamuun wal-qabatee gochoonni haala eegumsa naannoo miidhan maal fa'aadha?
2. Miidhawwan gama kanaan naannoofi hawaasa irra qaqqabe maal fa'aadha?
3. Miidhawwan kanneen ittisuufi too'achuun gahee eeenyuti?
4. Hudhaaleen gama sirna bulchiinsa bu'aawwan S & T jiran maal fa'a?
5. Kana furuuf maaltu taasifamuu qaba? Gama keessaniin hoo maaltu hojjetamaa jira?

D. **Abbaa Taayitaa Teknolojii Itoophiyaa irraa**

- **(Hogganaa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessota lama, walumaagalatti namoota 3)**

1. Dhimmoonni Teknolojii maal fa'a of-keessatti haammata?
2. Bulchiinsi dhimmoota T maal fa'a of-keessatti haammata? Haala kamiin bulaa jira?
3. Kanaan wal-qabatee qoodinsi aangoofi gahee hojii, akkasumas hariiroon caasaa sadarkaa Federaalaafi naannolee jidduu jiru maal fakkaata?
4. Haalli uwwisa seeraafi gurmaa'insa caasaa dhimmoota T bulchanii maal fakkaata?
5. Hudhaaleen gama kanaan qabatama hojii keessatti isin muudatan maal fa'a?
6. Kanuma furuuf gama keessaniin maaltu hojjetamaa jira?

E. **Abbaa Taayitaa Qabeenya Sammuu irraa**

- **(I/A/Hogganaa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessa sadi, walumaagala namoota 4)**

1. Hojiiwwan bulchiinsa bu'aawwan Innoveeshinii galtee dhimmoota S & T ta'anii maal fa'a haammatu?
2. Kanaan wal-qabatee haalli qoodinsa aangoo bulchiinsa isaanii hoo maal fakkaata? Qaamonni kana keessatti hirmaannaa qaban eenyu fa'a? Daangaan hirmaannaa isaanii hoo maal?
3. Hudhaaleen gama kanaan jiran maal fa'a? Haala kamiin furamaa yookiin furamuuf jiru? Kana keessatti gaheen keessan hoo maal?

II. **Qajeelchituu Af-gaaffii Manneen Hojii Mootummaa Sadarkaa Naannoo Oromiyaa**

A. **Waajjira Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa irraa**

- **(I/G/K Dhaabbii Seeraa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessa tokko, walumaagalatti namoota 2)**

1. Haala qoodinsa aangoo bulchiinsa dhimmoota S & T biyyi keenya hordoftu akkamiin ilaaltu? Dhimmoota S & T isaan kamtu bu'uura seeraa roga-qabeessa kamiin guutummaan (exclusively) yookiin/fi gar-tokkeen (partially) yookiin/fi waloon (share) Federaalaaf yookiin Naannoof kenname ni jiraa?
2. Haqummaa haala qoodinsa kanneenii hoo haala kamiin ilaaltu? Daangaan aangoo kanneenii hoo maal? Dhimmoota S & T kam irratti seera gosa kamii baafachuu danda'u? Qabatamni jiru hoo kanaan wal-simaa?

3. Kanaan wal-qabatee hanqinaalee/rakkoowwan gama seerotaafi gurmaa'insa caasaa seerota kanneen hojii irra oolchaniitiin jiru maal fakkaata?
4. Hudhaalee gama kanaan jiru furuuf gama keessaniin maaltu hojjetamaa jira?
5. Kanuma furuuf gara fuula duraatti maaltu hojjetamuu qaba jettu?

**B. Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa irraa**

- **Hogganaa yookiin ogeessa bakka bu'e nama tokko**

**2.** Haala qoodinsa aangoo bulchiinsa dhimmoota S & T biyyi keenya hordoftu akkamiin ilaaltu? Dhimmoota S & T isaan kamtu bu'uura seeraa roga-qabeessa kamiin guutummaan (exclusively) yookiin/fi gar-tokkeen (partially) yookiin/fi waloon (share) Federaalaaf yookiin Naannoof kenname ni jiraa?

3. Haqummaa haala qoodinsa kanneenii hoo haala kamiin ilaaltu? Daangaan aangoo kanneenii hoo maal? Dhimmoota S & T kam irratti seera gosa kamii baafachuu danda'u? Qabatamni jiru hoo kanaan wal-simaa?
4. Kanaan wal-qabatee hanqinaalee/rakkoowwan gama seerotaafi gurmaa'insa caasaa seerota kanneen hojii irra oolchaniitiin jiru maal fakkaata?
5. Hudhaalee gama kanaan jiru furuuf gama keessaniin maaltu hojjetamaa jira?
6. Kanuma furuuf gara fuula duraatti maaltu hojjetamuu qaba jettu?

**C. Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa irraa**

- **(Daayireektara Wixinee Seeraafi Ogeessota lama, walumaagalatti ogeessota 3)**

1. Haala qoodinsa aangoo bulchiinsa dhimmoota S & T biyyi keenya hordoftu akkamiin ilaaltu? Dhimmoota S & T isaan kamtu bu'uura seeraa roga-qabeessa kamiin guutummaan (exclusively) yookiin/fi gar-tokkeen (partially) yookiin/fi waloon (share) Federaalaaf yookiin Naannoof kenname ni jiraa?
2. Haqummaa haala qoodinsa kanneenii hoo haala kamiin ilaaltu? Daangaan aangoo kanneenii hoo maal? Dhimmoota S & T kam irratti seera gosa kamii baafachuu danda'u? Qabatamni jiru hoo kanaan wal-simaa?
3. Kanaan wal-qabatee hanqinaalee/rakkoowwan gama seerotaafi gurmaa'insa caasaa seerota kanneen hojii irra oolchaniitiin jiru maal fakkaata?
4. Hudhaalee gama kanaan jiru furuuf gama keessaniin maaltu hojjetamaa jira?
5. Kanuma furuuf gara fuula duraatti maaltu hojjetamuu qaba jettu?

**D. Biiroo Fayyaa Oromiyaa irraa**

- **(Hoogganaa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessota lama, walumaagala ogeessota 3)**

1. Kenniinsa tajaajila fayyaa keessatti bu'aawwan S & T-tti dhimma bahaman sirnaan yoo hin hogganamne miidhaan isaan geessisan maal fa'a? In realation to x-ray, indoscopy, colonscopy, blood pressure reader etc…
2. Miidhaa bu'aawwan S & T kenniinsa tajaajila fayyaa keessatti akka hin dhaqqabsiifne eenyutu ittisaafi too'achaa jira? Gama kanaan Naannoo Oromiyaa keessatti aangoon ATS & TO qabuufi hojiin inni raawwachaa jiru maal fakkaata?
3. Yoo sirnaan hin hogganamne miidhaan naannoofi hawaasa irra gahe jiraa? Maal fa'aadha? Hudhaalen dhimmi kun sirnaan akka hogganamne taasisan hoo maal fa'aadha? Furmaanni hoo maalidha jettu?
4. Haala bulchiinsaafi itti-fayyadama balaqqeefi bu'uuralee qulqullinaa, bu'aa fi miidhaa inni fide sababa uumamuu isaanii waliin kaasuun yaada furmaataa akeekaa!

**E. Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaa irraa**

- **(I/A/Hogganaafi Ogeessota Daayireetoreetii, walumaagalatti namoota 5)**

1. Dhimmoonni S & T maal fa'a of-keessatti haammata?
2. Bulchiinsi dhimmoota S & T maal fa'a of-keessatti haammata? Haala kamiin bulaa jira?
3. Kanaan wal-qabatee qoodinsi aangoofi gahee hojii, akkasumas hariiroon caasaa sadarkaa Federaalaafi naannolee jidduu jiru maal fakkaata?
4. Haalli uwwisa seeraafi gurmaa'insa caasaa dhimmoota S & T bulchanii maal fakkaata?
5. Hudhaaleen gama kanaan qabatama hojii keessatti isin muudatan maal fa'a?
6. Furmaanni hoo maal? Eenyu irraa maaltu eeggama? Kanuma furuuf gama keessaniin maaltu hojjetamaa jira?

**F. Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Oromiyaa irraa**

- **(I/A/Hogganaa yookiin nama bakka bu'eefi ogeessota lama, walumaagala namoota 3)**

1. Bu'uuwwan S & T-tti fayyadamuun wal-qabatee gochoonni haala eegumsa naannoo miidhan maal fa'aadha?
2. Miidhawwan gama kanaan naannoofi hawaasa irra qaqqabe maal fa'aadha?
3. Miidhawwan kanneen ittisuufi too'achuun gahee eeenyuti?

4. Hudhaaleen gama sirna bulchiinsa bu’aawwan S & T jiran maal fa’a?
5. Kana furuuf maaltu taasifamuu qaba? Gama keessaniin hoo maaltu hojjetamaa jira?

**G. Abbaa Taayitaa Konsitraakshinii Oromiyaa irraa**

- **(I/A/Hogganaa yookiin nama bakka bu’eefi ogeessota lama, walumaagalatti namoota 3)**

1. Neetwoorkii cimdaawaan sadarkaa Naannootti haal kamiin hojii irra oolaa jira?
2. Haalli bulchiinsa isaanii hoo maal fakkaata? Miidhaan isaan sirnaan hogganamuu dhabuun qaqqabsiisan maal fa’a?
3. Hudhaaleen gama kanaan jiran maal fa’aadha? Haala kamiin furamuu danda’u? Eenyutu maal gochuu qaba jettu?

**H. Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa irraa**

- **(I/A/Hogganaa yookiin nama bakka bu’eefi ogeessota lama, walumaagalatti namoota 3)**

1. Hojii misooma Albuudaa gaggeessuu keessatti miidhaa akkamii naannoofi haawasa naannoo irraan gahuu danda’a yookiin gahaa jira?
2. Bu’aawwan S & T akkamii yoo fayyadaman (bu’uuraalee qulqullinaa) miidhaa gama kanaan dhufu too’achuun danda’ama? Kanas abbummaan qaamni too’atuufi bulchu eenyu (gahee MInT and ATS & TO)? Qabatamni jiru hoo maal fakkaata? Hojii kana sirnaan bulchuuf hudhaaleen jiran maal fa’aadha? Furmaanni hoo maal?
3. Naannoo Oromiyaa keessatti haala bulchiinsaafi itti-fayyadama bu’aawwan S & T, keessattuu haala itti-fayyadamaafi bulchiinsa balaqqee bu’aa fi miidhaa inni fide sababa uumamuu isaanii waliin kaasaa!
4. Qindoomina, deeggarsaafi hordoffii gama mootummaa federaalaafi naannoo, akkasumas hawaasatiin jiru, gurmaa’insa caasaafi beekumsa, dandeettiifi ogummaa hoggansaafi ogeessaa, hudhaalee (seeraafi gurmaa’insaa) jiran kaasuun yaada furmaataa akeekaa!

**I. Waajjira Barnootaafi Carraa Hojii Uumuu Godina Jimmaa irraa**

- **Namoota hojii bu’aawwan Innoveeshinii yookiin galtee S & T ta’e qaban lama**

1. Bulchiinsi bu’aawwan dhimmoota S & T godina keessaniis ta’ee kan Naannoo Oromiyaa maal fakkaata?

2. Kanaan wal-qabatee haalli qoodinsa aangoo hoo maal fakkaata? Qaamonni kana keessatti hirmaannaa qaban eenyu fa'a? Daangaan hirmaannaa isaanii hoo maal?
3. Hudhaaleen (sirnaafi caasaa) gama kanaan jiran maal fa'a? Haala kamiin furamaa yookiin furamuuf jiru? Kana keessatti gaheen keessan hoo maal?

**J. Waajjira Barnootaafi Carraa Hojii Uumuu Godina Arsii Lixaa irraa**

- **Namoota hojii bu'aawwan Innoveeshinii yookiin galtee S & T ta'e qaban lama**

1. Bulchiinsi bu'aawwan dhimmoota S & T godina keessaniis ta'ee kan Naannoo Oromiyaa maal fakkaata?
2. Kanaan wal-qabatee haalli qoodinsa aangoo hoo maal fakkaata? Qaamonni kana keessatti hirmaannaa qaban eenyu fa'a? Daangaan hirmaannaa isaanii hoo maal?
3. Hudhaaleen (sirnaafi caasaa) gama kanaan jiran maal fa'a? Haala kamiin furamaa yookiin furamuuf jiru? Kana keessatti gaheen keessan hoo maal?